Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

ISBN: 978-99944-2-277-7

Gatiin: Qar. 22.90

Kutaa 9 Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Ministeera Barumsaa Bara 2005


# Barnoota Afaan Oromoo

## Kitaaba Barataa



Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

Kutaa 9




## KITAABA KANAAF KUNUUNSA CIMAA TAASISI

Kitaabni barataa kun qabeenya mana barumsaa keetiti. Qabeenyi mana barumsaa kee ammoo, kan keeti. Qabeenyi kun akka hinbanne ykn hinmiidhamne kunuunsuun gahee keeti. Kanaafis, yaadoleen kurnan armaan gadii si gargaaru.

1. Kitaabicha gaazexaa, waraqaa, laastikaafi wkf gonfi.
2. Kitaabicha yeruma hunda bakka qooraafi qulqullina qabu kaa'i.
3. Yeroo fayyadamtus harki kee qulqulluu ta'uu mirkaneeffadhu.
4. Qolas ta'e keessa kitaabichaatti hinbarreessin.
5. Dubbistee bakka geesse mirkaneeffachuu yoo feetellee, cittuu waraqaa ykn kaardii qulqullina qabuutti fayyadami.
6. Fuula kitaabichaa tarsaasuun ykn fakkii kutanii keessaa baasuun dhorkaadha.
7. Fuulli tarsa'ellee yoo jiraate suphi.
8. Kitaabicha yeroo korojoo kee keessa keessuufi keessaa baaftu, akka hintarsaane of eeggadhu.
9. Yeroo namoota biraatiif ergiftullee of eeggannoon akka qaban akeekkachisi.
10. Kitaaba haaraatti gargaaramuu yoo jalqabdu, dugda isaa minjaala irraatti dubbisturra kaa'i. Sana booda, fuula muraasa banuun xiqqoodhuma hanga barreeffama fuulicharra jiru dubbisuu dandeessutti banuun gargaarami. Fuula bante garmalee harkisuun qola isaas ta'ee, fuula kitaabichaa miidhuu waan danda'uuf, akka ija keetti eeggadhu.

# Barnoota Afaan Oromoo

## Kitaaba Barataa

## Kutaa 9

**Qopheessitoonni**

Salamoon Gadaa (MA)
Tashoomaa Taaffasaa (MA)
Tasfaayee Jimaa (MA)

**Gulaaltonni**

Addunyaa Barkeessaa (MA)
Alaamirroo Kaasaahuun (MA)
Taarreqeny Mokonnon (MA)
Tashoomaa Egeree (MA)

**Madaaltonni**

Guutaa Fayyisaa (MA)
Hasan Waaqayyoo (BA)
Nagaasaa Hundee (MA)
Nuuriyaa Ibraahim (MA)

MK PUBLISHERS

Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti
*Ministeera Barnootaa Bara 2005*

Setting a New Trend in Book Publishing

Galata

Qopheessi, maxxansiifi raabsiin kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanaa fandii dhaab-biilee qulqullina barnootaa 1-12, manneen barnoota mootummaa keessatti kenna-manirratti hojjetan, kanneen akka Fooyyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaa (FQBW) irraa argameeni.

Federaalli Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaa Fooyyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaatiif qarshii liqaan Waldaa Guddina Internaashinaalaa (WGI), Fandii Faasti Inisheetiivii Kaataalikii (FFIK)fi kanneen guddinarratti hojjetan biroo-Koorporeeshiinii Guddina Fiinlaandii, Xaaliyaanii, Deggersa NiizarlaandiifiUK kan Muummee Guddina Internaashinaalaatiif dhaabbatan irraa argateen kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa kun akka qophaa'u taasise. Kanaafuu, Ministeerri Barnootaa Itoophiyaa namoota, gareewwaniifi qaamolee qophii kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanarratti kallattiinis ta'ee alkallattiin hirmaachuun deggersa taasisan nigalateeffata.

© Federaala Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa

Maxxansa jalqabaa- 2005/2012

Mirgi abbeentaa gama suurawwaniifi fakkiiwwanii, dokimentootaafi meeshaalee kanneen biroo odeeffannoofi ragaalee isaan of keessaa qaban waliin Ministeera Barnootaa Itoophiyaatiif kan dhiyaate yoo ta'u, mirgichis waggoota shaniif hojiirra oola.

Qopheessaa, Maxxansaafi Raabsaa

Dhaabbata Maxxansaa MK
L.S.P. 12385 Kaampaalaa
L.bil. +256 414-269150
Toora intarneetii www.mkpublisher.com
Kaampaalaa-Yugaandaa

ISBN 978-99944-2-277-7

Mirgi hunduu seeraan eeggamaadha. Hayyama barreeffamaan abbaa mirgaarraa kennamuun ala, gamisa ta'ee guutummaa kitaaba kanaa irraa hir'isuun, itti dabaluun, gamisaan ykn guutummaatti maxxansiisuun, waraabanii raabsuun dhimma dhuunfaafis ta'ee hawaasaaf oolchuun dhorkaadha. Kanaafuu, hayyamni seeraan osoo hinkennamin gochaawwan kanarratti bobba'uun seeraan nama gaafachiisa. Labsii Gaazexaa Nagaariita Federaalaa lak.410/2004, Labsii Ittisa Mirga Abbentaafi Kanneen Isaan Hidhata qaban, Waggaa 10ffaa, Lak.55, Finfinnee, Adoolessa 12, 19996( July 19, 2004).

Daangaa Mirga Abbeentaa

Hanga danda'ametti, mirgi abbeentaa meeshaalee kitaaba kana keessatti dhimma itti ba'amanii heeruu yaallee jirra. Kanneen osoo itti hinyaadamin bira darbamaniif ammoo dhiifama jechaa, maxxansa itti aanu kamiinuu keessatti galateeffachuuf qophaa'oodha.

# BAAFATA


| Mata duree | | Fuula |
|---|---|---|
| Seensa: | | iv |
| Boqonnaa 1: | Afaaniifi Faayidaa Isaa | 1 |
| Boqonnaa 2: | Addooyyee | 13 |
| Boqonnaa 3: | Meeshaalee Walqunnamtii Ammayyaa | 23 |
| Boqonnaa 4: | Barnootaafi Misooma | 31 |
| Boqonnaa 5: | Faalama Qilleensaa | 41 |
| Boqonnaa 6: | Nageenya Karaa | 51 |
| Boqonnaa 7: | Jeneraal Taaddasaa Birruu | 63 |
| Boqonnaa 8: | Sirna Nyaataa | 75 |
| Boqonnaa 9: | Miidhaa Ilbiisoonni Qaama Beeyladaarratti Fidan | 83 |
| Boqonnaa 10: | Dhiibbaa Eedsiin Misoomarratti Fidu | 95 |
| Boqonnaa 11: | Ispoortii Aadaa | 107 |
| Boqonnaa 12: | Fardaan Gulufuu | 115 |
| Boqonnaa 13: | Aramaafi Dhukkuba | 125 |
| Boqonnaa 14: | Bilillee/ Mahibuubaa | 131 |
| Boqonnaa 15: | Looga Afaan Oromoo | 143 |
| Boqonnaa 16: | Yeroo Yeroon Qabi | 153 |
| Boqonnaa 17: | Garaa Walitti Nahe | 161 |
| Boqonnaa 18: | Xalayaa Barreessuu | 173 |

# SEENSA

Afaan meeshaa wal-qunnamtiifi ibsituu eenyummaa ta'uun shoorri inni jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti qabu ol aanaadha. Kanaafuu, hawaasicharraa addaan ba'ee bu'aa buusuu hindanda'u. Guddinni afaaniis guddina hawaasaa bu'uureffata. Jiruufi jireenya hawaasaa saayinsiifi teeknooloojiin wal-qabsiisee guddina fiduu kan danda'us barnoota, bulchiisa, siyaasaafi kkf yoo hojiirra oole qofa.

Afaan Oromoo afaan barnootaafi barnoota afaanii ta'uun isaa dhiyoodha. Kanarraan kan ka'e, kitaabni barataa armaan dura bu'uura buusuurratti shoora ol aanaa kan taphate ta'ullee,hanqinoota tokko tokko akka qabu hubatameera. Kitaabni kun ammoo, amma danda'ametti qulqullinni isaa eegamuun kan qophaa'e yoo ta'u, kaayyoon isaas barattoonni ogummaawwan dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, caaslugaa, ogbarruu, gadi fageenyaan xiinxaluufi kkf akka gabbifatan taasisuudha. Kaayyoowwan kana galmaan ga'uufis barannoowwaniifi gilgaalonni garaagaraa dhiyaatanii jiru. Haalli dhiyeenya gilgaalota kanaas kallattiidhaan jiruufi jireenya guyyuu barattoota giddu-galeessa kan taasifateefi akka isaan dammaqinaan irratti hirmaatan kan kakaasudha.

Fiixaan ba'iinsa kaayyoowwan barnoota kanaatiifis adda dureen shaakala walirra hincinne gochuu kan qabu barataa waan ta'eef, atis haala qabatamaa naannoo keetiitiin waliin qabsiisuun ga'ee sirra eegamu taphachuun mirgaafi dirqama keeti.

# Boqonnaa 1: Afaaniifi Faayidaa Isaa

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- maalummaafi faayidaa afaanii himta.
- hiika jechootaa akkaataa galumsaatiin kennita.
- gosoota afoolaa keessaa yaada mammaaksaa addaan baafatta.
- Yaada dhiyaate qindeessitee barreessita.

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

**A.** Gaaffiwwan armaan gadii barreeffama barsiisaan keessan isiniif dubbisu dhaggeeffachuun dura gareen irratti mari'adhaa.

1. Jiruufi jireenya kee keessatti yaada kee maaliin ibsatta?
2. Amaloota afaanii karaa kamfaa beekta?

**B.** Jechoonni armaan gadii dhaggeeffanna keesssatti gufuu akka sitti hintaaneef hiika isaanii tilmaami.

1. seera   2. hawaasummaa   3. maayii

**Gilgaala 2:** Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Barsiisaan kee barreeffama "Amaloota Afaanii" jedhu siif dubbisa. Ati ammoo dhaggeeffachaa bakka duwwaa guuti.

1. Afaan meeshaalee walqunnamtii dhalli namaa ________________ kanarratti maayii itti bahu.
2. ____________________ kunniin hundi isaanii dubbataa mataa ofii qabu.

3. Isaan keessaas:

______________________________

______________________________

______________________________

______________________________

______________________________ fi _______________ kanneen jedhaman kun amaloota afaanii keessaa isaan gurguddoodha.

4. Afaan hunduu _______________ yoo jennu, afaan kamiiyyuu hanga___________________meeshaa walqunnamtii ta'ee, dhimma kanaaf ooletti afaan kamiyyuu walqixa.

5. Osoo _______________ jiruu afaan du'uu danda'a.

6. _______________ ,afaan hunduu seera mataa isaa qaba yoo jennu afaan saba kamiiyyuu haala barreefamaafi haali dubbi mataa ofii qabaachuu mul'isa.

7. Walumaagalatti, hundi _______________ mataa isaaniifi hidhata cimaa _______________ hawaasa isaanii waliin dubbatu wajjin qabu.

## Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffiwwan armaan gadii akkaataa gaafatamteen deebii kee afaaniin kenni.

1. Yaanni ijoon mata duree siif dubbifamee maali?
2. Afaan tokko guddatee tajaajila bal'aa akka kennuuf, maal ta'uu isa barbaachisa?
3. Amaloota afaanii dhaggeeffatterratti hundaa'uun, amaloota afaan oromoo maal jetta?
4. Jiruufi jireenya ilma namaa keessatti afaan gahee akkamii qaba?
5. Tokkummaafi garaagarummaa afaanonni gama amala isaaniitiin qaban adda baasuun himi.

# Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

## Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

**A.** Dubbisa armaan gaditti siif dhiyaate dubbisuun dura gaaffiwwan kanaan gadii gareen irratti mari'achuun afaaniin dareef gabaasi.

1. Namni tokko jireenya isaa keessatti ollaa isaatiin walqunnamtii uumuuf wantoota gargaaran tarreessi.
2. Afaan dhala namaatiif tajaajila maali kenna?

**B.** Jechoota armaan gadii osoo dubbisuu hineegalin dura, hiika isaanii tilmaami.

a. daran

b. moggaasuu

c. badaa

## Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii ariitiidhaan/saffisaan dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Dubbisni kun keeyyata meeqa qaba?
2. Keeyyanni waa'ee guddina afaanii ilaalchisee muuxannoo biyya keenya ibsu isa kami?
3. Gaarummaan afheddummaa biyya tokkoo keeyyata isa kam keessatti ibsame?
4. Saba tokko saba biraarraa irra caalaa wanti adda godhu afaan akka ta'e keeyyata kam keessatti bal'inaan ibsame?

## Afaaniifi Faayidaa Isaa

Afaan meeshaa ilmaan namaa ittiin waliigalan keessaa isa guddaafi faayidaa hedduus kan qabu. Fakkeenyaaf, ulaagaalee sabni tokko ittiin beekamu keessaa inni guddaan afaan isaati. Kana jechuun, sabni tokko, saba kana jennee saba birarraa adddaan baasuuf kan nu gargaaru yeroo baay'ee afaan inni dubbatu. Kanamalees, afaan aadaa saba isaa nibaata, darbees ni'ibsas. Faayidaa guddaan afaanii inni biraa namoonni guyyaa guyyaatti jiruufi jireenya isaanii gaggeessuufi fooyyeessuu akka danda'anii, barbaadan, tajaajila walqunnamtii kennudha. Namni tokko rakkina, gammachuu wkf akka fedhetti himachuuf kan gargaaru afaani. Akkasumas, fedhiifi jibba namoota biraa dhagahanii tarkaanfii barbaachisu fudhachuuf afaan tokkoo ol beekuun barbaachisaadha.

Guddinni afaan saba tokkoo guddina hawaasa isaa waliin deema. Kana jechuun, bal'inniifi dagaaginni afaan tokkoo guddina qabeenyaafi aadaa saba sanaa waliin walqabata jechuudha.Qabeenyiifi aadaan saba tokkoo yoo guddachaa deeme, isaan dabalaman kana moggaasuun barbaachisaa ta'a. Kun ammoo, guddina afaan saba sanaatiif karaa bana. Kanaafi guddinni hawaasaafi afaanii walqunnamtii qaba kan jedhamuufis.

Akka ilaalcha yeroo ammaatti, baay'inni afaan biyya tokko keessa jiranii akka rakkootti osoo hintaane, akka bu'aatti ilaallama. Akka ilaalcha kanaatti, afaan adda addaa walbira yoo guddatan, guddinni tokko guddina isaan biroo nicaala; muuxannooon isa tokkorraa argamu, guddina isaan kaaniif nigargaara. Kana malees, afaanota biyya tokkoo kabajuufi guddina isaanii gara hundaan gargaaruun, lammii biyya tokkoo kabajuudha; guddisuudhas.

Yeroo tokko tokko garuu, haalli dhugaa kana faallessu ni mudata. Akkuma seenaa biyya keenyaafi biyya biraarraa hubannu, adeemsi siyaasaa kun afaan saba tokkoo qofti akka guddatuufi beekamu, kan saboota biraammoo akka qancaruufi ukkaamamu yeroo taasisu agarra. Akkuma beekamu afaan tokko haala gaariin guddachuu kan danda'u dubbatamuu qofaan osoo hintaane, afaan barumsaafi afaan hojiin mootummaa ittiin gaggeeffamu akkasumas afaan barreeffamaa yoo ta'edha. Afaan hiree kana dhabe, 'niguddata' jedhanii eeguun gowwummaadha. Kun kan agarsiisu, guddina Afaan tokkoof guddina hawaasaatiif siyaasi qooda guddaa qabaachuu isaati.

Walumaagalatti, afaan mallattoolee eenyummaafi meeshaalee walquunnamtii sabni tokko qabu keessaa isa guddaadha. Afaan akkuma aadaa kaanii, guddina hawaasaa waliin deema. Kana malees, afaan tokko akka fedhii saba isaa guututti guddachuuf, sabichaan dubbatamuu qofa osoo hintaane afaan barumsiifi hojiin mootummaa ittiin geggeeffamu akkasumas, afaan barreeffamaa ta'uu qaba. Kan afaan tokko guddachuu danda'us yoo akkas ta'eedha.

**B.** Gaaffiwwan armaan gadii dubbisicharratti hundaa'uun barreeffaman suuta dubbisuun deebisaa.

1. Ergaan waliigalaa keeyyata 3^ffaa dubbisichaa maali?
2. Gaaleen 'kun immoo' jedhu keeyyata 2^ffaa keessatti maal ibsa?
3. Afaan mallattoolee eenyummaafi meeshaalee walqunnamtii sabni tokko qabu keessaa isa guddaadha yoo jennu maal jechuu keenya?
4. Ergaan waliigala dubbisa kanaa maali?

C. Jechoota armaan gadii haala galumsa isaaniitiin himoota itti aanan sirritti akka xumuraniitti filadhu. Jecha tokko si'a tokkoo ol hinfayydamiin. Bifa jechoota tokko tokkoo geeddaruun nidanda'ama.

| | | | |
|---|---|---|---|
| muuxannoo | fedhii | tattaaffii | kabajuu |
| ulaagaalee | tooftaa | fooyyessuu | abaaruu |
| moggaasuu | lalise | | |

1. Rakkoolee jiruufi jireenya keessatti nu mudatan____________ adda addaatiin jala darbuun nu barbaachisa.
2. Halkaniifi guyyaa _____________________malee, rakkina nu mudate kana keessaa bahuu hindandeenyu.
3. Abbaan kiyya barnoota idilee hinqabu; haata'u malee,______________________ jireenyi hedduu isa barsiise.
4. Aadaa Oromoo keessatti Hammachiifni ayyaana daa'ima maqaa ittin______________.
5. Midhaan baranaa rooba gahaa waan argateef, baay'ee______
6. Dandeettii Afaan Oromoo kee ____________________ kitaabolee kamfaa dubbiste?
7. Ati waan namaa hinfuudhiin malee,____________________ wayiituu si hingahuu, hinsodaatin.
8. Yeroo ammaa naannoo keenyatti Koolleejjii Barsiisotaa galuuf______barbaachisan keessaa tokko Afaan Oromoo sirriitti dubbachuu, dubbisuufi barreessuudha.
9. Nama tokko _______________________isaa malee halkaniifi guyyaa yoo hojjechiisan, yeroo baay'ee bu'aa hinqabu.
10. Namoota umriin isaanii kan keenyaa olii_____________________aaduma keenya.

**Gilgaala 6:** Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiwwan armaan gadii hubannoo dubbisarraa argatteefi muuxannoo kee walitti fiduun deebisi

1. Yaadaa “osoo uummanni jiruu afaan du’uu nidanda’a,” jedhu fakkeenya kennuun ibsi.
2. Afaan tokko guddate kan jedhamu yoo maal ta’e?.
3. Afaan tokko guddatee tajaajila bal’aa akka kennuuf, maal ta’uu isa barbaachisa?
4. Faayidaan Afaan Oromoo kennaa jiru maal maali? Faayidaan kun daran akka cimu gaheen kee maali?
5. Walitti dhufeenyi dagaagina afaaniifi guddina hawaasaa gidduu jiru maali?

## Barannoo 3: Afoolaa

**Gilgaala 7:** Shaakala maalummaafi gosaa afoolaa

Gaaffiwwan armaan gadii akkaataa gaafatamteen deebii kee afaaniin kenni.

1. Dhalli namaa dandeettii barreeffamaa osoo hingonfatiin dura maaliin waliigalaa ture?
2. Afoola Oromoo keessaa kam beekta?
3. Afoola Oromoo keessaa kan jaarsolii malee daa’imman yeroo baay’ee dhimma ittiin hinbaane isa kami?

**Gilgaala 8:** Shaakala Mammaaksaa

A. Mammaaksa armaan gadiitti kennaman keessaa, kan hiikaan ykn yaadaan mammaaksa kennamee fakkaatu filadhu.

1. Fagaatuyyuu mana ofii, hammaatuyyuu fira ofii wayya.
   (a) Wanti ofii gaarii ta’uu
   (b) Ofittummaan dhimmaan barbaachisaa ta’uu.

(c) Naanna'aa oolee galgala mana keenyatti galla.

(d) Manni fagoos ta'uu, suuta deemuu qabna.

2. Manaa baala, alaa gaala.

(a) Mana ofiitti kabajamuu namootaa.

(b) Namoonni humnaa ol hiixachuun alatti of mul'isanii manni isaanii duwwaa ta'uu isaa

(c) Namichi alaa kabajaa guddaa qabu, manatti maatii isaatin kabaja dhabuu is

(d) b fi c

3. Yoo manni namatti jige, biyyatu namarraa kaasa; yoo biyyi namatti jige, maaltu namarraa kaasa?

(a) Namni humna qabu osoo uummanni bira hingahiin yoo manni itti jige, ofirraa kaasa.

(b) Biyyi yoo birmachuu dide mootummaan keessa galuu qaba.

(c) 'Biyyi sinjibbiin; lammiin sinjibbin; sabni sinjibbiin,' jechuudha.

(d) Aangoo qabaannaan kan fedhee jigu ofiirra kaasta.

**4.** Mariyatan malee, maraatanii mana hinbulchan

(a) Loluun ykn oori'uun malee bultiin hinoo'itu.

(b) Oo'een hinjiru taanan manni nagaa hinargatu.

(c) Nama rakkate wajjiin haasawa baay'isuun yeroo fixuudha

(d) Uummata mari'achiisurra ofiif murteessuu wayya.

**5.** Mana ofii haxaawwatanii, mana ormaa haxaa'u.

(a) "Ofirra sinjaaladhu; ormaan sinqixxeessu".

(b) Haati ormaa osoo qaanqee ofiirraa hinfuune daa'imarraa fuuti.

(c) Ofii ciisan, namaa siqan.

B. Ergaa mammaaksota armaan gadii jecha mataa keetiin erga ibsitee booda, kan hiriyoota keetii wal bira qabii madaali.

1. Badiin biyya wajjinii godaansa.
2. Eeboo darbatanii jinfuu hinqabatani.
3. Adaamii ollaa hagamsaa, imimmaan irraa hinqooru.
4. Abbaa gaariin nama dhalchuu mannaa, ayyaana gaarii dhalachuu wayya.
5. Jaalalaan malee nageenyi, duumessaan malee roobni hinjiru.

C. Mammaaksa naannoo keetti mammaakamu shan hiika isaanii wajjiin barreessun daree keessatti hiriyoota kee wajjiin ergaa isaa irratti mari'adhaa.

1. ______________________________
2. ______________________________
3. ______________________________
4. ______________________________
5. ______________________________

D. Yaada mammaaksota armaan gadii xumuruuf, filannoo kenname keessaa filadhu.

**1.** Beekkanneen yoo ______________________

A. dursanii tilmaamani  B. jalaa bahani
C. ofirraa faccisani  D. ofii beekkatani

**2.** Waraabessa darbee ______________________

A. sareen argite  B. sareen jalaa kaatte
C. sareen dutte  D. sareen olkaatte

**3.** Biddeenni Waaqaa ______________________

A. hindhumu  B. hincabu
C. furdaadha  D. bal'aadha
E hunduu deebiidha

**4.** Biiftuun abbuma ilaaleef ______________________

A. dhugaadha  B. gara bahaati
C. sirriidha  D. bahaa gara lixaati

**5.** Gafarsi osoo loon fakkaatu ____________________

A. jaldeessa wajjin oola B. daggala gala

C. nama tajaajila D. nama nyaata

**6.** Gadadoo ____________________

A. yaadatu fixa B. sirbatu fixa

C. kolfatu fixa D. jalaa jechuutu fixa

**7.** Gaddeemtuun harree ____________________

A. harreedhaan daldalti B. harreedhaan qotti

C. fardaan harree jijjiirti D. horsiisuuf fudhatti

**8.** Huuqqataan kan ____________________

A. abbaati B. jabaatu

C. of kunuunsu D. hojjetu

E. yaadu

**9.** Ollaa hamaan ____________________

A. lukkuu horsiisa B. buna nama waamu

C. ijoolleetti dubbata D. saree horsiisa

E. holaa horsiisa

**10.** Ajaahe jedhanii ____________________

A. qayee ofii hingadhisan B. ollaatti gaman

C. kophee ofii ala bulchan D. quba ofii hinmuran

E. hunduu deebiidha

## Yaadannoo
## Mammaaksa

Gooroowwan afoola sabni Oromoo bal'inaan dubbii gabaabsuun, mi'eessuuniifi miidhagsuuf itti fayyadamu keessaa tokko mammaksa. Mammaaksi afoola(ogafaan) kamiyyuu caalaa jireeenya uummatichaan kan walqabate.

Uummanni Oromoo mammaaksa isaatiin ragaa baha. Kanaafis, mammaaksota "dubbiin mammaaksa malee, ittoon soogidda malee" fi "Mammaaksi koobaa dubbiti," jedhan ilaaluun gahaadha. Waan dhama qabu dubbachuufis yeroo barbaade "aaki jedhan waa tufan, mammaakan waa himan" jechuun iddoon hawaasichi mammaaksaaf

laatu cimaa ta'uu mul'isa.

Mammaaksi hawaasa Oromoo biratti waan hedduuf mammaakama. Fakkeenyaaf, qarutuma, tuffii, jaalala, hawwii, haqa, gootummaa, doqnummaa, jibbaafi kkf, agarsiisuuf nimammaakama. Ergaa mammaaksa tokkoo hubachuuf wantoonni adda addaa nama gargaaruu malu. Fakkeenyaaf, aadaa, seenaa, durdurii faa beekuu barbaachisaadha.

## Barannoo 4: Barreessuu

**Gilgaala 9:** Shaakala keeyyata barreessuu

**A.** Fakkiiwwan armaan gadiitti kennamanirratti hundaa'uun keeyyata tokko barreessuun agarsiisi.


A


B



C


D


E

**B.** Mata duree armaan gadii keessaa tokko filachuun keeyyata tokko barreessi.

1. Dhibee walquunnamtii saalaan darbun
2. Buna danfisuu
3. Bosona kunuunsuu

## Yaadannoo

## Ogummaa Keeyyata Barreessuu

Barreessuun dandeettii irra deddeebi'anii yoo shaakalan gonfatamuu danda'uudha. Kanaaf, namni keeyyata barreessu tokko, adeemsa hordofuu qabu beekuu qaba. Kunis, matadureerratti barreessinu filachuu, mataduree sakatta'uu yookiin wantoota achi keessa galchinu itti yaaduu, mataduree irratti barreessinu daangeffachuu; kunis hima ijoo murtaawaa ta'e tokko qabaachuu, akkasumas, qabxiiwwan hima ijoo deeggaran lafa kaawwachuun murteessoodha. Yaadolee hima ijoo deeggaran tartiiban kaahuun barbaachisaadha.

Fakkeenyaaf,

### Tamboo Xuuxuu

Akkaataa namoonni hedduun tamboo xuuxuu itti eegalan keessa inni tokko, dhiibbaa hiriyaatiini. Dhiibbaan kun umrii dargaggummaa keessatti bal'inaan calaqqisa. Kaayyoon isaanii inni guddaan hiriyoota isaanii biratti jaalatamummafi fudhatamummaa argachuuf. Gareen kun jalqaba tamboo xuuxuuf ilaalchi qaban gaarii ta'uu dhiisuu danda'a. Garuu,adeemsa keessa hiriyoota fakkaachuuf gara xuuxuutti seenu. Egaa namoonni sababoota garaagaraatiin tamboo xuuxuu baranis booda keessaa bahuun rakkisaa waan ta'uuf sadarkaa kana osoo hingahin irra deebi'uun gaariidha.

# Boqonnaa 2: Addooyyee

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- fakkii ilaaluun ergaa isaa niqayyabatta.
- maalummaa addooyyee nihimta.
- hiika jechootaafi gaaleewwanii adda baafatta
- jechootarraa birsaga baasta.
- maalummaa jechoota tishoofi akkaataa jechoonni tishoon itti ijaaraman ni'ibsita; jechoota tishoos ni'ijaarta.
- walitti dhufeenya namoota naannoo keetii nibarreessita.

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

**A.** Barreeffama barsiisaan isiniif dubbisu dhaggeeffachuu osoo hineegalin, gaaffiiwwan armaan gadii gareen irratti mari'adhaa.

1. Ati hiriyaa qabdaa? Hiriyaan kee/tee maal hojjeta/tti?
2. Ati fira qabdaa?
3. Tokkummaafi garaagarummaan hiriyummaafi firummaa gidduu jiru maali?
4. Hiriyaa kee/tee ni'amantaa? Maaliif?

**B.** Jechoota armaan gadii, osoo gara dhaggeeffachuutti hinseeniin dura, hiika isaanii tilmaami.

(a) sansaka

(b) miliquu

(c) adabbii

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Barreeffama barsiisaan kee siif dubbisu dhaggeeffachaa iddoo duwwaa guuti. Sana booda deebii keessan gareen walii mirkaneessaa.

1. Jiruufi jireenya ilma namaa keessatti walqunnamuun, yaada waljijjiiruun, ______________________________tattaafachuun hojii guyyaa guyyaan hojjetamaa oolu.
2. Manneen barnootaa keessatti barataafi baartaan, _________________, hojjetaafi hoojjetaan wanta waliin dabarsan hedduudha.
3. Qabxii argachuuf ykn adabbii jalaa bahuuf ______________________ itti miliqan barbaadu.
4. ___________________________, darbee barattoonni baay'een walitti dhufeenya gaarii barsiisota isaanii waliin qabu.
5. ______________________________, amanamummaan sammuu bilisa ta'e horachuuf gahee addaa qaba.
6. Kanneen armaan olitti ka'aniin alattis _________________________ lammii biyyaaf yaadu horachuuf bakka ol'aanaa qaba.

## Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffiwwan armaan gadii mata duree dhaggeeffaterratti hundaa'uun barreeffamaan erga deebistee booda, gareen irratti mari'adhaa.

1. Ergaan waliigalaa barreeffama dhaggeeffattee maali?
2. Hiriyummaan maali? Amanamummaan hoo?
3. Hiriyoonni kee hunduu amanamoodhaa?Maaliif?
4. Namoonni hiriyaa walgodhachuuf ulaagaan beekamuu qabu jiraa? Fakkeenya kennuun ibsi.
5. Hiriyummaan saalaan kan murtaa'uu?



## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 4:** Shaakala Dubbisuun Duraa

**A.** Gaaffiwwan armaan gadii, osoo gara dubbisuutti hinseenin dura, fakkii armaan olii ilaaluun gareen irratti mari'adhaa.

1. Shamarran fakkii kanarratti argitan kunniin maal gochaa jiru?
2. Shamarran kunniin hiriyoota moo fira fakkaatu?
3. Hiriyaa qabaachuun faayidaan isaa maali?
4. Naannoo keetti addooyyeen lamaan maal waliigodhu?

**B.** Jechoota armaan gadii gara dubbisuutti osoo hinseeniin, hiika isaanii tilmaami.

(a) ulaagaa (b) waadaa

## Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Barreeffama armaan gadii saffisaan dubbisuun, gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Yaanni waliigalaa dubbisa kanaa maali?
2. Dubbisni kun keeyyata meeqa qaba?
3. Keeyyanni waa'ee gaa'ilaa odeessuu keeyyata meeqaffaadha?
4. Akkaataa kakuun itti adeemsifamu keeyyata meeqaffaa keessatti ibsame?

### Addooyyee

Dhalli namaa erga gara addunyaa kanaa dhufee jiruufi jireenya eegalee, karaa adda addaatiin walqunnama. Walquunnamtii kana keessaas waljaalachuun, walitti firoomuun akkuma jiru waljibbuunis, walirraa baqachuunis nijra. Namoonni wal fakkeenya saalaatiin, umriitin, sadarkaa barnootaatiin, naannoon, sabummaan, hojiifi kkfniin walitti dhufuun hiriyoomuu yookiin firoomuu danda'u. Haalli kunis walitti dhufeenyi namootaa sadarkaa adda addaa akka qabaatu taasisa. Kanaafuu, nama hundatti firoomuun ykn hiriyoomuun hindanda'amu. Hiriyaa baafachuun namarraa gara namatti adda ta'uu danda'a. Kunis hunduu ulaagaa mataa ofii qaba waan ta'eefi. Namni hundi ulaagaawwan isaa keessatti nama yaadaafi amalaan waliigalan caalatti filatu.

Uummata Oromoo biratti hiriyummaan aadaa kabaja guddaa qabu. Keessumaayyuu addooyyeen shamarran Oromoo biratti haalaan beekamaadha. Kunis kan shamarran Oromoo jaalala dhugaa, kabajaafi maalummaa hiriyummaa ittiin agarsiisani. Kanaafuu, addooyyeen kan dubri umriifi naannoo jireenyatiin walitti dhiyaatan hanga waliin jiranitti waljaalachuufi walii dhaabbachuuf waadaa waliigalani. Waadaan waliigalan kuni kakuu hiriyummaa isaanii cimsu ta'a.

Haalli kakuun kun itti raawwatus seera mataa isaa qaba. Dura jarri lamaan quba moggee walqabatanii akkana jechuun kakatu:

A. Addooyyee Addooyyee B. Oo koo!

**A.** Yoon lammata maqaa kee dhaye maqaa koo duuti haa dhooftu.

**B.** Koollee duuti haadhooftu.

Kakuu kaan booda hiriyoonni lamaan addooyyee waliin jedhu malee maqaan walhinwaaman. Naannoo tokko tokkotti ammoo, hiriyoonni lamaan maqaa biroo walii moggaasuun walwaamu. Fakkeenyaaf, Arsiitti kumuudee, Hanguggee, Bilillee faa walii moggaasuun walwaamu. Waadaa waliigalan kana eeguuf jecha dubara moggoo taatellee maqaa ishiitiin hinwaaman.

Addooyyee lamaan yeroo gammachuus ta'ee gaddaa walbira dhaabbatu. Yeroo boqonnaa isaanii guyyaa Sanbata Guddaa waliin dabarsuun, dhimma qaban hundarratti waliin mari'atu. Dhimmi gaa'ila raawwachuu yoo isaaniif dhiyaate, waa'ee gurbaa isaan ilaallatee iyyaafatanii irratti mari'atu. Mariin qotee bulaa ta'u isaa, amala bayeessa qabaachuu isaa, harkaqalleessa ta'uu isaa , dureessa/sooressa ta'u isaarratti ta'uu mala. Haaluma kanaan ulaagaa kaadhimummaa guutuufi guutuu dhabuu isaa mirkaneessu. Kana malees, gammachuu warra isaaniirratti waliin hirmaatu. Fakkeenyaaf, yoo warri isaanii sirna adda addaa godhatan nuffii tokko malee walgargaaru. Haaluma kanaan gaafa rakkoos wal-irraa hinbaqatan.

Hunda caalaa ammoo cidha waliirraa hinhafan. Qophii cidha wliirratti hirmaatu. Addooyyeen heerumaaf qophooftu maal gochuu akka qabdu gorsu, akka ishiin haala gaariin mana horattu yaadaan gargaaru. Kana malees, kan misirroon fudhattee heerumtu dhaleefi dhangaa adda addaa qopheessanii mi'a manaafi uffata bitaanii walii gumaachu. Bakka tokko tokkotti ammoo, heexoo dubarri

heerumaaf kaatu dhugdu waliin dhugu; sirba cidhaa jala bultii waliin sirbu. Dhumarratti, gaafa heerumaa baye-bayeefi taritaarii baafachuun booyanii fira boochisu.Walumaagalatti, addooyyeen haala shamarran jireenya keessatti gaddaafi gammachuu irratti waliin dhaabbatanialala waliif qaban ittiin ibsatani.

**B.** Gaaffiwwan armaan gadii erga barreeffama armaan gadii gadi-fa-geenyaan dubbistee booda, deebisi. Deebii keessan gareen irratti mari'adhaa.

1. Addooyyeen maali? Maaliif barbaachise?
2. Keeyyanni 2ffaan waa'ee maalit ibsa?
3. Keeyyata 6ffaa bo'oo 1ffaa irratti gaaleen "hunda caalaa" jedhu maal ibsuufi?
4. Haalli kakuun itti raawwatamu seera mataasaa qaba jechuun, maal jechuudha?
5. sababni addooyyeen lameen maqaa isaanitiin wal-hinwaamne maali?
6. Addooyyeen lameen yeroo akkamii wal-bira dhaabbatu?Akkamitti?
7. Addooyyee lameen maal jechuun walii kakatu? Maaliif kakatu?

**C. Akkaataa odeeffannoo barreeffama armaan gadii keessatti laatameen,** himoota armaan gadii **dhugaa** yookiin **soba** jechuun sababa waliin deebisi.

1. Akka aadaa Oromootti addooyyeen shamarran qofaaf hayyamama.
2. Namni jiraachuuf, hiriyaa isa barbaachisa.
3. Naannoodhaa naannootti addooyyeen garagara.
4. Addooyyeen lamaan guyyaa rakkoo qofa walbira dhaabbatu.
5. Hiriyyummaan tasa kan uumamu waan ta'eef wal-biraa yeroo deeman ni'irraanfatama.

D. Jechoota gaaleewwan roga ‘A’ jalaa, kan barreeffamicha keessaa bahaniif, hiika galumsaa isaanii roga ‘B’ jalatti laatamaniin waliitti firoomsi.

**A.**

1. gumaachuu
2. nuffuu
3. iyyaafachuu
4. walbira dhaabbachuu
5. dhalee
6. baye-bayee
7. Moggoo
8. kakachuu
9. addooyyee
10. fira

**B.**

a dhalataa/ aantee
b kennuu/ arjoomuu
c odeeffannoo argachuuf gaaffii dhiyeessuu
d dadhabuu/ rifachuu
e. booyicha dubarri gaafa heerumaa boochu
f. “ Hinargine” yookiin’ hindhageenye” jechuun dhugaa bahu.
g. Hiriyummaa shamarran lama gidduutti taasifamu
h. wal-gargaaruu
i. waadaa galuu
j. maqaa wal-fakkaatu qabaachuu.
k. gammachuu
l. galaa

## Gilgaala 6: Shaakala Dubbisa Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii haala naannoo keessaniitin walqabsiisuun gareen irratti mari’adhaa.

1. Shamarran qofa moo, dhiirris addooyyee walgodhatu? Eeyyee yoo jettee akkamitti? Lakkii yoo jette maaliif?
2. Naannoo keessanitti addooyyeen maal jedhamuun beekama?
3. Hiriyoonni naannoo keetii yeroo addooyyee waliif ta’an, maal waliimoggaasu? Maal jechuun wal-waamu?
4. Naannoo keetti addooyyee lamaan yoo hiriyaa waliif ta’an akkam jedhanii kakatu?
5. Weedduu cidhaa “addooyyee” ilaalachisee naannoo keessanitti weeddifamu daree keesatti waliif weeddisaa.
6. Addooyyee ilaalchisee qabxiiwwan biroo maal faa hiriyoota keetti himuu dandeessa?

# Barannoo 3: Caasluga

## Gilgaala 7: Shaakala Caasluga

**Yaadannoo**: Sagaleeleen walitti dhufanii birsaga uumu; birsagoonni ammoo walitti dhufuun jecha uumu. Birsaga jechuun qaama jechaa ta'ee, kan dubbachiistuu qofaan ykn walta'iinsa dubbifamaafi dubbachiistuun uumamu. Jechoonniis seera caaseffama afaanichaa eeguun walitti dhufanii gaalee, ciroo ykn hima uumu.

A. Gaaffiwwan armaan gadii gareen irratti mari'adhaa.

1. Sagaleewwan walitti dhufanii maal uumu?
2. Birsagoonni lamaafi lamaa ol walitti dhufuun maal uumu?
3. Jechoonni lama yookiin lamaa ol ta'anii jecha adda ta'e tokko yoo uuman, jecha sanaan maal jennaan?
4. Jechoonni jecha tishoo/diigala uuman kun garee jechoota akkamirraa ijaaramuu danda'u?

B. Dubbisa armaan olitti dubbiste keessaa jechoota tishoo baasi. Hiika isaaniis akka galumsa isaaniitti kennuun gareen irratti mari'adhaa.

Fakkeenyaaf, Sanbata + guddaa= Sanbata guddaa

Sanbatagudda- guyyaa addooyyeen lamaan itti boqonna argachuu danda'an

Gareen jechoota isaanii maqaa + maqibsa

Sanbata + guddaa

C. Jechoota armaan gadii tisheessuun hiika isaanii kenni.

| | | | |
|---|---|---|---|
| **1.** | gaara + gadi | **2.** | qofaa + galuu |
| **3.** | gidduu + galuu | **4.** | qote + bulaa |
| **5.** | bifa + badii | **6.** | mataa + duree |
| **7.** | saba + lammii | **8.** | miila + jala |
| **9.** | roga + sadi | **10.** | yoom + eessa |

D. Jechoota 7 'C' jalatti hiika kenniteef kanneen, garee jechootaa kam kam keessaa akka walitti dhufan himi.

1. ________________ 2. ________________
3. ________________ 4. ________________
5. ________________ 6. ________________
7. ________________ 8. ________________
9. ________________ 10. ________________

E. Jechoota tishoo gilgaala 7 'C' jala jiran keessaa filachuun himoota armaan gadii keessatti bakka sirrii ta'etti guuti. Sanaan booda, gareen irratti mari'adhaa.

1. Asoosama tokko keessatti ta'iinsoota ibsuuf yoomiifi ________________ tti kan jedhu argamuun dirqama.
2. Gaaraa ________________ yemmuu konkolachisnu of eeggannoon barbaachisaadha.
3. Biyya keenyatti sabaafi ______________ adda addaa waliin jiraatan.
4. Baay'atees narraa hinhafne; dhabees hinbeelofne; ________________ ttin jiraadha.
5. Osoo hinbarreessin dura________________ irratti barreessan filachuun barbaachisaadha.
6. Aadde Boontuun erga ijoolleen ishii heerumanii ______________________ taate.
7. ______________________ biyya keenyatti bara kana si'a sadi badhaafaman.
8. Obbo Qajeelaan qotiyyoo ___________________ ta'e bitee namni irraa bitu dhabame.

9. Kitaaba tokko tokko keessatti fakkiin______________ argina. Innis ibsa dabalata qaba.

10. Obbo Qilxuun qotiyyoo qonnaa _____________ dhahuun gaarii miti jedhu.

11. Manni jireenya baadiyaa fakkii ____________ qaba.

## Barannoo 4: Birsaga

**Gilgaala 8:** Shaakala Birsaga

**A.** Gaaffiiwwan armaan gadii gareen irratti mari'achuun deebisaa.

**1.** Sagaleen lamaafi lama ol walitti dhufuun maal uumu?

**2.** Yeroo jechoota uumnu birsagonni Afaan Oromoo haala kamiin mul'atu?

**B.** Jechoota armaan gadii birsaga birsagatti addaan qooduun birsaga meeqa akka qaban agarsiisi.

| | | | |
|---|---|---|---|
| (a) | addooyyee | (b) | aadaa |
| (c) | Oromoo | (d) | misirroo |
| (e) | hiriyummaa | (f) | shamarran |
| (g) | cidha | (h) | naannoo |

## Barannoo 5: Barreessuu

**Gilgaala 9:** Shaakala Barreessuu

Hiriyummaa shamarranii (addooyyee) naannoo keetii ilalchisee barruu keeyyata 3-5 qabu barreessun, dareef dhiyeessi.

# Boqonnaa 3: Meeshaalee Walqunnamtii Ammayyaa

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- fakkiilee ilaaluun yaada isaan dabarsan himta.
- hiika jechootaa haala galumsaatiin himta.
- barreeffama siif dhiyaate saffisa adda addaatiin dubbisuun ergaa isaa himta.
- seera eegdee falmii gaggeessita.
- keeyyata yaada ifa ta'e dabarsu barreessita.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Fakkiilee armaan gadii ilaaluun, gaaffiiwwan kanneen gareen irratti mari'achuun deebisaa.

1. Meeshaalee wal quunnamtii uummataa kan jedhaman kanneen armaan gadii keessaa kam faa beekta?
2. Faayidaa meeshaaleen wal quunnamtii kunniin uummataa kennan himi.
3. Bu'aan ati meeshaalee kanneenirraa argatte jiraa? Maala fa'i?

B. Osoo gara dubbisuutti hinseeniin, hiika jechoota armaan gadii tilmaami.

(a) tamsaasuu

(b) mi'aa


(c) dhaamuu




NOKIA









## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffiwwan armaan gadii dubbisa siif kenname saffisaan dubbisuun deebisi.

1. Yaanni waliigala dubbisa kanaa maali?
2. Ergaan keeyyata jahaaffaa keessatti darbe maali? Inni keeyyata 3ffaa hoo?
3. Biyyi barumsa televijiiniin dabarsuun beekamte kami? Kutaawwaan kamiif irra caalatti itti fayyadamte?

### Meeshaalee Walqunnamtii Ammayyaa

Akkuma sochii hawaasummaa adda addaa, barumsi bu'aa saayinsiifi teeknooloojii kan burqisiisu qofa osoo hinta'in ofiis itti fayyadamaa jira. Kanaaf, fakkeenya guddaa kan ta'u barnoota idilee sagantaa barnoota raadiyoofi televiijiniin tamsa'ee deeggarsa cimaa kennuu danda'uu isaati. Sagantaan kun addunyaa guutuu keessatti haala qabatamaa biyyichaa irratti hundaa'ee hojiirra oolus, biyya keenya keessatti ammas gahaa akka hintaane ogeessonni barnootaa hedduun ni'ibsu. Sagantaan kunis akka bal'achuu qabu nihubachiisu.

Raadiyoofi televiijiiniin barsiisuun humna namaa barsiisuuf barbaachisu qusata. Kun ammoo barsiisonni fedhii barattoota isaanii guutuuf yeroo gahaa akka argatan taasisa.Kana malees, barsiisonni dandeettiifi muuxannoo gahaa qaban yeroo barsiisan, barattoota hedduun ilaalamuufi dhaga'amuu akka danda'an godha. Dabalees, barumsi fiilmiin, raadiyooniin yookiin televiijiniin kennamu barattoota miliyoonaan lakkaa'aman qaqqabuu danda'a. Barumsa gosa adda addaas barattoota fagoo jiran yookiin kanneen barnoota idilee hinarganneef dhiyeessuun nidanda'ama. Waggootii hedduu

darban keessatti fiilmiifi raadiyooniin biyyoota baay'ee keessatti namoota hinbaranneef barnoota gosa adda addaa dabarsaniiru. Kanaanis dubbisuufi barreessuu irraa eegalee kan akka barnoota qonnaa ittiin barsiisuun danda'ameera.

Biyyoota barnoonni sadarkaa tokkoffaa keessatti babal'ate keessatti fiilmiifi raadiyoon kan fayyadan barumsa daree bakka bu'uuf osoo hintaane, kan barsiisaan dhiyeessu caalaa barumsa kennamu bu'uura isaarraa ka'uun beeksisuufi gabbisuufi. Mootummoonni fiilmii biyya isaaniitiif maallaqa niramadu. Fiilmiin kunis tolaan manneen barnootaa, kolleejjota, gumiiwwaniifi, namtokkeefillee nidhiyaatuuf. Yuunivarsiitoonni baay'een barumsa fagootiif fiilmii ofii qopheessu.

Garuu fiilmii gabaabduu tokkollee qopheessuuf mi'aawaa waan ta'uuf, biyyoonni baay'een fiilmiitti fayyadamuun isaaniitti ulfaata. Kanaaf jecha uummataaf barumsa gatii salphaan dhiyeessuuf addunyaarratti raadiyoon caalaatti filatamaa ta'eera . Ardiiwwan addunyaa tajaajilli raadiyoo harka baay'een keessatti dabale keessaa Iisiyaan fakkeenya tokko.

Yeroo dheeraaf, biyyoonni industiriidhaan dagaagan baay'een sagantaa barnoota raadiyoo uummata isaaniitiif kan dhiyeessan yoo ta'u, dhaggeeffattoota raadiyoo alaatiif ammoo barnoota afaanii qabu. Abbaan fedhe, bakka fedhee addunyaa keessatti barnoota afaan adda addaatin biyyoota adda addaarraa dabru raadiyoo sanaan hordofuu danda'a. Fakkeenyaaf, Awustiraaliyaatti ijoolleen bakka adda addaatti argaman barumsa isaanii giddu-galeessa mana barumsaa qilleensarraa tamsa'u dhaggeeffatu. Ijoolleen kun raadiyoo ofiitiin dhaamsa dabarfachuu, yeroo barumsi xumuramus barsiisaa raadiyoo sanaaf gaaffii dhiyeessuu danda'u. Gatiin televiijinii kan raadiyoo caalaa mi'aadha. Kanaafuu, bal'inaan hojiirra ooluu hindandeenye. Televiijiniin garuu bu'aadhaan caalmaa

niqabaata. Barattoonni ijaan ilaalaa sagalee dhaggeeffachaa akka baratan waan dandeessisuuf barumsa ittiin dabarsuuf filatamaa ta'aa jira.

Ameerikaan barumsa televijiniin dabarsuudhaan biyya hunda dursiti. Barumsa sadarkaa 1ffaa, 2ffaa, fi 3ffaa bal'inaan ittiin gaggeessuu dandeesse. Kana malees, qorannaafi opiraasiyoonii godhamu kan dura barattoonni muraasni qofti ilaalan, har'a laaboraatoriifi mana yaalii keessatti barattoonni hedduun televiijiniin hordofuu danda'aniiru.

Barumsi televiijiniin dabru akka babal'atu kan taasise jijjiirama sirna "Saatalaayitii "irratti godhame.Kunis kan ta'uu danda'e saatalaayitiin ergaa isa qaqqabu hunda gara lafaatti waan tamsaasuuf, ardii hunda waliin gahuufis saatalaayitoonni waltajjii barbaachisaa ta'anirratti dhaabamanii daandii qabatanii jiru. Haaluma kanaan barnoonnis bu'aa saayinsii ammayyaatti fayyadamuun bal'inaafi qulqullina barnootaa dabalaa jira. Kunis saayinsiifi teeknooloojii babal'isuuf barnoota akka barbaachisu, barnoota guddisuuf ammoo saayinsiifi teeknooloojiitti fayyadamuu akka qabnu nuhubachiisa. Biyya keenyattis sagantaaleen barnootaa kanneen raadiyoofi televiijiniin dabran bu'a qabeeyyii waan ta'aniif bakka hingeenyetti babal'achaa deemuu qabu.

**B.** Akka yaada dubbisa armaan oliitti gaaffiiwwan armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e suuta dubbisuun afaaniifi barreeffamaan kenni.

1. Tamsaasa barumsa fiilmii caalaa raadiyoodhaan dabarsuun maaliif wayya sitti fakkaata?
2. Barumsi raadiyoofi televiijiniin kennamu hojii barsiisota filatamoo akkamiin caalaatti bu'a qabeessa taasisa?
3. Tamsaasni barumsaa babal'achuun hojii barsiisaa akkamiin deeggaruu danda'a?

**4.** Saatalaayitiin tamsaasa barumsaarratti jijjiiramni fidu maali?

**5.** Barumsa raadiyoodhaan kennamu moo kan televiijiniin kennamutu caala? Akkamitti?

**6.** Tokkummaafi garaagarummaa sagantaa barnoota raadiyoofi televiijinii ibsi.

C. Jechoota armaan gadii dubbisa keessaa bahaniif hiika kallattii barreessi.

(a) tamsaasuu (b) ibsuu
(c) qaqqabuu (d) mi'aa
(e) jijjiirama (f) dhaamuu
(g) muraasa

D. Himoota armaan gadii keessatti jechoota jala sararamaniif akka galumsa isaaniitti hiika isaanii barreeffaman kenni.

Fkn. (a) Galchaa nyaachuun nama <u>yaraa</u> ta'uudha.

Hiika – salphaa

(b) Lakkoofsi namoota walga'iirratti argamanii <u>yaraa</u> ture.

Hiika – muraasa /xinnaa/

1. AIDSii biyya lafaarraa <u>balleessuun</u> salphaa miti .
2. Osoo beekanii <u>balleessuun</u> salphaa miti.
3. Dubbii keessa hinbeekne seentee hin<u>borcin</u> .
4. Taliila kana gubbaan seentee hin<u>borcin</u> .
5. Jette jettee namaatu jara addaan <u>kute.</u>
6. Baalettii galee buluuf, ganamaan ka'ee <u>kute</u>.
7. Fardi sakaallaa <u>kute.</u>
8. Mammaaksi Oromoo, "kan qotiyyoon iyyuu malu <u>qacceen</u> iyya "jedha.
9. <u>Qacceen</u> bineensa tokko tokkoo lafarraa badeera jedhama.

10. Dubbii qabbaneessi malee qaccee itti hinta’iin.

11. Waaqoon farda odolcha dhangalaasaa darbe.

12. Inni mana kana ijaaruuf humnaafi horii isaa itti dhangalaasaa ture.

E. Jechoota keeyyata armaan gadii keessatti jala sararamaniif hiika isaanii akka galumsaatti barreessi.

Kitaaba kana qopheessuuf kanan ifaaje adda kiyyaa miti. Aanaan kiyya hundi mammaaksafi sirboota mimmiidhagaa hisataan naa funaanuun isaanii waan yoomiyyuu hindagatamne. Dhumarratti, hunduma qixatti Obbo Jamaal abbaa Duraa waan hundaan cinaa kiyya dhaabbachuu isaaniitiif Waaqni isaanii haa tolu. Akkasumas, afoola Oromoo kan akka galaanaa waraabbamee hindhumne keessaa yartu ishii qofa fudhachuun dhiyeesseen jira. Kunis, barattoota quba qabsiisuufi malee akaakuun afoola Oromoo kana qofa ta’ee miti. Gama birootiin ogummaa uummata kanaa yoo keessa lixanii ilaalan waan nama aja’ibsiisu hedduutu jira.

## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiwwan armaan gadii dubbisa dubbiste bu’uureeffachuun muuxannoo kee waliin walqabsiisuun ibsa bal’aa barreeffamaan kenni.

**1.** Ati raadiyoo dhaggeeffachuu moo televiijinii daawwachuu jaallatta? Maaliif?

**2.** Teeknooloojii ammayyaa biyya keenya keessatti babal’isuuf hojiin akkamii hojjatamuu qaba?

**3.** Biyya keenya keessatti haalli tamsaasni raadiyoofi teeleviijiinii amma irra jiru sadarkaa gaariidhaa? Akkamitti?

## Barannoo 2: Dubbachuu

**Gilgaala 4:** Shaakala Falmii

Gaaffiwwan armaan gadii keessaa tokko filachuun seera falmii eeguun irratti walfalmaa.

1. Pilaazimaa Teeleviijinidhaan barachuu wayya moo barsiisadhaan barachuu wayya?
2. Tamsa'ina HIV/AIDsii hir'isuuf raadiyoo moo teelviijinii gargaaramuu wayya?

**Seera walfalmii:**

Walfalmii haala sirriifi bu'a qabeessa ta'een gaggeessuuf, osoo walfalmiitti hingaliin, dura bu'aa/ falmii gaggeessaafi abbootii murtii (barattoota daree hunda ta'uu malu) filachuufi seera adeemsi falmii ittiin qajeelfamu duraan dursuun irratti walii galamee barreeffamaan qopheessuu barbaachisa.

## Barannoo 3: Barreessuu

**Gilgaala 5:** Shaakala keeyyata Barreessuu

Faayidaa raadiyoofi televijiiniin dhukkuba HIV/AIDsii hir'isuurratti qabu keeyyata jechoota 150-200 qabu barreessuun dareef dhiyeessi.

# Boqonnaa 4: Barnootaafi Misooma

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaattiin booda:**

- barreeffama siif dhiyaate saffisa adda addaatiin dubbisuun yaadota guguddaafi yaadota callaa hubatta.
- hiika jechootaa haala galumsaatiin himta.
- gaaleefi gosoota gaalee adda baastee hubbatta; barreeffama keessatti sirriitti itti fayyadamtas.
- maqaafi gosoota isaa adda baastee hubachuun himoota kee keessatti sirriitti itti fayyadamta.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

Barreeffama armaan gaditti siif dhiyaate dubbisuun dura, gaaffiiwwan armaan gadii gareen irratti mari'achuun deebisaa.

1. Barnoonnifi misoomni walitti hidhata maalii qabu?
2. Barnoonni guddina diinagdee mirkanessuun ala, faayidaa maal faa qaba?
3. Misooma jechuun maal jechuudha? Misoomaafi guddina gidduu gara-agarummaan jiraa?
4. Suuraan armaan gadii kan eenyuu akka ta'e beektaa? Waa'ee dubartii kanaa maal beekta?
5. Fakkiin hojii misoomaa armaan gadii Itoophiyaa keessstti ijaaramaa jiru kun maali? Faayidaa maalii qaba?





**Gilgaala 2:** Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Barreeffama “Barnootaafi Misooma” jedhu saffisaan dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Galmoota misoomaa bar-kumee kan bara 2015(ALAWtti) akka raawwataman Dhaabata Mootummoota Gamtaa’aniin kaa’aman keessaa isaan barnootaan walitti hidhatan maal fa’i?
2. Investimantiin barnootaa eenyu faa fayyada?
3 Garaagarummaa biyyoota misoomaan walcaalanii maaltu uume?
4. Ergaan Elen Joonsan sarliif maali?

## Barnootaafi Misooma

Barnoonni misoomaaf bu’uura. Barnoonni uummata humnoomsa. Biyyootas nicimsa. Balbala ittiin hiyyummaa keessaa of baasan banuufiin, uummattootaafi biyyootaa ‘walqixxeessuu’ keessatti gahee ol’aanaa qaba. Biyyoonni addunyaa galmoota misooma bar-kumee akka bakkaan gahan gochuuf qoonni barnootaa murteessaadha. Galmoota misoomaa barkumee saddeettan keessaa lama barnoota ilaallatu. Isaanis, daa’imman hundi barnoota sadarkaa 1ffaa xumuruufi barnoota sadarkaa 1ffaafi sadarkaa

2ffaa keessatti walqixxummaa saalaa mirkaneessuudha.

Kana malees, barnoonni-keessattuu barnoonni shamarranii-galma fayyaa daa'immaniifi walhormaataa; akkasumas, galma eegumsa naannootiin walitti qabate kallattiin deeggara. Yaadni, "Dhiira barsiisuun nama tokko barsiisuudha; shamara barsiisuun garuu maatii hunda barsiisuudha" jedhu, barbaachisummaa barnoota shamarranii sirriitti ibsa. Kana jechuun, barbaachisummaan barnoota ijoollee dhiiraa xiqqaadha jechuu osoo hintaane, shammarri boru haadha ijoollee yemmuu taatu, yoo barnoota qabaatte ijoollee ishiis kunuunsuun fayyaa isaanii eegdee barsiisti jechuudha. Biyyoonni misooman, bu'uurri misooma isaanii tokko shamarran barsiisudha jedhama.

Investimantiin barnootaa nama dhuunfaa, hawaasa, akkasumas addunyaa mara fayyada. Barnoonni qulqullina qabuufi kan uummata hunda wal-gahe hiyyummaafi dhabiinsa wal-qixxummaa hir'isuu keessatti gahee ol'aanaa qaba. Fayyaa namoota dhuunfaa fooyyessuun, misoomni biyyootaa bu'uura amansiisaarratti hundaa'ee itti fufiinsaan akka mirkanaa'u taasisa. Namoonni dhuunfaas ta'ee, biyyoonni beekumsa akka uuman, hojiirra oolchaniifi daddabarsan dandessisuun diinagdeen saffisaan akka guddatuufi addunyaarratti dorgomaa ta'ee akka ijaaramu taasisuuf furtuudha. Hawaasa dimokiraatawa ta'e ijaaruu keessattis qooda murteessaa qaba.

Bu'uurri misoomaa cimaan qabeenya uummamaa osoo hintaane, humna nama barateeti. Nama barate jechuun nama beekumsaafi ogummaa cimaa; akkasumas ilaalcha gaarii goonfate jechuudha. Humni nama baratee hagam misoomaaf murteessaa akka ta'e hubachuuf haala biyyoota badhaadhanii kan akka biyyoota Awuroppaa, Ameerikaa Kaabaa, Jaappaanifi kkf, biyyyoota saffisaan misoomaa jiran, kan akka Chaayinaa, Indiyaa, Biraaziil, Kooriyaafi kkf fi biyyoota misoomaan duubatti hafan kan akka biyyoota Afrikaa hedduu gammoojjii Sahaaraatii gaditti argaman walmaddii qabanii ilaaluun nidanda'ama. Sababni garaagartii bal'aa biyyoota kanneen gidduu

jiru garaagartii qabeenya uummamaa miti.

Biyyoonni Afrikaa hedduun, kan hiyyumaan gadadamaa jiran, qabeenyi uummamaa isaanii kan biyyoota badhaadhaniitii ol yoo ta'e malee, gadi miti. Fakkeenyaaf, bosona addunyaa keessaa %3.4n biyya Rippaabiliika Dimookiraatawaa Koongoo keessa jira. Qabeenyi bishaanii biyyattiin qabdus daran guddaadha. Haa ta'u malee, biyyattiin misoomaan duubatti haftuudha. Biyyi kun akka fakkeenyaatti haa fudhatamtu malee haalli biyyoota hedduu akkasuma. Sababni kanaa ammoo hanqina humna nama baratee, kan saayinsiifi teeknooloojii hammayyaatti fayyadamee qabeenya uumamaa misoomsuu danda'u dhabamuudha. Dhuguma kana hubachuun, yeroo ammaa kana Itiyoophiyaan misooma itti fufiinsa qabu mirkaneessuuf lammii ishii hundaaf barnootaafi leenjii qulqullina qabu waliin gahuuf tattaafffii cimaa gochaa jirti.

Dhumarratti, barbaachisummaa barnootaa ilaalchisuun, dhaamsa pirezidaantiin Laayibeeriyaa, Aaddee Elen Joonsan  Sarliif dabarsan yaa ilaallu.

"…. Wanti tokko, wanti egeree fooyya'aa nagaya amansiisaa qabuuf ija keenya banu barnoota qofa. Laayibeeriyaa keessatti, barsiisaan cimaan tokko, jechoonni akkamitti akka qubeeffamaniifi lakkoofsonni akkamitti akka ida'aman qofa osoo hinta'in, daa'imman akkamitti jireenya egeree gaarii argachuu akka danda'an itti agarsiisuu akka danda'u  mataa kootiin argeera.

Daa'imman keenya hundi mirga barachuu qabu. Barnoota jechuun, barnoota hundaa miti. Filannoo bal'aa qabna. Haala waldiddaafi walitti bu'iinsa armaan dura addunyaa keessatti hubachaa turre itti fufuu danda'uun ykn haala daa'imman keenya egeree nagaa-qabeessafi onnachiisaa/abdachisaa ta'e arganiin barsiisuu dandeenya. Barnoonni-inni sirriitti qulqullina qabeessa ta'e-daa'immaniif abdiifi carraalee gaggaarii laata…. Manni barnootaa iddoo nageenyaa ta'uu danda'a; ta'uus qaba… Barnoonni qulqullina qabu nageenyaaf wabiidha, nageenyis barnootaaf bu'uura. Nagayaafi misooma mirkaneessuuf ammoo  daa'immanis dirqama qabu.

B. Barreeffama armaan olii suuta dubbisuun, gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Barnoonni uummattootaafi biyyootaa akkamiin wal-qixxeessuu danda'a?
2. Fayyaa daa'immaniifi wal-hormaataa mirkaneessufi eegumsa naannootiif barnoonni shamarranii maaliif barbaachisaa ta'e?
3. Galmoonni misoomaa bar-kumee meeqa?
4. Bu'aan beekumsa argachuu, hojiirra oolchuufi daddabarsuu maali?
5. Biyyoonni saffisaan guddachaa jiran biyyoota kam fa'i?
6. Akka yaada Elen Joonsan sarliifitti, barnoonni misoomaaf bu'uura ta'e, barnoota akkamiiti?
7. Ergaan waliigalaa keeyyata $3^{ffaa}$ maali?

C. Akkaataa odeeffannoo barreeffama armaan olii keessatti laatameen, himoo-ta armaan gadii Soba ykn Dhugaa jechuun deebisi. Soba yoo jette, himichi akka dhugaa ta'utti sirreessii barreessi.

1. Barnoonni garaagartii misoomaa biyyoota adda addaa gidduu jiru dhiphisuuf faayyada.
2. Barnoonni biyya misoomsuu danda'u, uummata hunda walgahuu baatus, barnoota qulqullina qabu.
3. Barnoonni investimantiidha.
4. Akkaataa odeeffannoo barreeffamicha keessatti laatameen biyyi Dimokiraatawaa Rippaabliika koongoo biyya dimookiraasiin keessatti mirkanaa'e.
5. Akka yaada Elen Joonsan Sarliifitti, barsiisaan cimaan tokko, barattoota isaa beekumsa qalamaa qofa osoo hintaane ogummaa jireenyaas barsiisuu qaba.
6. Misoomaafi nageenya mirkaneessuun gahee mootummaa qofa.

D. Jechoonni armaan gadii barreeffama armaan olitti dubbiste keessaa fudhataman. Hiika galumsaa jechoota kanneenii filannoowwan laataman keessaa filadhu.

1. murteessaa (k. 1)

   A. murtii kennaa B. ol-aanaa C. dirqisiisaa D. amansiisaa

2. gahee (k.2)

   A. qooda B. hirmaannaa C. murtii D. dhiibbaa

3. furtuu (k. 2)

   A. bantuu B. salphistuu C. murteessaa D. agarsiistuu

4. gonfate (k.3)

   A. argate B. horate C. badhaafame D. hirphate

5. gadadamaa (k. 3)

   A. qoratamaa B. salphataa C. dirqamaa D. rakkataa

6. egeree ( k. 4 )

   A. bara-dhufu B. gara fuul-duraa C. abdii D. ilaalcha

## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Hubannoo barreeffamicharraa argatteefi muuxannoo keerratti hundaa'uun, gaaffiiwwan armaan gadii deebisi. Erga dhuunfaan deebistanii booda gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

1. Hubannoo/barumsa barreeffama kanarraa argatte keeyyata tokkoon gabaabsii ibsi.
2. Misooma Oromiyaa saffisiisuun, uummata Oromoo hiyyummaa keessaa baasuuf gaheen barattoota Oromoo maali jetta?
3. Qulqullinni barnootaa misooma mirkaneessuuf hagam barbaachisaadha? Maaliif?
4. Qulqullinni barnootaa akkamiin mirkanaa'uu danda'a?

# Barannoo 2: Caasluga

## Yaadannoo

**I. Gaaleefi Gosoota Isaa**

**A. Maalummaa Gaalee**

Gaaleen caaseffama himaa keessatti, qaama himaa yoo ta'u, jecha ykn garee jechootaa kan hojii tokkoof dhaabbatanidha. Gaaleen hima keessatti akka qaama tokkootti socho'a.

Fakkeenyaaf**,** hima "Intalli faaraan bareedduun dhufte" jedhu keessatti, gaaleen "**Intalli faaraan bareedduun"** jedhu akka qaama tokkootti waliin dhabbata. Gaaleen olitti gurracha'ee barreeffame kun hanga tokko hiika qabaatuus, ergaa guutuu hindabarsu.

**B. Gosoota Gaalee**

Jecha akka mataa gaaleetti tajaajilurratti hundaa'uun, gaaleen bakka afuritti qooddama. Isaanis:

1. **Gaalee maqaa**: Gaaleen maqaa jechuun, gaalee maqaadhan duurfamu / hogganamu ykn kan mataan isaa maqaa ta'e jechuudha.

   ***Fkn***. **Manni moofaan sun** jige .

   Gaaleen gurraacha'ee barreeffame kun, gaalee maqaa yoo ta'u, mataan gaalee kanaa maqaa **manni** jedhu.

2. **Gaalee gochimaa**: Gaalee gochimaa jechuun, gaalee gochimaan duurfamu ykn kan gochimni mataa ta'eef jechuudha.

   **Fkn.** Qananiin **biddeena xaafii tolchite.**

   Gaaleen gochimaa gurraacha'ee barreeffame kun, gochima **tolchite** jedhuun oogganama. Jechoonni kan gaalee kana keessa jiran maal akka tolchite ibsu.

3. **Gaalee durduubee**: Maataan gaalee durduubee, durduubeedha.

   **Fkn.** Namoomsaan **gara manaa** deeme**.**

   Gaaleen durduubee gurraacha'ee barreeffame kun, durduubee **gara**

jedhuun oogganama.

4. **Gaalee maqibsaa**: Gaaleen maqibsaa, maqibsaan oogganama ykn mataan gaalee kanaa maqibsa jechuudha.

**Fkn.** Taliileen **barnoota ishiitiin daran cimtuudha.**

Gaaleen gurraacha'ee barreeffame kun, maqibsa **cimtuu** jedhuun oogganama.

## Gilgaala 4: Shaakala Gosoota Gaalee

A. Himoota armaan gadii keessaa gaaleewwan adda baasuun gosoota isaanii himi. Gaaffiiwwan erga dhuunfaan deebistanii booda gareen irratti mari'achuun sirrii ta'uu keessan mirkaneeffadhaa.

1. Qullubbii adiin dhibee hedduuf qoricha.
2. Barattuu cimtuun abdii biyya ishiiti.
3. Saffisaan hojii manaa xumure.
4. Tolashiin dheengadda heerumte.
5. Hordofaan Hambisaarraa sangaa ergifate.
6. Turaan hucuu adii bitate.
7. Kitilaan Afaan Oromoo barsiisaa jira.
8. Namichi rasaasaan dhahame, battalumatti du'e.
9. Gammadaan caccabsaa aannaniin unatee nyaate.

B. Himoota mataa keetii kudhan kan gaaleewwan adda addaa of keessaa qaban barreessii barsiisaa keetti agarsiisi.

## II. Maqaafi Gosoota Isaa

Maqaa jechuun, jecha namni, iddoon, meeshaan, yaadniifi kkf ittiin waamamani.

Fkn. **Elemtuun** maqaa meeshaa aannaniiti.

### A. Gosoota maqaa

Maqaan gosoota shanitti qooddama. Isaaniis:

1. **Maqaa dhuunfaa**. Maqaan dhuunfaa jecha namni, iddoon, meeshaan, ykn wanti tokko dhuunfaan ittiin waamamu jechuudha.

   **Fkn.**Tolaa , Ayyaantuu, Gammachuu, Roobe, Finfinnee, bakkanniisa…

2. **Maqaa gamtaa /waliinii).** Maqaan gamtaa, maqaa wantoonni gosa tokko keessatti ramadaman waliin ittiin waamamani.

   **Fkn.** nama, re’ee, jaldeessa, kophee …

3. **Maqaa dimshaashaa**. Maqaan dimshaashaa maqaa wantoonni addaddaa bakka tokkotti ittiin waamamani.

   **Fknf;** hoomaa, bineensa, uummata…

4. **Maqaa meeshaa**: Maqaan meeshaa maqaa meeshaaleen qabatamaa ta’an adda addaa ittiin waamamani.

   **Fkn.** eelee, suummoo, buqqee, aannan …

5. **Maqaa Killayyaa**: Maqaan kun jecha wantoonni qabatamaan osoo hinta’iin, yaadaan jiran ittiin waamamani.

   **Fkn.** dimokiraasii, jaalala, badhaadhina, gammachuu…



**Gilgaala 5:** Shaakala Gosoota Maqaalee

Maqaalee armaan olitti akka fakkeenyaatti laatamaniin ala, gosoota maqaa shananiif maqaalee sadi sadi barreessuun, himoota mataa keetii ittiin barreessii dareef dhiyeessi.

# Barannoo 3: Barreessuu

**Gilgaala 6:** Shaakala Keeyyata barreessuu

Mata-duree "Qulqullina Barnootaa Mirkaneessuu keessatti Gahee Barattootaa", jedhurratti keeyyata tokko, kan jechoota 100-150 qabu barreessuun akka siif sirreessu barsiisaa keetti kenni.

Barsiisaa keetti laachuun dura, yaada kee tartiiba ifa ta'een qindeessuu, jechoota sirriitti qubeessuu, sirna tuqaalee adda addaa sirriitti itti fayyadamuu keefi kkf irra deebitee dubbisuun haalaan hubadhu. Yoo dandeesse, hiriyoonni kee dubbisanii yaada fooyya'insaa akka siif laatan gochuun irra deebi'ii barreessi.

# Boqonnaa 5: Faalama Qilleensaa

**Kaayyoo: Barnoota Boqonnaa kanaatiin booda:**

- barreeffama siif dhihaate haala adda addaatiin dubbisuun dhaamsa isaa himta.
- jechootaaf hiika faallaa kennita.
- fuftootaafi akaakuu isaanii addaan baastee hubachuun itti fayyadamta.
- maqaan akka maqibsaatti tajaajiluu isaa hubattee himoota kee keessatti itti fayyadamta.
- hennaa ammeennaa fayyadamuun himoota ijaarta.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Osoo barreeffama armaan gadii hindubbisin gaaffiiwwan kanneen gareen irratti mari'achuun deebisaa.

1. Faalama qilleensaa jechuun maal jechuudha?
2. Qilleensa maaltu faala?
3. Miidhaan faalamni qilleensaa qaqqabsiisu maal fa'i?
4. Faalama qilleensaa hambisuuf ykn hir'isuuf maaltu godhamuu qaba?
5. Fakkiiwwan armaan gadii faalama qilleensaatiin walitti dhufeenya akkamii qabu?





B. Jechoonni armaan gadii barreeffamicha keessa jiru. Osoo barreeffamicha hindubbisin dura hiika jechoota kanneenii hiriyoota keetiin walitti himaa.

1. sirnakkoo
3. Oozoonii($O_3$)
3. naannawa nam-tolchee
4. dhuka'oota

**Gilgaala 2:** Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Barreeffama armaan gadii saffisaan dubbisuun gaaffiiwwan kanneen deebisi. Deebiiwwan dhuunfaan deebistan gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

1. Yaadni waliigalaa dubbifamichaa maali?
2. Faaltoonni qilleensaa maal fa'i?
3. Rakkoowwan faalamni qilleensaa qaqqabsiisaa jiru maal fa'i?
4. Biyyoonni shanan sadarkaa olaanaan kaarboondaayi'ooksaayidii qilleensatti gadilakkisan eenyu fa'i?
5. Faalama qilleensaa hir'isuuf falli maali?

## Faalama Qilleensaa

Yeroo keemikaalonnifi wantoonni xuraa'an ykn summaa'an adda addaa gara qilleensaatti gadi lakkifamuun ilmaan namaafi lubbu-qabeeyyii biroo yookiin naannawa uumamaafi nam-tolcheerra miidhaa geessisan faalamni

qilleensaa uumame jedhama. Qilleensi sirna gaazotaa walxaxaafi jijjiiramaa ta'e yoo ta'u, lubbu-qabeeyyiin dacheerra akka jiraatan taasisuuf gahee murteessaa qaba. Qaamni qilleensaa Oozoonii ($O_{3)}$ jedhamu akka uffata qorraatti dachee uwwisuun akka humni aduu guutumaa guututti dacheerra qubachuun faayyaa ilmaan namaa, lubbu qabeeyyii biroofi sirnakkoorra miidhaa hinbulchine dhoorka. Haa ta'u malee, Oozooniin yeroodhaa gara yerootti sababa faalama qilleensaatiin miidhamuun haphachaa wanta jiruuf ilmi namaas ta'ee sirnakkoon dachee balaaf saaxilamaa jira.

Wantoonni qilleensa faalan jajjaboo, dhangala'oofi gaazota ta'uu danda'u. Faaltonni kunis kan uummamaa ykn namtolchee ta'uu danda'u. Wantoota gochoota namaatiin uumamuun qilleensa faalan keessaa guguddoon kan armaan gadiiti.

- **Salfar Ooksaayidii (SOx)**: Salfar Ooksaayidiin koompaawundii keemikaalaa yoo ta'u, dhoo'insa Voolkaanoofi aara industiriirraa baahuun uumama. Cileefi boba'aan koompaawundii Salfarii wanta qabaniif, yemmuu gubatan Salfardaayi'ooksaayidii ($SO_2$) uumu. Salfar daayi'ooksaayidiin ammoo yoo Naayitiroojiin daayi'ooksaayidii ($NO_2$)n walitti makame Asiidii salfarii ($H_2SO_4$) uumu. Kanaafuu cileefi boba'aa akka madda humnaatti itti fayyadamuun Ooksaayidoonni Salfarii ($SO_2$fi $H_2SO_4$) gara qilleensaatti lakkifamuun faalama qilleensaa akka uuman taasisa.
- **Naayitroojiin Ooksaayidii($NO_x$):** Ooksaayidoota Naayitroojiinii heddu keessaa inni sadarkaa ol'aanaan qilleensa faaluun beekkamu Naayitiro ojiindaayi'ooksaayidii(**$NO_2$**) dha**.** $NO_2$n kompaawundii keemikaalaa yoo ta'u, yemmuu wantoonni adda addaa oo'a daran olaanaa ta'een gubatan uumama. Naayitiroojiindaayi'ooksaayidiin daran **Summaa'a**dha**.**
- **Kaarboonmoonooksaayidii (CO):** Kaarboonmoonooksaayidiin gaazii bifaafi foolii hinqabneefi kan nama hingubne ta'ee, daran summaa'aadha. Kan uummamus, boba'aa akka gaazii uumamaa, cileefi muka guutumaa guutuutti gubachuu dhabe ykn walakeessan gubatanirraayi. Wantoonni

gubataan qaama konkolaattotaa keessaa bahanis madda guddaa gaazii kanaati.

- **Kaarboondaayi'ooksaayidii($CO_2$)**: Gaaziin kun bifa, fooliis ta'ee, summaa'ina hinqabu. Maddi gaazichaa wantoota gubatan, oomisha simmintoofi afuura beeyilladoonni baafatani. Gaaziin kun oo'insi qilleensaa akka daran dabalu gochuu keessatti gahee guddaa qaba. Akkuma beekkamu yeroo ammaa oo'insi addunyaa wanta dabalaa deemeef miidhaan adda addaa gahaa jira.
- **Amooniyaa ($NH_3$):** Amooniyaan keemikaala bifa gaaziitiin argamu yoo ta'u, foolii badaa qaba. Amooniyaan wantoota xaa'oofi qoricha adda addaa oomishuuf oolan keessaa isa tokko. Kan maddee qilleensatti makamus wantootumaa kanneenirraayi. Keemikaalli kun kan bal'inaan faayidaarra oolu ta'us, keemikaala balaafamaa waan ta'eef, qilleensa faaluu keessatti gahee mataa isaa qaba.
- Fooliin balfaa kuufameefi dhangala'oota xuraa'anii, kan magaalootaafi industiriiwwan keessaa bahanirraa madduun qilleensa faala. Faaltonni qilleensaa kan dhuka'oota adda addaa keessaa maddanis gahee isaanii qabu.

Faalamni qilleensaa fayyaafi lubbuu namaarratti miidhaa olaanaa qaqqabsiisa. Akka ragaan Dhaabbata Fayyaa Addunyaa (DhFA) agarsiisutti, sababa faalama qilleensatiin waggaa waggaatti namoonni miiliyoonni 2.4 nidu'u. Kanneen keessayiis miiliyoonni 1.5 sababa faalama qilleensaa mana keessatti uumamuun du'u. Waggaa waggaatti uummanni Ameerikaa qofti kan 500,000 ol ta'an sababa dhibee onnee faalama qilleensatiin uumamuun du'u.

Qorannoowwan adda addaa akka agarsiisanitti du'a sababa dhibee sombaatiin qaqqabuufi faalama qilleensaa kan boba'aa gubataa konkolaattota keessaa bahuun uumamu gidduu walitti dhufeenya cimaatu jira. Lakkoofsi namoota waggaa waggaatti sababa faalama qilleensatiin du'an kan sababa balaa konkolaataatiin du'an nicaala. Akka qorannoon

bara 2005 taasiifame mul'isutti, Awurooppaa kessatti waggaatti namoota 310,000 oliitu sababa faalama qilleensatiin du'a.

Dhibeewwan faalama qilleensatiin uumamanii lubbuu namaa galaafatan kan akka asmii, dhibeewwan onnee, Sombaafi dhibeewwan ujummoo qileensaa fa'i. Lakkoofsi namoota dhibeewwan kanneeniin biyyoota industiriin guddatan keessatti du'aa jiranii saffisaan dabalaa dhufuun sadarkaa yaaddessaarra gaheera. Dhibeewwan kunneen lubbuu namootaa galaafachuun alas, namoonni hedduun manneen yaalaa keessa ciisanii akka yaalaman taasisuun tajaajila fayyaa uummataaf kennamurratti dhiibbaa geessisaa jiru. Baasiin biyyoonni adda addaa yaalii dhibeewwan kanaaf baasaniifi hir'inni oomishtummaa sababa namoota dhibichaan hojjirraa dhabamaniin uummamu guddina diinagdeerratti miidhaa olaanaa qaba.

Saanduqni armaan gadii biyyoota sadarkaa olaanaatti $CO_2$ qilleensatti gadi-lakkisuun oo'insa qilleensaa addunyaa dabalaa jiran agarsiisa.

| Biyya | $CO_2$ isaan waggaatti qilleensatti gadilakkisan ( Toonii $10^6$)n | Gahee isaanii akka addunyaatti |
|---|---|---|
| Chaayinaa | 6,103 | 21.5% |
| Ameerikaa | 5,752 | 20.2% |
| Ruusiyaa | 1,564 | 5.5% |
| Indiyaa | 1,510 | 5.3% |
| Jaappaan | 1293 | 4.6% |
| Jarman | 805 | 2.8% |
| Inglizii | 568 | 2.0 % |
| Kaanaadaa | 544 | 1.9% |
| Kooriyaa kibbaa | 475 | 1.7% |
| Xaaliyaanii | 474 | 1.7% |
| Dimshaasha gahee isaanii dhibbeentaan | | 67.2% |

Kaarboondaay'ooksaayidii maddisiisuu keessatti gaheen Afrikaa akka ardiitti 1.8 % qofa. Kuni ammoo biyyoota tokko tokkoof yoo hirame baayyee

xinnaadha. Haa ta'u malee, biyyoonni industiriin hinguddatin gaheen isaan qilleensa faaluu keessatti qaban xiqqoo ta'us, rakkoolee sababa faalama qilleensaatiin uummaman kan akka hongee, lolaa , dhibeewwan adda addaafi kkfniin daran miidhamaa jiru. Kanaaf yeroo ammaa biyyoonni qilleensa faaluu keessatti gahee guddaa qaban biyyoota kaaniif beenyaa akka kaffalan kan jedhamuuf.

Rakkoo faalama qilleensaa salphisuuf tarkaanfiiwwan adda addaa fudhatamuu qabu. Tarkaanfiiwwan kanneen keessaa inni tokko, kaarboondaayi'oksaayidii qilleensatti gadi lakkifamu hir'isuudha. Kuni ammoo kan ta'uu danda'u madda humnaa bobaa'aafi cileerraa argamu hir'isuun humna maddeen qulqulluu kan akka bishaanii, bubbee, biqiltoota, hurka, aduufi kkfirraa maddisiisuudha. Gama kanaan hojiin Itiyoophiyaan hojjechaa jirtu addunyaaf fakkeenya garii ta'aa jira.

B. Barreeffamicha irra deebitee sakkaattaan dubbisuun gaafiiwwan armaan gadiitti barreeffaman deebisi. Deebii walfakkaatan deebisuu keessan mirkaneeffachuuf, gareen irratti mari'adhaatii dareef gabaasaa.

1. Wanti dachee akka uffata qorraatti uwwisee jiru maal jedhama?
2. Gosoonni faaltota qilleensaa sadan maal fa'i?
3. Sababa faalama qilleensaatiin addunyaarratti waggaatti nama meeqatu du'a?
4. Ameerikaa keessatti qofa waggaatti nama meeqatu sababa faalama qilleensaatiin du'a?
5. Qilleensa dachee teenyaa sadarkaa tokkoffaan kan faalaa jiru biyya kami?

C. Gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa odeeffannoo dubbisicha keessatti laatameen Dhugaa ykn Soba jechuun deebisi. Yoo Soba jette sababa kenni.

1. Oozooniin ($O_3$) qilleensa qulqulluu beeyilladoonni afuura baafatani.
2. Qilleensa faaluu keessatti gaheen ilma namaa olaanadha.
3. Kaarboonmoonooksaayidiin gaazii summaa'ina hinqabne.

4. Amooniyaan gaazii faayidaas miidhaas qabu.
5. Fooliin balfa kuufameefi dhangala’oo xuraa’erraa bahu qilleensa hinfaalu.
6. Faaltonni qilleensaa boba’aafi cilee gubaterraa maddu Salfar’ooksaayidii jedhama.
7. Naayitiroojiin’ooksaayidiin koompaawundii keemikaala foolii badaa qabuufi summiirraa bilisa ta’e.
8. Biyyoota diinagdeen badhaadhan keessatti miidhaan faalamni qilleensaa qaqqabsiisaa jiru gadi aanaadha.
9. Addunyaarratti namoota balaa konkolaataatiin du’anirra kan faalama qilleensaatiin du’antu caala.
10. Faalamni qilleensaa lubbuu namaa qofa osoo hinta’iin diinagdees miidhaa jira.

D. Jechoonni armaan gadii dubbisa armaan olitti dubiste keessaa bahan. Haala hiika galumsaa isaanitiin iddoowwan duwwaa himoota armaan gadii akka sirriin xumuran filadhuu barreessi.

*A. murteessaa* *B. sirnakkoo* *C. haphachuu* *D. summaa’aa*

*E. balaafamaa* *F. balfa* *G. dhiibbaa* *H. maddisiisuu.*

1. Investimentiiwwan abbootii qabeenyaa biyya keessaafi biyyoota alaatiin Oromiyaa keessatti gaggeeffamaa jiran biyyattiif galii guddaa _________ danda’u.
2. _________ dhangala’aan Finfinnee keessaa gadi lakkifamu yoo ofeeggannoon too’atamuu baate, uummata gar-jallaa magaalaattii jiranirratti miidhaa guddaa fiduu danda’a.
3. Dhangala’aan xuraa’ee warshaalee keessaa bahu garmalee _______ dha.
4. Sochii misooma ariifachiisaa fiduun hiyyummaa dhabamsiisuuf taasifamu keessatti gaheen humna nama qulqullinaan leenji’ee ________ dha.
5. Biqiltoota haaraa dhaabuufi mukkeen uummamaan jiran akka

hinmancaane kunuunsuufi bineensota bosonaa balaarraa eeguudhaan madaalliin ___________ akka eeggamu gochuun nidanda'ama.

6. Dhuka'aan Nukileeraa garmalee ___________ wanta ta'eef oomishamee hojiirra akka hinoollee dhoorkamuu qaba.
7. Bokkaa cimaan roobee erga caamee booda hurriin samii keessaa wanta _________ f aduun baate.
8. __________ hongeen sababa hiri'ina roobaan uummamu qabeenya beeyiladaarraan gahu dandamachuuf, horsiisee-bultoonni boolla bishaanii qotachuu qabu.

E. Jechoota 'D' jala jiran keessaa C,D, Efi H faallaa isaanii barreessi.

**Gilgaala 3:** Shaakala Dubbisuun Boodaa

Deebii gaaffiiwwan armaan gadii hubannoo dubbisicha keessaa argatteefi bee-kumsa kee waliigalaarratti hundaa'uun dareef dhiheessi.

1. Faalamni qilleensaa Itiyoophiyaarra hagam miidhaa geessisaa jira? Miidhaan yoo gahaa jiraate, maal maal fa'i?
2. Faalama qilleensaa hir'isuu keessatti gaheen barattootaa maali?
3. Faalamni qilleensaafi baayyinni uummataa walitti dhufeenya qabu? Akkamitti?
4. Faalamni qilleensaa amma qaqqabaa jiru kun yoo itti fufe, gara fuul-duraa maaltu ta'a jettee yaadda?

## Barannoo 2: Caasluga

### Yaadannoo

**Fufiileefi akaakuu isaaniifi maqaa akka maqibsaatti fayyadamuu**

**A. Fufilee(maxxantuu)fi Akaakuu Isaanii**

Fufii jechuun dhamjecha ykn qaama jechaa taatee, kan qofaatti hiika guutuu hinqabne jechuudha. Kanaafuu, fufiin hiika argachuuf, jecha biraa kan mataa ofii danda'ee dhaabbatuutti maxxanuu qabdi. Gama biraatiin hirkattuu jechuunii dandeenya.

Fakkeenyaaf, fufiin ***al-*** jettu hiika qabaattus, hiikni ishii ifa ta'uu kan danda'u yoo of danda'aa tokkotti hirkatteedha. Haa ta'u malee, jecha **lama** jedhutti yoo galte, jecha biraa **al-lama** jedhu uumti. Jecha haara'a kana keessatti hiikni ishii si'a kan jedhu ta'a. Afaan Oromoo keessatti hirkattuu gosa lamatu jira. Isaaniis:

1. **Fufii duree:** Fufii jalqaba jechaarratti hirkattu jechuudha.

   **Fkn**. **al-** **hin-** **wal-** **ni-** fi kkf jalqaba jechoota, alsadi, garmalee, walduukaa, barkumee jedhanitti hirkatu.

2. **Fufii giddee**: Fufii hundee jechaa addaan saaquun gidduu galan. Hatau malee, fufii giddeen qorannoon ballaan geggeeffamee bira hinga'amne.

3. **Fufii duubee**: Fufii dhuma jechaatti hirkattu jechuudha.

   **Fkn**. -icha------ saricha

   -oota---- namoota

   -tti----- alatti fi kkf

**Gilgaala 4:** Shaakala Fufiilee

Jechoonni armaan gadii jecha hundeefi fufileerraa ijaarraman. Jechootarraa fufilee adda baasuun fufii duree ykn fufii duubee ta'u himi.

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| mitimootummaa | sarummaa | namooma | garlamee | summaa'aa |
| gaddeemtuu | walqixxummaa | fardeen | faaltota | jalqabuu |

**B**: Maqaa akka Maqibsaatti Fayyadamuu

Gareen jechaa tokko akka garee jecha biraatti tajaajiluu danda'a. Fakkeenyaaf, jechi tokko ramaddii garee maqaa ta'ee osoo jiruu, akka maqibsaatti tajaajiluu danda'a. Fakkeenyaaf, **Buna Jimmaa** yoo jenne, Jimmi maqaa iddooti. Haa ta'u malee, gaalee kana keessatti akka maqibsaatti gale. Bunni waa'ee isaa dubbachaa jirru, buna eessaa ykn kan akkamii akka ta'e ibsa.

**Gilgaala 5** Shaakala maqaa akka maqibsaatti tajaajilamuu

I. Gaaleewwan armaan gadii keessatti maqaalee akka maqibsaatti tajaajilan adda baasuun akkamitti akka maqaa ibsan himi.

1. midhaan mukaa
2. Tulluu Salaalee
3. Saawwan Booranaa
4. rooba arfaasaa
5. aduu roobaa
6. guntuta durbaa
7. Cilee doddotaa

II. Tokko tokkoo gaaleewwan armaa oliitiin hima mataa keetii barreessuun barsiisaa keetti agarsiisi.

## C. Hennaa Ammeennaa

Hennaa jechuun yeroo danaa gochimaan ibsamu jechuudha.
Hennaan ammeennaa gochoota yeroowwan armaan gadiitiinc raawwataman ibsa.

1. Gochoota irra deeddeebi'amuun amaleeffaman.
   Fkn. Daraartuun yeroo hunda ganama ganama shaayii dhugdi.
2. Haala amma jiru ibsuuf.
   Fkn. Ishiin gammadduudha.
3. Wanta akka waliigalaatti dhugaa ta'e ibsuuf.
   Fkn. Bineensi niyuusa.
   Kaarbo onmoonooksaayidiin gaazii summaa'aadha.
4. Yeroo gara fuulduraa ibsuuf.
   Fkn. Qormaanni boru sa'aa 2tti eegala.

**Gilgaala 6:** Shaakala Hennaa Ammeennaa

A. Himoota armaan gadii keessaa himoota hennaa ammeennaatiin barreeffaman adda baasi.

1. Yoo funyaan dhahan, ijji niboossi.
2. Namichi daran miidhamaadha.
3. Manni barumsaa keenya iftaan, gaafa Wiixataa, banama.
4. Balaa konkolaataatiin waggaa waggaatti namoonni millionni 1.2 lubbuu isaanii dhabu.
5. Badhaaneen shoboxee sirbaa jira.
6. Yaada ofii ibsachuun mirga uummamaati.
7. Bishaan lubbuudha.

B. Hennaa ammeennaatti fayyadamuun himoota mataa keetii shan barreessii barsiisaa keetti agarsiisi.

# Boqonnaa 6: Nageenya Karaa

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- barreeffama siif dhiyaate dubbisuun ergaa dubbifamichaa himta.
- hiika jechootaa akka galumsaatti himta; faallaa jechootaas barreessita.
- faayidaa, sarara xiqqaafi tuttuqaa sirriitti hubachuun barreeffama kee keessatti itti fayyadamta.
- wantoota walbira qabdee tokkummaafi addaddummaa isaanii barreessita.
- faayidaa hennaa amsiiqaa hubachuun hima keessa galchuun itti fayyadamta.
- odeeffannoo gabatee keessaa barreeffamatti jijjiirta.

## Barannoo 1: Shaakala Dubbisuufi Dubbachuu

***Gilgaala 1:*** Shaakala Dubbisuun Duraa

Barreeffama armaan gadii osoo hindubbisin dura gaaffiiwwan itti aanan gareen irratti mari'adhaa.

1. Nageenya karaa jechuun maal jechuudha?
2. Nageenyi karaa konkolaataa Itiyoophiyaa keessatti sadarkaa akkamiirra jira?
3. Biyya keenya keessatti sababoonni balaa konkolaataa maal fa'i?
4. Balaa konkolaataa sukaneessaa agartee beektaa? Yoo agartee beekta ta'e akkamitti akka uummameefi miidhaa hagamii akka qaqqabsiise dareetti himi.
5. Fakkii armaan gadiirraa maal hubatta?




**Gilgaala 2:** Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Barreeffama "Nageenya Karaa" jedhu saffisaan dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Ergaan waliigalaa barreeffamichaa maali?
2. Dubbisichi keeyyata meeqa qaba?
3. Faayyadamtoonni karaa eenyu fa'i?
4. Balaan konkolaataa dabalaa deemuu isaaf sababni guddaan maali?
5. Balaan konkolaataa biyyoota akkamiitti hammaata?
6. Rakkinni balaa konkolaataa Itoophiyaa keessatti hagam cimaadha?

## Nageenya Karaa


Yaadni nageenya karaa jedhu, itti fayyadamtoonni karaa konkolaataa hagam balaarraa bilisa ta'anii karaarra bobba'anii akka galan agarsiisa. Itti fayyadamtoota karaa yoo jennu, konkolaachistoota, namoota konkolaataa yaabbatanii imalan, akkasumas namoota lafoo karaarra deeman hammata. Barreeffama kana keessatti akka addunyaattiis ta'ee, akka biyya keenyaatti balaawwan karaarratti uummaman, sababoota isaaniifi fala isaanii ilaalla.

Babal'inni magaalootaafi guddinni industirii saffisaan dabalaa jiru, guddina diinagdee wanta fideef fedhiin geejibaa yeroodhaa gara yerootti dabalaa jira. Haa ta'u malee, hanguma sosochiin geejibaa dabalaa deemu, balaan karaarratti uummamus daran dabalaa jira. Odeeffannoowwan madda adda addaa akka agarsiisanitti addunyaarratti waggaatti namoonni miiliyoonni 1.2 sababa balaa karaarratti uummamuun yoo lubbuu isaanii dhaban, miiliyoonni 20 ol ammoo nimadaa'u ykn qaamaa hir'atu. Yeroo ammaa akka walii-galaatti balaan konkolaataa baayyinaan lubbuu namaa galaafachuun sadarkaa 11ffaarraa yoo jiraatu, bara 2020tti sababa du'aafi qaamaa hiri'inaa ta'uun sadarkaa 3ffaatti ol guddata jedhamee tilmaamameera.

Balaan karaa konkolaataarratti uumamu rakkoo fayyaa uummata addunyaa maraa ta'us, baayyinaan kan uummamu, Itiyoophiyaa dabalatee, biyyoota galii gadi-aanaafi giddu galeessa qaban keessatti. Itoophiyaa keessatti namoonni lafoo karaa konkolaataarra deemaniifi namoonni konkolaattota daldalaa imaltootaa yaabbatan baayyinaan balaaf kan saaxilaman yoo ta'u, biyyoota qarooman(misooman) keessatti balaan hedduumminaan uummamu konkolaattonni namoota dhuunfaa walitti bu'uuni. Kan baayyinaan miidhamanis konkolaachistootuma abbaa konkolaataa ta'ani. Fakkeenyaaf, Ameerikaatti balaawwan ciccimoon 60% konkolaachistootarra kan gahan yoo ta'u, Itoophiyaatti garuu 5% qofa. Kana jechuun ammoo baayyinni namootaa Itoophiyaa keessatti balaa konkolaataa yeroo tokkootiin du'an kan Ameerikaa harka 30n caala jechuudha. Odeeffannoon bara 1998 bahe tokko akka ibsutti balaa konkolaataatiin Itoophiyaan Ugaandaa duursuun addunyaa keessaa sadarkaa 1ffaarra akka turte mul'isa. Kun ammoo rakkinni kuni biyya keenya keessatti hagam yaaddessaa akka ta'e mul'isa.

Gabateen armaan gadii biyyoota addunyaa muraasa keessatti konkolaattota 10,000, kan heeyyama qaban keessaa meeqarra balaa cimaan akka qaqqabu agarsiisa.

**Fakkii: Konkolaattoota10,000 Eeyyama argatan Biyyoota Filaman Keessatti**




Akkuma walii-galaatti sababoonni balaa konkolaataa qaqqabsiisan gurguddoon, saffisaan oofuu, wantoota sammuu namaa adoochan kan akka alkooliifaa dhuganii oofuu, qabattoo ykn gonfoo mataa haala gahaafi sirrii ta'een itti fayyadamuu dhabuufi rakkina/ hanqina konkolaataan walqabate.

Qu'annoon Itoophiyaa keessatti gaggeeffame tokko balaawwan konkolaataa uummamaniif sababoota armaan gadii addatti kaa'eera.

- Daandiin gahaafi qulqullina sadarkaa isaa eeggate jiraachuu dhabuu.
- Beekumsi uummataa nageenya karaa ilaalchisee jiru gadi-aanaa ta'uu.
- Namoonni, konkolaattoonnifi beeyiladoonni walitti makamanii karaatti fayyadamuu.
- Seerri nageenya karaa ilaallatu gahaan dhabamuu; kan jirus haala gahaan hojiirra oolchuu dhabuu.
- Rakkoo hanqina konkolaataa.

- Namoota miidhamaniif waldhaansi gahaan laatamuu dhabuu.
- Seerri inshuraansii balaa konkolaataa dhabamuu.

Sababoota balaa konkolaataa qaqabsiisan kan armaan olitti tarreeffamaniin alattis namootas ta'ee meeshaalee konkolaataan tokko fe'uu qabuu ol itti fe'uu, hirriba gahaa osoo hinrafin yeroo dheeraaf walitti fufanii oofuu, gama konkolaachistootaatiin naamusni gahaan dhabamuufi kkf bal'inaan mul'atu.

Sababoota balaa konkolaataa armaan olitti ibsamaniin badiin lubbuu namaafi qabeenyarra gahaa jiru daran olaanaadha. Akkuma gabaasa ogeeyyii nageenya karaa(tiraafikoota) irraa yeroo hunda dhageenyuti Magaalaa Finfinneefi naannawa ishii qofa yoo fudhanne, guyyaan osoo balaan hinuummamiin nagaan oole jira jechuun hindanda'amu. Keessumattuu balaawwan tokko tokko garmalee suukaneessaa waan ta'aniif arguu mitii dhagahuun illee namatti ulfaata. Sababa balaa konkolaataatiin, lubbuu imaltoota konkolaataa guutuu akka hintaane ta'uun baduufi qabeenyi qarshii miiliyoonotaatti tilmaamamu daaraa ta'uun waanuma yeroo yeroon qunnamu ta'eera.

Gaaffiin dhumarratti ka'uu malu, "Malli balichaa maali?" kan jedhu ta'a. Balaan amma qunnamaa jiru kun akkanumatti kan itti fufu yoo ta'e, yeroo dhihoo keessatti rakkina cimaa hawaasummaafi diinagdee ta'uun misooma biyyaa gufachiisuu danda'a. Kanaafuu, mootummaafi uummanni waliin ta'uun rakkinicha hiri'suuf, yoo danda'ames hambisuuf, hojjechuu qabu. Uummanni barnoota nageenya karaa ilaalchisee laatamu hunda xiyyeeffannoon hordofuun hojiitti jijjiiruu qaba. Mirgaafi dirqama isaa beekuun, sochii nageenya karaa mirkaneessuuf taasifamu keessatti abbummaan dammaqinaan hirmaachuu qaba. Qaamonni leenjii konkolaachisummaa laatan, leenjii gahaafi qulqullina qabu laachuu qabu. Konkolaachistoonni itti gaafatamummaa ulfaataa baachuu isaanii hubachuun of eeggannoo cimaan konkolaachisuu qabu. Saffisa heeyyamamuu ol oofuun, naamusa badaa agarsiisuun, lubbuu namaa caalaa maallaqaaf dursa kennuun balaaf

nama saaxiluu hubachuun of eeggannoo taasisuu qabu.

Namoonni lafoo daandii konkolaataarra deeman seera tiraafikaa eeguun balaarraa of eeguu qabu. Of eeggannoo taasifamuu qabu keessaa yeroo hunda qarqara daandii karaa bitaa qabatanii demuu, 'Zeebraa' irraan cehuu, bitaa-mirga ilaallatanii cehuu, konkolaataa dhaabbatuun dahatanii cehuu dhiisuu, beeyiladoota daandiirra oofuu dhiisuu, ijoolleen akka daandiirratti hintaphanne dhoorkuufi kkf. Kan biraafi inni guddaan, qaama konkolaattotaa yeroo yeroon sakatta'uun nageenya isaanii eeguudha. Dhumarratti of eeggannoo kanneen hunda bira darbee yoo balaan uummame, lubbuun namootaa akka hindabarre gargaarsa atattamaa taasisuufiin gara mana yaalaa dhiheenya jirutti battalumatti geessuun lubbuu miidhamtootaa baraaruun nama hundarraa eeggama.

" Qabattoo sirriitti hidhachuun, miidhaa balaa konkolaataa 40-60% haa hir'isnu."

B. Barreeffama armaan olii sakattaan dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Sadarkaa addunyaatti waggaatti namoota meeqatu balaa konkolaataan du'a? Meeqatu madaa'a ykn qaamaa hir'ata?
2. Yeroo ammaa balaan konkolaataa lubbuu namaa galaafachuun sadarkaa meeqaffaarra jira?
3. Bara____________ balaan konkolaataa lubbuu namaa balleessuun sadarkaa 3ffaatti ol guddata.
4. Biyya _______________ keessatti balaawwana ciccimoon 60% konkolaachistootarra kan gahu yoo ta'u, Itoophiyaa keessatti garuu balaan ciccimoon konkolaachistootarra gahu _____ % qofa.
5. Bara 1998 Itiyoophiyaan akka addunyaatti balaa konkolaataatiin biyya kam duursuun 1ffaa turte?

C. Barreeffama armaan olii suuta hubannoon dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Baayyinni namootaa balaa konkolaataan biyyoota misoomaniifi kan guddachaa jiran keessatti du'aa jiran maaliif garaagartummaa guddaa godhate?
2. Itiyoophiyaa keessatti namoota akkamiitu baayyinaan balaa konkolaataaf saaxilama? Maalif?
3. Sababoota balaa konkolaataa qaqqabsiisan keessaa yoo xiqqaate afur barreessi.
4. Balaan konkolaataa sukaneessaa jedhamu kan akkamiiti?
5. Balaa konkolaataa hir'isuun dirqama eenyuuti?
6. Of eeggannoon namoota lafoo karaa konkolaataatti fayyadamaniin taasifamuu qabu maal fa'i?
7. Qabattoo hidhachuun miidhaa balaa konkolaataan uumamuu danda'u hagamiin hir'isuu danda'a?

D. Jechoota roga 'A' jalaa, kan barreeffama olitti dubbiste keessaa bahan, hiika isaanii akka galumsaa roga 'B' jala jiran waliin walitti firoomsi.

| | A | | B |
|---|---|---|---|
| 1. | lafoo | A. | dhugoomsuu |
| 2. | hammata | B. | shalagame |
| 3. | fala | C. | hiikoo/mala |
| 4. | hir'ina | D | hubannoo gadi fageenyaa |
| 5. | tilmaamame | E. | of keessatti qabata |
| 6. | saaxilaman | F. | nama miilan deemu |
| 7. | addatti | G. | ittiin of dhoksanii |
| 8. | suukkanneessaa | H. | miidhama |
| 9. | xiyyeeffannoo | I. | qofaatti |
| 10. | jijjiiruu | J. | si'aayinaan |
| 11. | mirkaneessuu | K. | hamma/kan argaa dhageettidhaaf hintolle |
| 12. | dammaqinaan | L. | hiikuu |
| 13. | dahatanii | M. | qaamaa-qalbiin. |

E. Jechoota armaan olii keessaa kan armaan gadiitti tareeffamaniif faalla isaanii barreessi.

1. lafoo
2. tilmaamame
3. saaxilaman
4. suukaneessaa
5. daamaqinaan
6. dahatanii

**Gilgaala 3:** Shaakala Dubbisuun Boodaa

Hubannoo dubbifamichaarraa argatteefi beekumsa kee waliigalaarratti hundaa'uun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Barreeffama dubbisterraa wanta haaraa maal baratte?
2. Ulfinni rakkoo balaa konkolaataa Itiyoophiyaa keessatti qaqqabu kan barreeffamicha keessatti ibsameefi kan ati duraan beektu hagam walsima?
3. Balaa konkolaataa hir'isuuf sirraa maaltu eeggama?
4. Wantoonni naannawa keetti balaa konkolaataaf sababa ta'aniifi kan barreeffama kana keessatti caqafaman hagam walfakkaatu? Sababoonni biraa kan barreeffamicha keessatti hincaqafamin hoo jiruu?
5. Balaa konkolaataan walqabatee muuxannoo addaa, kan hir'oota keef barnoota kenna jettee amantu, yoo jiraate dareetti himi.

## Barannoo 2: Caasluga

### Yaadannoo

**A. Sarara Xiqqaafi Tuttuqaa**

**I) Sarara xiqqaa (-)**

Sararri xiqqaan faayidaalee armaan gadii qaba.

a) Jecha jechoota lamarraa uumame gidduutti iddoo sagaleen keessaa haftetti gala.

Fkn. - dura + ta'aa = dura-taa'aa

- itti + aanaa = itti-aanaa

- qonnaan + bulaa = qonnaan-bulaa
- diigdamii + lama = diigdamii-lama

b) Qarqara (dhuma) sarara barreeffamaarratti jecha addaan kutuuf. Jechi adda cituu kan qabaatu birsagarratti.

Fkn. Afaan Oromoo afaanoota addunyaaratti bal'inaan dubbataman keessa tok- ko.

**I. Tuttuqaa /Fuftuu (…)**

Tuttuqaan barreeffama keessatti yaadni tokko citee hafuu agarsiisa. Iddoo yaada osoo hinbarreeffamiin hafeeti bakka buuti jechuudha.

Fkn. Abbaan Tulluu beeyilladoota gosa heddu kan akka , harree, farda, hoolaa… qaba.

**Gilgaala 4:** Shaakala Sirna Tuqaalee

Himoota armaan gadii keessatti sarara xiqqaa (-) fi tuttuqaa (…) bakka barbaachisanaitti galchi.

1. Siddiseen intala ayyaan qabeettiidha.
2. Biqiltuun gurra harree jedhamu lafa saqaatti marga.
3. Abbaan Gurmeessaa, "Farda koo ilma kiyya angafa, Gurmeessaaf, Sangaa gurraacha san intala tiyya Ayyaantuuf, gaachana koo" jedhee osoo hinxumuriin lubbuun isaa baate.
4. Biyyoonni Afrikaa Bahaa, Itiyoophiyaa, Keeniiyaa, Jibuutii, ____________ Ugaandaadha.
5. Eessumni koo qarshii torbaatamii torba naaf kenne.

**B. Hennaa Amsiiqaa**

Hennaan caasluga/seerluga afaanii keessaa gosa tokko yoo ta'u, yeroo gochi tokko itti raawwatame ykn itti ta'e agarsiisa. Hennaan amsiiqaa ammoo gosa hennaa ammaa yoo ta'u, gocha amma/yeroo dubbiin raawwatamaa jiru wanta ta'aa jiru agarsiisa. Gochi hennaa amsiiqaatiin ibsamu ammaan

tana ittifufaa wanta jiruuf hinxumuramne .

Fkn. Fardi garbuu nyaachaa jira.

Yeroo himni kun dubbatamu fardi gocha garbuu nyaachuu raawwachaa jira, hinxumurre ykn garbuu fixee ykn quufee nyaachuu hindhabne.

## Gilgaala 5: Shaakala Hennaa Amsiiqaa

A. Himoota armaan gadii keessaa, himoota hennaa amsiiqaatiin barreeffaman adda baasi.

1. Tolashiin Afaan Oromoo barsiisaa jirti.
2. Caalaan Herrega barsiisa.
3. Saffisaan Finfinnee bahuuf jira.
4. Haati Waariyoo Wandaboo uffachaa jirti.
5. Margaan sangoota bitee gurgura.
6. Nu'i irbaata nyaachaa jirra.
7. Kitaabni barataa haarofni hojiirra oolee jira.
8. Arfaaseen barnoota ishii kan yunivarsiitii xumuraa jirti.
9. Faalamni qilleensaa guddina dinagdee addunyaarratti dhiibbaa geessisaa jira.
10. Namoomsaan kitaaba seenaa Oromoo barreesseera.

B. Hennaa amsiiqaatti fayyadamuun himoota mataa keetii shan barreessuun barsiisaa keetti agarsiisi.

# Barannoo 3: Barreessuu

## A. Wantoota walbira qabanii barreessuu

Wantoota lama ykn lamaa ol walbira qabanii barreessuun, tokkummaafi garaagarummaa wantoota sanneen gidduu jiru agarsiisuu nama dandeessisa. Fakkeenyaaf, keeyyaata armaan gadii dubbisuun garaagarummaa konkolaataan imaluufi xiyyaaran imaluu ibsi.

### Konkolaataafi Xiyyaara

Konkolaataan imaluufi xiyyaaran imaluun garaagarummaa heddu qaba. Tokkoffaa, gatiin tajaajilaa konkolaataa kan xiyyaaraarra daran gadi bu'aa ta'us, xiyyaarri saffisaan konkolaataa caala. Konkolaatadhaan imaluun iddoowwan qalbii namaa hawwatan, kan akka bosonaa, tulluu, laggeenifi kkf,daawwachuu nama dandeessisa. Haa ta'u malee, konkolaataan xiyyaara caalaa balaaf kan saaxilame. Qabxiin garaagarummaa biraa ammoo, fageenya isaan deemani. Xiyyaarri osoo galaanaan ykn gufuu biraatiin hindaanga'iin biyyoota heddu qaxxaamuree fageenya kiiloomeetira kumaatamaa yoo imalu, konkolaatan haala kanaan imaluu hindanda'u. Akka waliigalaatti konkolaataafi xiyyaaran imaluun faayidaafi hanqina mataa isaa qaba.

**Gilgaala 6:** Shaakala Keeyyata Barreessuu

A. Mata-dureewwan armaan gaditti laataman keessaa tokko filachuun akkaataa fakkeenya keeyyata olitti dubbisteen keeyyata tokko barreessi.

1. Gaangee ykn farda yaabbatanii imaluu.
2. Baddaa jiraachufi gammoojjii jiraachuu.
3. Saayinsii Hawaasaafi saayinsii uumamaa.

B. Odeeffannoo gabatee armaan gadii keessatti laatame barreeffamatti geedda ruun keeyyata tokko barreessi.

Gabatee : Hirmaannaa Hojii Baadiyyaatti koorniyaan

| T.L | Hojii | Dhiira (%) | Dubartii (%) |
|---|---|---|---|
| 1 | Hojii qonnaa | 60 | 40 |
| 2 | Saawwan eeguu | 70 | 30 |
| 3 | Daa'imman guddisuu | 10 | 90 |
| 4 | Bishaan waraabuu | 10 | 90 |
| 5 | Hojii mana keessaa | 5 | 95 |
| 6 | Gabaadhaa meeshaalee bituu | 40 | 60 |
| 7 | Manaafi dallaa ijaaruu | 70 | 70 |

# Boqonnaa 7: Jeneraal Taaddasaa Birruu

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- dubbisa siif dhihaate akkaataa adda addaan dubbisuun ergaa isaa hubatta.
- jechootaaf hiika galumsaa laatta.
- sirna tuqaalee keessaa tuqaafi buufata xiqqaa adda baasuun tajaajila isaanii hubattee himoota kee keessatti itti fayyadamta.
- maqibsaafi gosoota isaa hubatta.
- hennaa raawwima ammeennaa hima keessatti itti fayyadamta.
- geerarsa goota faarsuuf naannawa keetti geeraramu funaantee barreessita.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Osoo dubbisa 'Jeneraal Taaddasaa Birruu' jedhu hindubbisiin, gaaffiiwwan armaan gadii gareen irratti mari'adhaa.

1. Suuraawwan fuula itti aanu irratti argaman kan eenyuu fa'i?
2. Waa'ee Jeneraal Taaddasaa Birruu maal beekta?
3. Jeneraal Taaddasaa Birruu uummata Oromoof maal gumaache?
4. Hojiin Jeneraal Taaddasaa Birruu maal ture?
5. Jeneraal Taaddasaa Birruu eessatti dhalate?





B. Jechooota armaan gadii kan barreeffama dubbisuuf jirtu keessaa bahan hiika isaanii hiriyoota kee waliin irratti mari'adhaa.

1. fashaleesse
2. wareegame
3. haaloo
4. dararama

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Barreeffama armaan gadii saffisaan dubbisuun gaaffiiwwan kanneen deebisi. Deebii keessan gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

1. Hojiin abbaa Jeneraal Taaddasaa maali?
2. Maqaan akaakayyuu Jeneraal Taddasaa eenyu jedhama?
3. Jeneraal Taadasaan barnoota isaa maaf addaan kute?
4. Jeneraal Taaddasaan akkamiin mana hidhaa biyya Sumaaliyaa keessaa bahuu danda'e?
5. Jeneraal Taaddasaan akkamiin loltuu idilee ta'ee qacarame?
6. Haala maaltu akka Jeneraal Taaddasaan yaada isaa geeddaratee qabsoo Oromootti makamu isa taasise?
7. Jeneraal Taaddasaan yeroo lammaffaaf maaliif hidhame?

B. Barreeffama armaan gadii sakattaan dubbisuun gaaffiiwwan kanneen deebisi.

1. Jeneraal Taaddasaan yoomifi eessatti dhalate?
2. Bifti Jeneraal Taaddasaa kan akkammii ture?
3. Haati Jeneraal Taaddasaa abbaan isaa erga du'ee hagamitti duute?
4. Jeneraal Taaddasaan erga booji'amee gara Sumaaliyaatti geeffamee, iddoo maal jedhamutti hidhame?
5. Jeneraal Taaddasaan leenjii loltummaa yeroo duraaf eessatti fudhate?
6. Jeneraal Taaddasaan Itiyoophiyaa keessatti barnoota waraanaa mana barumsa maal jedhamitti barate?
7. Jeneraal Taaddasaan H/sillaasee ajjeesuuf yaalii godhee kan ture yoomi?

## Jeneraal Taaddasaa Birruu

Taaddasaa Birruu Godinaa Shawaa Kaabaa (Salaale), Aanaa Hidhaabuu Abootee, Ganda Siree Morosee jedhamutti abbaa isaa Obbo Birruu Kenneefi haadha isaa Aaddee Boontuu Waaqjiraarraa bara 1914 dhalate. Bifti isaa magaala ifaa yoo ta'u, nama dheeraafi dhaabbata qajeelaa qabu ture. Jeneraal Taaddasaan nama tasgabbaa'aa haata'u malee, dandeettii dubbatee nama amansiisuu adda ta'e qaba ture. Walqixxummaa namootaatti wanta amanuuf, namoota sadarkaan isaa gadis ta'ee, isaa ol turan haaluma tokkoon simata ture.

Jeneraal Taaddasaa Birruu ilma qonnaan-bulaa yoo ta'u, osuma barnoota isaa barachaa jiruu, bara 1928 mootummaan abbaa irree Xaaliyaanii biyya keenya weerare. Abbaan Taaddasaa Obbo Birruu Keennee, jaalala biyya isaaf qaburraa kan ka'e, weerara Xaaliyaanii fashaleessee birmaddummaa biyyaa kabachiisuuf gootota biroo waliin bosona lixe. Loltuu cimaa kan ture Obbo Birruun, erga loltoota diinaatiin yeroo dheeraaf walwaraanaa turee booda, aara gaazii summaa'aa loltoota Xaaliyaanitiin dhuka'een gubachuun wareegame. Haati Taaddasaas osuma gadda ulfaataa du'a abbaa warraa

ishii keessa jirtuu, yeroo gabaabaa booda ishiinis du'aan boqotte.

Sanaan booda Taaddasaan haadhaafi abbaa malee qofaatti wanta hafeef barnoota isaa addaan kutuuf dirqame. Yeroo san Taaddasaan umrii ijoollummaa keessa kan tures ta'u, loltoota Xaaliyaanii, of tuulummaan Itiyoophiyaa weeraruun du'a abbaafi haadha isaaf sababa ta'an waraanee haaloo bahuuf ijoollummaan iddoo abbaa isaa bu'ee bosona seene. Yeroo san obboleessi abbaa isaa Balaambaraas Beekaa kan jedhamu Xaaliyaanidhaan lolaa waan tureef, Taaddasaan namoota naannoo isaa amansiisuun fudhatee wasiila isaatti makamee waraana eegale. Haa ta'u malee, lolarratti booji'amee, gara Moqaadishootti geeffamee hidhaan umrii guutuu itti murtaa'ee, iddoo Daniinaa jedhamtutti hidhame. Mana hidhichaa keessattis dhakaa falaxuu dabalatee hojiiwwan daran ulfaataa ta'an hojjechuufi miidhaawwan birootinis osuma dararamaa jiruu, Xaaliyaaniin wanta moo'ameef, mootichi Hayilasillaasee iddoo baqatee turee biyyaatti deebi'e. Moqaadishoonis too'annoo loltoota Ingiliizii jala wanta ooltef, Taaddasaan mana hidhaatii hiikkame.

Oogganaan loltoota Ingiliizii tokko dhaabbataafi dandeettii Taaddasaa hubachuun akka inni loltummaa idileen akka qacaramu waan affeereef, gara Mombaasaa, Keeniyaa deemuun loltummmaan leenji'e. Erga leenjii xumuree, kutaalee waraanaa Itoophiyaa adda addaa keessatti tajaajiluun guddina sadarkaa heddu argateera. Bara 1934 gara mana barnootaa waraanaa Holotaa Gannati seenee barnoota saayinsii waraanaa barate. Erga barnoota isaa sadarkaa olaanaan xumuree booda, bara 1937 manuma barumsaa kanatti leenjisaa ta'ee ramadamuun tajaajilaa ture.

Yeroo san humna Poolisii cimaa ijaaruun barbaachisaa ta'ee wanta argameef, ajaja Hayilasillaaseetiin gara hoomaa Poolisiitti makamee humna Poolisii darbatamaa jedhamu leenjisee gurmeessuun oogganaa ture. Jeneraal Taaddasaan bara 1956 eegalee hanga Onkolooleessa 1959 mootummaa Hayilasiillaaseetiin hidhametti ajajaa olaanaa waraana biyyattii ture.

Taaddasaan bara 1955 muudama Jeneraallummaa kan argate yoo ta'u, cimina hojii isaatiin agarsiiseen badhaasa heddu argateera. Isaan keessa

muraasni:

- Niishaanii Miniliik II
- Niishaanii qondaala loltummaa Minilik II
- Niishaanii mormaa
- Niishaanii Hayilasillaasee I
- Niishaanii Tajaajila Waggaa Kudha-shanii.
- Biyya alaatii ammoo, oogganaa biyya Yugoozilaaviyaa kan turan Maarshaal Tiitoorraa Niishaanii badhaafameera.

Jeneraal Taaddasaan dandeettii saayinsii waraanaa olaanaa waan qabuuf, ooggantoota qabsoo bilisummaa biyyoota Afrikaa akka leenjisu H/Sillaaseedhaan dirqamni itti laatamaa ture. Namoota biyya alaa inni leenjise keessaa inni tokko qabsaa'aa bilisummaa beekkamaa kan ta'e Pireezidaantii Aafrikaa Kibbaa duraanii, Neelsan Maandeellaa ture. Neelsaan Maandeellaanis gargaarsa Jeneraal Taaddasaa hin'irraaffanne. Erga yeroo dheeraaf hidhamee hiikamee booda kitaaba waa'ee seenaa jireenyaa isaa kan " Long Walk to Freedom" jedhu keessatti, Jeneraal Taaddasaan bara 1962 nama yeroo duraaf leenjii qabsaa'ummaa isaaf laate ta'uu ibseera. Kanatti aansuun Jeneraal Taaddasaan akkamitti gara qabsoo Oromootti akka makame ilaalla.

Jeneraal Taaddasaan dhalootaan Oromoo haa ta'uu malee, uummanni Itoophiyaa tokkuma kan jedhu ilaalcha biyyaalessummaa cimaa qaba ture. Haaluma kanaan sirna mootummaa yeroo sanii amanamummaan tajaajilaa ture. Amantuma isaa kanarraa kan ka'e, Oromoonni yeroo san cunqursa sirni nafxanyaa uummta Oromoorra geessisaa ture mormuuf sochii taasisaa turan, isaan waliin ta'uun akka socho'u gaafannaan, gaaffii isaanii fudhachuu didee ture. Gaaffii san fudhaachuu dhabuuf sababni inni dhiheessaa ture, "Ani duubatti deebi'ee siyaasa gosaa gaggeessuu hinbarbaadu." kan jedhu ture.

Yeroo san Jeneeraalichi fedhii lammii biyyattii doofummaa keessaa baasuu wanta qabuuf, itti gaafatamummaa birootti dabalataan Pireezidaantii Hoomaa Qubee Biyyaalessaa ta'ee hojjechaa ture. Dhaabbanni kun barnoota biyyattii keessatti babal'isuuf kan dhaabbate ture. Asirrattis

uummata barnootaaf kakaasuun namni hedduun akka baratu gochuun hojjii bu'a qabeessa hojjetee ture.

Haa ta'u malee, Jeneraal Taaddasaan ilaalcha Itiyoophiyummaa isaa akka sibiilaa jabaatu san gaaffii keessa galchuun, dhaabbatee of ilaaluun hundee isaatti akka deebi'u wanti isa dammaqse tokko uummamuun hin'oolle. Jeneraalichi sirna mootummaa yeroo saniif amanamaa waan tureef, abbootiin taayitaa sirna nafxanyaa hunduu Jeneraal Taaddasaan akka Amaara ta'etti amanu ture. Guyyaa tokko galgala mana jireenyaa, muummee ministirootaa yeroo sanii kan turan, Akiliiluu Habtawalditti irbaata affeeramanii osuma taphachaa jiranuu, Muummichi ministirootaa, Akiliiluu H/wald Taaddasaadhaan akkas jedheen,"*Taaddasaa! Erga duula barnootaa kana oogganuu eegaltee, barnoota, barnoota jechuu baay'istee jirta. Baradhaa jechuun bayeessa. Haa ta'u malee, eenyu akka barsiisuu qabnu beekuu qabda. Nu'i biyyattii tana kan bulchaa jirru Oromoota, yoo xiqqaate, jaarraa tokkoon duubatti hambisuuni. Yoo haabaratan jettee yaadde, isaan galaanaa nurra dhangala'u."*

Jeneraal Taaddasaan gurra isaa amanuu hindandeenye. Haala inni uummata ija tokkoon ilaalee biyya tokko ijaaruuf ifaajaa jirutti, imaammanni dhoskaa, Oromoo barumsarraa fageessuun doofomsanii bituu jiraachuun isaa akka dammaqu isa taasise. Kan duraan Oromoota waliin akka socho'u kadhatamee dide, kadhatee itti makame. Ergasii sirna gita bittaa nafxanyaarratti hadheeffatee qabsaa'uu eegale.

Jeneraal Taaddasaan erga sochii Oromoonni muraasni mirga uummata Oromoo kabachiisuuf taasisaa turanitti makamee booda, dandeettiifi muuxannoo sanaan dura loltummaafi ooggantummaan horateetti fayyadamuun dammaqinaan wanta qabsaa'eef, sochii taasifamaa ture gara sadarkaa olaanaatti ceesisuu danda'eera. Jeneraal Taaddasaan fonqolcha bara 1953 Jeneraal Mangistuu Niwaayifi Obboleessa isaa Obbo Garmaamee Niwaayiin mootummaa H/Sillaaseerratti aggaamame ture fashaleessuu keessatti gahee olaanaa qaba ture. Garuu bara 1959 jibbiinsa sirnicharraatti horaterraa ka'uun matuma isaatiin namoota isa waliin jiran qindeessuun mooticha H/Sillaasee ajjeesuuf yaalii godhee ture. Haa ta'u malee, lootee galtuun/basaastuun isaan fakkaachuun iccitii san

keessatti hirmaate tokko iciticha duursee mootummaaf wanta laateef, yaalichi fashalaa'ee, innis too'annaa jala oolee duuti itti murtaa'e. Boodas mootichi H/Sillaasee murtii du'aa gara hidhaa umrii guutuutti fooyyesseefii Hararitti akka hidhamu taasise.

Sababa kufaatii mootummaa H/Sillaaseetiin hidhaadhaa hiikkame. Mootummaan Dargiis cunqursa uummata Oromoo itti fufsiisuuf waan socho'eef, Jeneraala Taaddasaan mirgi uummatichaa qawween qofa mirkanaa'u danda'a amantii jedhu qabachuun bosona gale. Haa ta'u malee, bosona lixee yeroo gabaabaatti waan qabameef, Bitootessaa 9 bara 1967 ajjeeffame.

C. Dubbisa armaan olii suuta dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Jeneraal Taaddasaan amala akkamii qaba ture?
2. Bara Xaaliyaaniin Itoophiyaa weerartu Taaddasaan nama umrii hagamii ture?
3. Haati Taaddasaa maal taatee duute?
4. Jeneraal Taaddasaan ijoollummaatti barnoota addaan kutee maaliif bosona seene?
5. Hayilasillaaseen maaf baqatee ture?
6. Hojii oogganummaa Jeneraala Taaddasaan hojjeete keessaa inni sadarkaan olaanaa ta'e maal ture?
7. Badhaasoonni adda addaa Jeneraal Taaddasaan badhaafame maal agarsiisa?
8. Abbootiin taayitaa mootummaa H/Sillaasee maaliif Jeneraal Taaddasaa amanaa turan?
9. Bara 1953 maaltu ta'e?

D. Jechoota armaan gadii, kan barreeffamicha keessaa bahaniif, faallaa hiika galumsaa isaanii barreessi.

| | | |
|---|---|---|
| 1. tasgabbaa'aa | 2. simata | 3. fashaleesse |
| 4. haaloo | 5. dararame | 6. gurmeessuu |
| 7. hin'oolle | 8. ifaajaa | 9. fonqolcha |
| 10. hadheeffatee | | |

E. Jechoota armaan oliitiin himoota mataa keetii barreessi.

**Gilgaala 3:** Shaakala Dubbisuun Boodaa.

Hubannoo dubbifamichaarraa argatterratti hundaa'uun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi. Deebii keessan gareen iirratti mari'achuun dareef gabaasaa.

1. Seenaa Jeneraal Taaddasaarraa maal baratte?
2. Sochii Oromiyaa misoomsuuf taasifamaa jiru keessatti seenaan Jeneraal Taaddasaa Birruu faayidaa maalii qaba?
3. Jeneraal Taaddasaan, abbaan isaafi wasiilli isaa Beekaan Xaaliyaaniidhaan loluuf bosonatti galuun isaanii maal ibsa?
4. Waa'ee jaalala biyyaa ilaalchisee, seenaan Jeneraal Taaddasaa Birruu maal nama barsiisa?

## Barannoo 2: Caasluga

**Yaadannoo**

**A. Sirna Tuqaalee**

Sirni tuqaalee mallattoolee barreeffama keessa galuun hiika/ergaa barreeffamaa ifa tasisani. Osoo sirna tuqaaleetti fayyadamuu baannee, walumatti fufnee barreessinee, yaadni tokko eessaa ka'ee eessatti akka xumuramu ykn yaadonni kum akka waliin deemaniifi kkf beekuun rakkisaa ta'a. Barannoo kana keessatti tajaajila tuqaafi buufata xiqqaa baranna.

I. **Tuqaa (.)**

Bareeffama keessatti tuqaan tajaajiloota armaan gadii qaba.

1. Yaadni (himni) tokko xumuramuu agarsiisuuf.
   - Hirribni naqabe.
   - Kitaaba natti kenni.
2. Kottooffannaa agarsiisuuf.
   - Bilbila = bil.
   - Lakkoofsa = lakk.

3. Gabaajee agaarsiisuuf.

tartiiba lakkoosaa ---T.L.

Yuunivarsiitii Madda Walaabuu----- Y.M.W

4. Herrega keessatti lakkofsa guutuufi haftee adda baasuuf.

20.5

9.12

**II. Buufata xiqqaa (;)**

**Buufanni xiqqaan tajaajiloota armaan gadii qaba.**

1. Yaadota guutuu lama gidduu boqonnaan jiraachuu agarsiisuuf.

- Fkn. Barana bokkaan birraa roobe; omishni gaariin ni'argama.
- Gowwaan nibaata; gamni ninyaata.

**Gilgaala 4:** Shaakala Sirna Tuqaalee

A. Himoota armaan gadii keessatti iddoo barbaachisutti tuqaafi qoodduu jabaa galchi.

1. Lammiin ijoollee saddeet qaba
2. Sareen nidutti waraabessi karaa isaati deema
3. Karaa poostaatiin ergaa erguufi fudhachuuf LSP sibarbaachisa.
4. Barsiisaan yeroo barsiisu barnoota ifa gochuuf fkn laachuu qaba.
5. Caalaan niqota haati manaa isaa nidaldalti
6 KLB Jimmaa barsiisota heddu leenjisee eebbisiise
7. Ushee yoo jedhan harreen gurra dhaabdi

B. Tuqaafi buufata xiqqaatti fayyaadamuun himoota shan barreessii barsiisaa keetti agarsiisi.

**B. Maqibsaafi Gosoota Isaa**

Maqibsiin maqaa ykn bamaqaa ibsa. Kana jechuun waa'ee maqaa ykn bamaqaarratti odeeffannoo dabalataa kenna jechuudha. Maqaan ykn bamaqaan kan akkamii, qeeqa, maaliifi wkf akka ta'e ibsa.

Fkn. Oromiyaan badhaatuudha. Ishiin bal'oodhas.

Jechi **badhaatuu** jedhu, **Oromiyaa** ibsa ; inni **bal'oo** jedhu ammoo maqibsa **ishii** jedhu ibsa. Kanafuu jechoonni **badhaatuu** fi **bal'oo** jedhan maqibsoota. Afaan Oromoo keessatti maqibsi maqaa ykn bamaqaa ibsamu sana booda dhufa.

### Gosoota Maqibsaa

Maqibsi gosoota armaan gadii qaba.

1. **Maqibsoota hangaa**
   - Fkn. Addunyaa keessatti namoonni **heddu** bishaan qulqulluu hinargatan..
   - Daree keessa barattoota **xiqqa**tu jira
2. **Maqibsoota lakkoofsa agarsiisan**

   Fkn. Ayyaanaan fardeen **lama** bite.
   - Lakkoofsi **lama** jedhu maqaa **fardeen** jedhu ibsa.
3. **Maqibsoota abbummaa agarsiisan**

   Fkn. Manni **keenya** bal'aadha.
   - Jaalalli **isaanii** namatti tola.
4. **Maqibsoota iyyaafannoo agarsiisan**

   Fkn. a) Kophee kee kana **meeqa**n bitte?

   b) Kaayyoon kee kan gara fuulduraa **maali**?

   Fkn. (a) keessatti maqibsi **meeqa** jedhu maqaa **kophee** jedhu ibsa. Fkn.(b) keessatti maqibsi **maali** jedhu, maqaa **kaayyoo** jedhu ibsa.

**5. Maqibsoota maalummaa agarsiisan**

Fkn. Gurbaa **gabaabaan** sun barnootaan cimaadha.
- Warqiin **Wallaggaa** qulqullina olaanaa qaba.

Hub: Maqibsoonni maalummaa agarsiisan maalummaa, bifa, amalaafi kkf ibsu.

**Gilgaala 5:** Shaakala Maqibsaafi Gosoota Isaa

Himoota armaan gadii keessatti maqibsoota jala sararuun gosa isaanii himi.

1. Qonnaan-bultoonni baayyeen sooroman.
2. Namni gowwaan bona dhadhaa, ganna ammoo ashaboo daldala.
3. Dargaggoonni hedduun bareedina ishii nidinqisiifatu.
4. Daldaltichi qarshii dhibba buufate.
5. Toleeraan fayyaa isaa sirriitti eeggata.
6. Ijji Dureettii qorsa fakkaata.
7. Sangaan Harargee faaran gabbata.
8. Intalli diimtuun sun hiriyaa tiyya.

## C. Hennaa Raawwima Ammeennaa

Raawwimni Ammeennaa akka hennaa tokkootti tajaajiloota armaan gadii qaba.

1. Gocha duraan eegalee hanga ammaatti itti fufaa jiru ibsuuf.

   Fknf: Tolaan waggoota saglan darbe Finfinnee keessa jiraateera.

2. Gocha yeroo darbe keessa raawwatee xumurame, garuu bu'aan isaa amma argamu/mul'atu agarsiisuuf.

   Fkf. Jimaan mana ijaarrate.

   Koorsaan halbeedhaan harka of mure.

   **Hub**. Hima $1^{ffaa}$ keessatti manni ijaaramee xumurame. Kanaafuu gochi ijaarsaa amma hinjiru. Kan mul'atu bu'aa gochichaa kan ta'e-**mana**. Hima $2^{ffaa}$ keessattis gochi harka of muruu raawwatamee darbe. Kan amma mul'atu bu'aa isaa fknf diiga ykn madaa ta'uu mala.

3. Gocha yeroo darbe keessa raawwatame kan yeroon raawwiin isaa hinyaadatamne/hinbeekkamne ibsuuf.

   Fkf. Ani Asoossama dheeraa " Godaannisa" jedhu dubbiseera.

Himni armaan olii, yeroo darbe keessa "Godaannisa" dubbisuu koo, garuu kanan yeroon dubbise hinyaddanne ta'uu ibsa. Asirratti bu'aan dubbisa kiyyaa, jechuun beekumsi ergaa assoossamichaa sammuu kiyya keessa jiraachuu ibsa.

### Gilgaala 6: Shaakala Hennaa Raawwima Ammeennaa

(i) Himoota armaan gadii keessaa kan raawwima ammeennaatiin barreeffaman adda baasi.

1. Hordofaan waggoota kudha-shaniif barsiisaa Fiiziksii ture.
2. Ani laaqana koo nyaadheera.
3. Margeen ogummaa Narsiitiin leenjifamteetti.
4. Hidha Haaromsaa laga Abbaayyaarratti ijaarramaa jiruuf gargaarsi funaannamaa jira.
5. Dinqituun kutaa 10 xumurte.
6. Ayyaanni maatii barattootaa mana barumsaa keenyatti kabajamuuf jira.
7. Naannoo keenyatti bokkaan cimaan roobera.

(ii) Hennaa raawwima ammeennaatti fayyadamuun himoota shan barreessi. Gareen ta'uun himoota keessan walitti agarsiisuun sirrii ta'uu keessan irratti mari'adhaa.

## Barannoo 3: Afoola

**Yaadannoo**

**Geerarsa**

Akkumma beekkamu uummanni Oromoo jireenya hawaasummaa isaa keessatti ergaa adda addaa dabarsuuf, yaada, fedhii, gadda, gammachuu, jaalaa, quuqqaafi kkf ibsachuuf afoola addaddaatti gargaarama. Afoola keessaa inni tokko geerarsa. Geerarsi kaayyoo adda addaaf geeraramuumala. Isaan keessaa inni tokko goota faarsuuf.

**FKn. Geerarsa namni diina ajjeese geeraru**

Leenci sardiida miitiree rukunnaan dutti mitii
Gafarsi loon mitiiree dhoofnaan gadooddi mitii
Arbi daa'ima mitiiree rukunnaan boosi mitii
Boorri koo booradhaaree kan murraan muratu
Kan tumnaan tumamtu.

### Gilgaala 7: Shaakala Afoolaa

Beekumsa keetti fayyadamuun ykn namoota naannoo kee kan geerarsa beekan gaafachuun geerarsa goota faarsuuf geeraramu, yoo xiqqaate sadi, barreessii dareetti dhiheessi. Barreessuu qofa osoo hinta'iin yeedaloo isaa eeguun dareetti geerrari.

# Boqonnaa 8: Sirna Nyaataa

**Kaayyoo: Barnoota boqoonnaa kanaatiin booda:**


- dubbisa siif dhihaate dubbisuun dhaamsa isaa himta.
- hiika jechootaa akka galumsaatti himta.
- bamaqaafi gosoota isaa hubachuun barreeffama keessatti sirriitti itti fayyadamta.
- tajaajila hennaa darbeennaa hubachuun himoota keessatti itti fayyadamta.
- tapha ijoolleefi seera taphaa hubachuun taphoota ijoollee naannoo keetti taphatamu beerreessuun dareetti dhiheessita.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

Barreeffama armaan gadii osoo hindubbisiin, gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Sirna nyaataa jechuun maal jechuudha?
2. Nyaata fayyaa namaaf mijataa ta'e jechuun maal jechuudha?
3. Yeroo baayyee maal faa nyaatta?
4. Nyaanni ati yeroo heddu nyaattu kun madaallawaadha jettaa? Maaliif?
5. Soorata maal fa'itu dhangaalee (nutireentota) kam kam qabu?
6. Fakkiin armaan gadii maal agarsiisa?



## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Barreeffama armaan gadii saffisaan dubbisuun gaaffiiwwan kanneen deebisi. Deebiiwwan keessan gareen irratti mari'adhaatii dareef gabaasaa.

1. Dubbisicha keessatti sirni nyaataa akkamitti ibsame?
2. Garaagarummaan nyaata uummanni addaddaa nyaatu maaliin murtaa'a?
4. Nyaatni nu'i nyaannu akkamiin gara qaama keenyaa galuun humna nuuf laata?
5. Dhangaaleen soorataa gosa meeqa?

B. Akkaataa odeeffannoo dubbisicha keessatti laatameen, himoota armaan gadii Soba ykn Dhugaa jechuun deebisi. Yoo Soba jette, himichi akka dhugaa ta'utti sirreessii barreessi.

1. Gosti nyaataa iddoowwan adda addaatti nyaataman argamuufi dhaabamuu isaanitiin murtaa'u.
2. Nyaatni fayyaa namaaf mijataa ta'aniifi madaallawaa ta'an dhibee nurraa ittisuu bira darbanii yoo dhibamnellee nu fayyisuu danda'u.
3. Sooranni nu'i nyaannu erga hanga dhumaatti bullaa'ee booda, wantoonni qaama keenyaaf barbaachisan xuuxxamanii dhiigatti makamuun humna nuuf laatu.
4. Dhangaaleen hundinuu baay'inuma walqixa ta'een qaama keenyaaf barbaachisu.

5. Viitaaminoonnifi miniraalonni qaama keenyaaf humna hinlaatan.
6. Hanqina nyaataa jechuun yeroo hunda nyaata xiqqoo nyaachuu jechuudha.

## Sirnaa Nyaataa

Sirna nyaataa jechuun seelota lubbu-qabeeyyiif wanta jireenyaaf isaan barbaachisan bifa soorataatiin laachufii jechuudha. Sooranni lubbu-qabeeyyii ammoo wanta isaan nyaatani. Keessumattuu wanti ilmi namaa nyaatu barmootaafi aadaan murtaa'a. Wanti hawaasa /aadaa tokko keessatti dhangaa mishaa ta'ee nyaatamu, aadaa biraa keessatti kan nyaachuuf hinyaaddamne ta'uu mala. Nyaanni fayyaa namaaf mijataa ta'aniifi madaalawaan rakkoowwan fayyaa addaddaarraa nama baraara; kan dhibames dhibee isaa fayyisuu danda'a. Gama biraatiin hanqinni nyaata madaalawaa dhibeewwan hanqina dhangalee nyaatatiin dhufan kan akka- kuukkii garaachaa (Kiwaashirkoor); Iskaarvii(dhibee hanqina viitaamiin Ctiin dhufu), furdina too'annoon alaa, dhibee onnee, dhibee shukkaaraafi kkf nama saaxila.

Qaamni namaa koompaawundoota keemikaalaa kan akka bishaanii, kaarboohayidireetii (Shukkaara, Istaarchifi halgee(fiber)), Amiinoo a siidootaa pirootiiniirraa argaman, Faatii Asiidootaa kan coomaafi Zayitiirraa argaman, Niyuukleek Asidootaa ( DNA fi RND ) of keessaa qaba. Koompaawundoonni kun ammoo gama isaaniitiin ilamantoota akka, Kaarboonii, Haayidiroojiinii, Ooksijinii, Naayitroojiinii, Foosfarasii, Kaalshiyeemii, Sibiila, Ziinkii, Maaginiiziyeemii, Maangaaniziifi kkf of keessaa qabu. Koompaawundonni keemikaalaafi ilamantoonni kun hundinuu bifaafi qindoomina adda addaatiin qaama biqiltootaafi beeyilladoota ilmi namaa sooratu keessatti argamu.

Nyaanni nu'i nyaannu sirna bullaa'insaa qaama keenyaa keessa darbuun hanga dhumaatti keemikaala bulla'insaatiin erga bullaa'ee booda, ilamantoonnifi koompaawwundoonni isaan qaban xuuxxamuun karaa ujummoolee dhiigaan qaama seenuun seelotaaf soorata ta'u.

Akka waliigalaatti nyaanni bilcheeffamee hinturiin kan gosa addaddaafi kan warshaa keessatti hin'oomishamiin, nyaata gosa tokkoo kan irra deddeebi'amee nyaatamuufi kan warshaa keessatti oomishame caalaa fayyaa namaaf gaariidha. Keessumattuu kuduraafi muduraa adda addaa soorachuun bullaa'insa nyaataafi xuuxxama koompaawundootaafi ilamantootaa mijeessuun, qaamni keenya humna gahaa akka nyaatarraa argatu taasisa. Dabalataanis guddinaafi fayyummaa seelotaa ni'eega; fedhii nyaataa nisirreessa. Shukkaara dhiiga keenya keessaa nitoo'ata.

Sooranni, dhangaalee (niyuutireentoota) gosa ja'a qaba. Isaanis, kaarboohayidireetii, faatii, pirootiinii, viitaaminii, miniraalotaafi bishaani. Gosti dhangaalee ja'an kun dhangaalee gurguddoo (kan hedduminaan barbaaddaman)fi dhaangaalee xixiqqaa (kan xiqqeenyaan barbaaddaman) jedhamanii lamatti qooddamu. Isaan guguddoon kaarboohayidireetii, faatii, Pirootiiniifi bishaani. Isaan xixiqqaan ammoo, miniraalotaafi viitaaminoota. Dhangalee guguddoon, bishaan malee, qaama keenyaaf humna laatu. Fakkeenyaaf, yoo sooranni nu'i nyaanne haala gaariin bullaa'ee guutumaa guututti xuuxxame, Kaarboohayidireetiifi Pirootiiniin giraamni tokko humna kiiloo kaaloorii 4 yoo maddisiisan, faatiin ammoo giraamni tokko kiiloo kaalorii 9 maddisiisa.

Sooratoonni tokko tokko dhangalee hunda ykn irra jireessa yoo qabaatan, kaan ammoo muraasa qofa qabu. Dhibeen addaddaa qaama keenya keessatti kan uummaman hanqina dhangaalee barbaaddamanii ykn heddumina goosa dhangaa tokkootini. Fakkeenyaaf, ashaboofi bishaan fayyaa qaama keenyaaf daran barbaachisaa ta'anillee, hanga barbaaddamanii ol baayyinaan soorannaan nama dhukkubsuu ykn nama ajjeessuullee danda'u. Kanaafuu fayyaa qaama keenyaa eeggachuuf gosa dhangaalee hundarraa hanga fayyummaa qaama keenyaaf gahaa ta'an argachuu qabna. Kana ta'uu baannaan rakkina fayyaa sababa hanqina nyaataatiin dhufutu nuqunnama.

Hanqina nyaataa jechuun xiqqeenya, heddumina ykn madaallii dhabeenya nyaataa jechuudha. Xiqqeenya nyaataa jechuun yeroo dheeraaf nyaata xiqqaa

humna qaama keenya keessaa bahuun wal hinmadaalle nyaachuudha. Haalli kun ammoo jabina/humna nama dhabsiisuun fayyaa namaas miidha. Nyaata hedduuminaan nyaachuu jechuun ammoo humna qaama keenyaaf barbaachisuu ol baayyee nyaachuu jechuudha. Kuni ammoo rakkoolee fayyaa kan akka furdinaafi ulfina qaamaa daran dabaluu, dabbasaa qaama namaarraa luqqisuu, caccabiinsa qeensaa, dhibee Shukkaaraa, dhiibbaa dhiigaa, kaanseriifi kkf fida. Nyaata madaallawaa hintaane jechuun dhangaa tokko ykn muraasa qofa hanga barbaachisuu ol argachuun kaan ammoo hanga barbaachisan argachuu dhabuu jechuudha. Kuni ammoo rakkoo xiqqeenyaanis ta'ee, heddumminaan dhufaniif sababa ta'a.

Qu'annoon tokko tokko akka mul'isanitti barattoonni yeroo dheeraaf nyaata fayyaa namaaf mijataa ta'aniifi madaallawaa ta'e argatan dandeettiin sammuufi waa yaadachuu isaanii wanta dabaluuf barnoota isaanitiin nicimu. Nyaanni madaallaawwan barattootaaf qofa osoo hinta'iin nama kamiifuu, faayidaa guddaa qaba. Kanaafuu, yeroo hunda nyaata gosa tokko qofa baayyinaan nyaachuu osoo hinta'iin, nyaata gosa addaddaa osoo hinxiqqeessiin; osoo hinbaayyisiin hanga barbaachisu argachuu qabna. Kana gochuuf ammoo, barreeffama addaddaa waa'ee sirna nyaataa ibsan dubbisuu ykn namoota dhimma kanarratti beekumsa qaban gaafachuu barbaachisa.

C. Barreeffamicha sakatta'aan dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi. Sanaan booda gareen irratti mari'achuun, dareef gabaasaa.

1. Dhibeewwan haqina dhangaalee soorataatiin nama qabuu danda'an lama barreessi.
2. Ilamantoota qaama namaa keessa jiran keessaa sadi barressi.
3. Dhangaaleen soorataa gosa lamatti qoodamu. Kam fa'i?
4. Faatii giraama tokko keessaa humna hagamtu argama?
5. Miidhaa hanqinni dhangaalee soorataa qaama namaarra qaqqabsiisuu lama barreessi.

D. Jechoota armaan gadii, kan dubbisa armaan olitti dubbiste keessaa bahan, hiika isaanii galumsaa barreessi. Sanaan booda, deebiiwwan keessan gareen irratti mari'achuun hiika walfakkaatu akka laattan ilaalaa.

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. murtaa'a | 2. baraara | 3. mishaa | 4. saaxila |
| 5. qindoomina | 6. bullaa'insa | 7. xuuxxama | 8. madaalawaa. |

E. Jechoota 'D' jala jiran keessaa filachuun iddoowwan duwwaa himoota armaan gadii guuti. Bakka barbaachisetti bifa/akaakuu jechootaa geeddaruu dandeessa.

1. Lubbuu namoota beelaaf saaxilamanii ________________ fi, gargaarsi nyaataa godhamuufi qaba.
2. Namni tokko dandeettii qaamaafi sammuu _______________yoo qabaate gahumsa guutuu qaba jechuun nidanda'ama.
3. Yeroo barreessinu, yaadni keenya ___________________ ifa ta'e qabaachuu isaa hubachuu qabna.
4. Guddinni nama tokkoo hojii isaatiin ___________________.
5. Baargamoo lafa bishaan qaburra yoo dhaabne, bishaanicha __________ lafa gogsa.
6. Yeroo midhaan daakan dura hororaniiti booda ______________________.
7. Taliilee: Gara mana kitaabaa deemnee qormaata boruuf haa dubbisnu. Jiituu: Yaada ______________________dha. Haa deemnu.

**Gilgaala 3:** Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii hubannoo barreeffamicharraa argatteefi beekumsa kee waliigalaarratti hundaa'uun deebisi. Erga dhuunfaan deebistanii booda, gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

1. Sirna nyaataa barreeffamicha keessatti dubbisteefi aadaa nyaataa maatii/naannoo keetii yoo walmaddii qabdee madaaltu, hagam walsima?
2. Yeroo baayyee sababni nyaata fayyaa namaaf mijataa ta'aniifi madaalawaa nyaachuu dhabuu dhaba moo wallalaa jetta? Maaliif?
3. Nyaanni fayyaa namaaf mijataa ta'aniifi madaalawaan baayyinaan baadiyyaa moo magaalaatti argama jettee amanta? Maaliif?

4. Naannawa keetti garaagarummaa namoota nyaata gahaa argataniifi hinarganne gidduu jiru hubatteertaa? Yoo beekte, dareetti himi.
5. Sirna nyaataa maatii keefi uummata naannoo keetii fooyyessuuf maaltu sirraa eeggama?

## Barannoo 2: Caasluga

### Yaadannoo

### Bamaqaafi Hennaa Darbeennaa

I. Bamaqaa jechuun jecha iddoo maqaa bu'uun tajaajilu jechuudha. Barreeffama keessatti maqaa tokko irra deddeebi'uun yoo fayyadamne nama nuffisiisuu danda'a. Nuffii akkasii hambisuuf maqaa yeroo tokko yoo caqasne sanaan booda bamaqaatti fayyadamuu dandeenya.

Fkn. Intalli magaalli sun obboleettii tiyya. Ishiin barattuu kutaa kurnnaffaati. Jechi **ishiin** jedhu, bamaqaa yoo ta'u gaalee maqaa intalli magaalli jedhu bakka bu'a.

**Gilgaala 4:** Shaakala Bamaqaa

Himoota armaan gadii keessatti bamaqaalee jala sarari.

1. Tulluufi Hundeen obbola'a. Isaan daran waljaalatu.
2. Hordofaan nama bayeessa. Inni nama rakkate gargaaruuf duubatti hinjedhu.
3. Aniifi Kenneen kaleessa walagarre. Nu'i hiriyoota yeroo dheeraati.
4. Aannaneen Siifan daran jaalatti. Isa malee ooltee buluu hindanddeessu.
5. Asteer Gannoo dubartii cimtuudha. Ishiin kitaaba Afaan Oromoo heddu barreessite.

II. Darbeennaan ykn hennaan darbe tajaajiloota armaan gadii qaba.

1. Gocha yeroo darbe keessa raawwate ibsuuf.
   Fkn. 1. Ijoolleen rafan.
   2. Jaalanneen gabaa baate.
2. Gocha yeroo darbe keessa gocha biraa dura raawwate ibsuuf.
   Fkn. 1. Yeroon ani mana barumsaa gahu, barnoonni eegalamee ture.
   2. Yeroo isaan dhufan, ishiin deemtee turte.
3. Gocha yeroo darbe keessa raawwatamaa ture ibsuuf.
   Fknf: 1. Kaleessa galgala kitaaba Afaan Oromoo dubbisaan ture.
   2. Har'a ganama waa'ee sirna Gadaa mari'achaa turre.

**Gilgaala 5:** Shaakala Hennaa Darbeennaa

Himoonni armaan gadii hennaa darbeennatiin barreeffamani. Hima kamtu tajaajila kam akka ibsu adda baasi.

1. Tolaan bishaan waraabe.
2. Erga bokkaan caamee, gara magaalaa deemne.
3. Abbaan Garbii ro'oota shan bite.
4. Imaanaan kaleessa ganama fiigaa ture.
5. Yeroo Obboleessi koo naaf bilbilu, ani rafeen ture.

## Barannoo 3: Afoola

### Tapha Ijoollee

Afoolawwan uummata Oromoo biratti bal'inaan beekkaman keessaa inni tokko tapha ijoolleeti. Ijoolleen hiri'oota ta'an yemmuu walitti dhufan taphoota addaddaa taphachuun yeroo isaanii dabarsu. Taphni ijoolleef faayidaa guddaa qaba. Jireenya hawaasummaa nibarsiisa, guddina qaamaafi sammuu isaaniis nicimsa. Taphoonni akkuma argametti taphatamu osoo hinta'iin seerota mataa isaanii qabu. Hirmaattoonni hunduu seerota san eeganii taphachuu qabu jechuudha.

**Fkn. Seera tapha hiibboo**

Tapha hiibboo nama lamaafi sanaa oltu taphata. Namni hiibboo gaafatu 'hiibboo' yemmuu jedhu, kan hiibboo deebisu ammoo 'hibbakka/hibib' jechuun jalaa qaba.

**Gilgaala 6:** Shaakala Tapha Ijoollee

Taphoota ijoollee naannawa keetti taphataman keessaa lama filachuun seera isaanii eeguun barreessi. Taphoonni kun kan ofii taphachaa guddatte ta'uu malu. Yoo ta'uu baatanis namoota tapha ijoollee sirriitti beekan gaafattee barreessuu dandeessa. Taphoota lamaan barreessite keessaa isa tokko hiri'oota kee waliin daree keessatti taphachuun agarsiisi.

# Boqonnaa 9: Miidhaa Ilbiisonni Qaama Beeyilladaarratti Fidan

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- dubbisa "Miidhaa Ilbiisonni Qaama Beeyilladarratti Fidan" jedhu dubbisuun hubannoo cimsatta.
- dandeettii dhaggeeffannafi dubbisaa fooyyeeffatta.
- hiika galumsaa jechootaafi faallaa jechootaa laatta.
- maalummaa, akaakuufi tajaajila gochimaa hubachuun himoota kee keessatti itti fayyadamta.
- hennaa keessaa tarsiiqaatti  sirriitti fayyadamuu shaakalta.
- sheekkoofi gosoota sheekkoo keessaa durdurii adda baastee hubatta.

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dhaggeefachuun Duraa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii barreeffama barsiisaan keessan dubbisan dhaggeffachuun dura gareen irratti mari'achuun deebisaa.

1. Ilmi namaa beeyilladarraa faayidaa maalii argata?
2. Wantoota beeyilladarratti miidhaa geessisan beekta?
3. Miidhaan ilbiisonni qaama beeyilladarratti geessisan maal fa'i? Miidhaan isaanii hagam cimaadha?

B. Jechoota armaan gadii dhaggeeffachuu keessatti gufuu akka sitti hintaanef hiika isaanii tilmaami.

1. silmii 2. kalloo 3. daayoo 4. injijjii

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Barsiisaan keessan barreeffama "Silmii" jedhu siif dubbisa. Ati ammoo bakka duwwaa siif kenname dhaggeeffachaa guuttaa.

1. __________beeyilada dayoo godhatanii jiraatan keessaa silmiin isa tokko.
2. Miidhaa silmiin geessisu sadarkaa guddina qaamaafi horsiisa beeyilladaa hirrisuura darbee hanga _____________ isaanii balleessuutti deemuu danda'a.
3. Akka fakkeenyatti silmiin tokko injiijjii gara silmiitti guddatan _______ hanga _________ dhalti.
4. Walumaa galatti, maatiin silmii tokko umrii isaanii keessatti dhiiga _________ xuuxuun fixuu nidanda'u.
5. Rakkoo silmiin beeyilladarratti geessisu kana salphisuuf tooftaa adda addaa fayyadamuun dirqama ta'a. Kanneen keessaa, ________________, _____________fi __________________.

## Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa gaafatamteen deebii afaaniin kenni.

1. Silmiin qaama beeyilladarratti miidhaa akkamii geessisa?
2. Silmiin maaliif ilbisoota qaama beeyilladaatti maxxanuun jiraatan keessatti ramadama?
3. 'Miidhaan silmii inni duraa, haala hormaataafi jireenya isaarraa kan burqu' jechuun maal jechuudha?
4. Akkamiin silmiin beeyillada kan dhukkuba sombaa, onneefi tiruuf saaxilu?
5. Silmii akkamiin to'achuun akka danda'amu ibsi.

# Barannoo 2: Hiika Jechootaa

## Gilgaala 4: Shaakala Hiika Jechootaa

Jechoota roga "A" jala jiran hiika isaanii roga "B" jala jiraniin walitti firoomsi. Jechoonni kun barreeffama barsiisaan kee shaakala dhaggeeffachuuf siif dhiyeesse keessaa kan ba'ani.

| | A | | B |
|---|---|---|---|
| 1. | tooftaa | a. | dhukkuba |
| 2. | dayoo | b. | salphisuu |
| 3. | maxxantuu | c. | qaqqabsiisu |
| 4. | dhiibbaa | d . | gargaaramuu |
| 5. | hir'isuu | e. | mala |
| 6. | dhibee | f. | hirkattuu |
| 7. | fayyadamuu | g. | bakka jireenyaa |
| 8. | fidu | h. | madda |
| 9. | fooyyessuu | i. | rakkina |
| 10. | burqaa | j. | xiqqeessuu |

## Gilgaala 5: Shaakala Faallaa Jechootaa

A. Jechoota kanaan gadiif hiika faallaa filadhu.

1. harkise
   A. dhiise B. bute C. fuudhe D. qabate
2. mamuu
   A. shakkuu B. maallaluu C. abdachuu D. yaada
3. bona
   A. birraa B. ganna C. rooba D. aduu
4. deega
   A. quufa B. badhaadha C. horata D. nyaata
5. summii
   A. hadhaa B. ajjeesaa C. qorsa D. mi'aa


B. Jechoota kanaan gaditti kennamaniif hiikaafi faallaa isaanii barreessi

| | Hiika | Faallaa |
|---|---|---|
| 1. diida | ___________ | ___________ |
| 2. moofaa | ___________ | ___________ |
| 3 firummaa | ___________ | ___________ |
| 4. raatuu | ___________ | ___________ |
| 5. haqa | ___________ | ___________ |


## Barannoo 3: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 6:** Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Faayidaa beeyilladoonni kanaan gadii hawaasa keessan keessatti qaban irratti mariyadhaa. Faayidaa isaan hawaasa keessan keessatti qabanirratti hundaa'uunis sadarkaa kennaafii.







B. Dubbisa armaan gaditti isiniif dhiyaate dubbisuun dura gaaffiiwwan dhiyaatan gareen irratti mari'achuun dareef afaaniin gabaasaa.

1. Beeyillada qabduu? Faayidaa isaanirraa argattan guddisuuf maal fa'i raawwattu?
2. Miidhaan ilbiisonni beeyillada maatii keessaniirratti geessisaa jiran maal fa'i?
3. Ummani naannoo keessanii faayidaa barbaachisaa ta'e, beeyiladarraa argachaa jira jettanii yaaddu? Yoo hinjiraanne, maaliif? Miidhaan ilbisoonni uummata naannoo keessaniirratti qaqqabsiisaa jiran hangam ballaadha?

C. Jechoota armaan gadii osoo dubbisuu hineegaliin dura hiika isaanii tilmaami.

1. ilbiisa 2. beeyilada 3. miidhaa

**Gilgaala 7:** Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii ariitiin/saffisaan dubbisuun gaaffiwwan armaan gadii deebisi.

1. Namni kallattii kamiin fedhii isaa beeyiladarraa guuttata?
2. Ilbiisota beeyiladarratti dhiibbaa geessisan sadii tarreessi.
3. Namni beeyillada 'gammachuu sammuusaafis' nihorsiisaa jechuun maal jechuudha?
4. Rakkoowwan ilbiisonni beeyiladarratti geessisan akkamitti salphisuun danda'ama?
5. Ilbiisonni irra jireessa dhiiga beeyiladaa xuuxuun jiraatu. Rakkooleen isaan dhiiga xuuxuun fidan maal fa'i?

## Miidhaa Ilbiisonni Qaama Beeyiladaarratti Fidan

Jireenya ilmaan namaa keessatti beeyilladooni iddoo guddaa qabu. Kanarraa kan ka'e, namni fedhii isaa adda addaa galmaan ga'achuuf beeyilada gosa adda addaa horsiisaa wajjiniin jiraata. Namni beeyilladoota nyaataaf, aannaniif, geejjibaaf, warreen kaan ammoo gammachuu sammuuf horsiisaa seenaa dheeraa beeyilada wajjiin akka dabarse nibeekama. Ammas dabarsaa jira.

Haata'u malee, bu'aan namni beeyiladarraa argatu kallattii adda addaan osoo hinmiidhamiin hinafne. Burqaalee miidhaa beeyiladarratti fidan keessaa tokko ilbiisota qaama beeyiladaa dayoo godhatanii jiraatanu. Dhiibbaan ilbiisota adda addaa kan akka silmii, waraanaafi bookee qaama beeyiladarratti fidan baayyee cimaadha. Ilbiisoonni kun, nagaafi jireenya beeyiladaa miidhuurra darbanii, bu'aa beeyiladni naamaaf kennurratti dhiibbaa guddaa geessisuu danda'u.

Haalli jireenya ilbiisotaa irra jireessa dhiiga beeyilladaa xuuxuun waan ta'eef, dhukkuba adda addaa beeyilladarraa gara beeyiladaattii yookaan beeyilladarraa gara namaatti daddabarsuu danda'u. Dhukkubini beeyiladaas kallattiin yookaan alkkallattiin fayyaafi jireenya namaarrattis dhiibbaa cimaa niqaqqabsiisa. Fakkeenyaaf, beeyiladoonni fooniif horsiifamanu dhiibbaa ilbiisotarraa kan ka'e, bu'aan jaraa baayyee xiqqaachuu danda'a.

Dhiibbaawwan ilbiisonni beeyiladarratti fidan karaa adda addaatiin salphisuun nidanda'ama. Inni jalqabaa, qulqullina beeyiladaa eegudha. Bakka bultii isaanii yeroo yeroon qulqulleessuufi qoricha farra ilbiisotaa biifuun barbaachisaadha. Kana malees, yeroo yeroon beeyiladoota mana yaalaa beeyiladaa geessuun ogeesa beeyiladaa ilaalchisiisuun barbaachisaadha. Dhukkubni tokko tokko beeyiladarraa gara beeyiladaatti daddarbuu waan danda'uuf warreen dhukkubaan miidhaman adda baasuun atattamaan ogeessa beeyiladaa ilaalchisuun dhukkubicha to'achuuf nama gargaara.

B. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisicha suuta dubbisuun deebii kee bar-

reeffamaan kenni.

1. Walitti dhufeenyi namni beeyilada wajjiin qabu maal fakkaata? Walitti dhufeenyi kun hagam ilbiisotaan midhameera jetta?
2. Keeyyata $1^{ffaa}$ keessatti gaaleen ‘warreen kaan’ jedhu maal agarsiisa?
3. Keeyyata $2^{ffaa}$ keessatti gaaleen ‘nagaafi jireenya’ jedhu maal agarsiisa?
4. Ergaan barreeffama kanaa maali?

**Gilgaala 8:** Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii hubannoo dubbisarraa argatteefi muuxannoo kee waliitti fiduun deebisi.

1. Akka hubannoo keetiitti miidhaa ilbiisonni qaama beeyiladarraan ga’an akkam godhanii salphisuun danda’ama jetta?
2. Uummanni naannoo keetii miidhaa ilbiisonni qaama beeyiladaarraan ga’aanu akka rakkoo cimaatti waan fudhate sitti fakkaataa?
3. Mataduree “Beeyilada Kunuunsuu” jedhurratti keeyyata tokko barreessuun daree keetiif dubbisi.

## Barannoo 4: Gochimaa

**Gilgaala 9:**

Shaakala Gochimaa

A. Himoota armaan gadii keessaa gochima addaan baasii barreessi.

1. Mucaan kun baayyee daddafee barreessa.
2. Tolasaatti bokkaan roobe.
3. Nuti deemaa jirra.
4. Caalaan kaleessa deeme.
5. Maatii keessan yeroo hunda gargaaraa.
6. Inni kubbaa taphachaa jira.
7. Kaleessa maaliif hafte?
8. Eessa deemaa jirta?
9. Jabaannee haabarannu.
10. Bor wajjiniin deemna.

**Yaadannoo**

Gochimni hojiii hojjetame tokko yookaan gocha raawwatame tokko kan agarsiisu. Gochimni mathima qeenxee waliin galuufi mathima danuu waliin galu tokko miti. Gochimni mathima danuu waliin galu dhamjecha ' –an' yookaan '-ne' maxxanfachuun walta'iinsa mathimaafi gochimaa agarsiisa.

Matima qeenxeefi gochima isaa:

Fkn: Ani **dhufe**.

Isheen **dhufte**.

Inni **dhufe**.

Matima danuufi gochima isaa:

Fkn: Nuti **dhufne**.

Isin **dhuftan**.

Isaan **dhufan**.

Hundeen gochima fakkeenya armaan olitti kennamanii 'dhuf' kana jedhu.

Dhamjechi '-e' ennaa darbe agarsiisa.

Dhamjechi '-t' ramaddii lammaffaa agarsiisa. Kana malees, ramaddii 3ffaa saala dubaraa agarsiisa.

Dhamjechi '-an' danooma ramaddii lammaffaafi sadaffaa yoo agarsiisu, dhamjechi '-ne' ammoo danooma ramaddii tokkoffaa agarsiisa.

**Gilgaala 10:** Shaakala Gochimaa

Gochima hundee kanaan gadiirrattti mathima qeenxeefi mathima danuu fayyadamuun hima ijaari.

1. deem
2. nyaat
3. bit
4. ajjees
5. reeb

## Barannoo 5: Hennaa Keessa Tarsiiqaa

**Gilgaala 11:** Shaakala Hennaa Keessa Tarsiqaa

A. Keeyyata kanaan gadii keessaa jechoota henna keessa tarsiiqaa agarsiisan addaan baasii barreessi.

Guyyaan kaleessaa baayyee gaarii ture. Tolaa wajjin barnoota Afaan Oromoo sa'aa booda qayyaabachaa oolle. Waa'ee hennaa Afaan Oromoo nu'ii maryachaa jiruu, Caaltuun dhuftee nutti makamte. Akkuma Caaltuun dhufteen, bokkaan roobuu eegale. Nus gara mana mana keenyaatti fiigne. Anis halkan guutuu waan irratti mari'achaa oolle yaadaan bule.

Hennan Tarsiiqaa gocha yeroo darbe keessa raawwatamaa ture tokko agarsiisa.

Fkn Ani taphachaan ture.
Isaan dhufaa turan.
Isin galaa turtan.
Inni fiigaa ture.
Nuti deemaa turre.

B. Himoota hennaa keessa tarsiiqaa agarsiisan shan barreessuun daree keetiif dubbisi.


C. Garaagarummaa himoota armaan gadiirratti gareen mari'adhaa.


1. A. Inni barreessaa ture.
   B. Barreessaa ture inni.
   C. Ture inni barreessaa.
2. A. Ishiin nama hinjaallattu.
   B. Hinjaallattu ishiin nama.
   C. Nama hinjaallattu ishiin.
3. A. Waliin taphachaa turan.
   B. Turan waliin taphachaa.
   C. Taphachaa turan waliin.
4. A. Guyyaa guutuu boo'aa oolte.
   B. Oolte guyyaa guutuu boo'aa.
   C. Boo'aa oolte guyyaa guutuu.
5. A. Halkan guutuu qo'achaa bule.
   B. Bule halkan guutuu qo'achaa.
   C. Qo'achaa bule alkan guutuu.

# Barannoo 6: Durdurii

**Gilgaala 12:** Shaakala Durdurii

A. Fakkiilee armaan gadiirratti gareen mari'adhaa. Harreefi sareen waa'ee maalii dubbachaa jiru jettanii yaaddu? Warabessaafi sareen hoo?





B. Durdurii kanaan gadii eega dubbistee booda yaada isaa hiryaa keetti himi.

### Harreefi Saree

Durdur harreefi sareen biyya tokko keessa waliin jiraataa turan. Otuma waliin jiraatanii gaaf tokko biyyaa bahaanii baduuf ka'an. Amma oduma deeman, oduma deeman aduun isaanitti dhiite. Naannoo aduun isaanitti dhiite kana marga akka gaariitti laliisee margeetu ture. Isaanis boqochuuf gara marga lalisaa sanatti goran.

Harreen margicha ciraachuutti gad-teesse. Sareenis cinaa harree marga laliisaa kanarra ciifte. Harreen marga ishii ciirattee, cirattee garmalee quufnaan, "Yaa saree ana margi garaa na guutee garaa na afuufee tokkicha alaakee afuura baafadhuu?" jetteen. Sareenis, "Lakkii yaa harree! Akkuma ta'etti danda'iitii obsi malee, yoo ati alaaktu sagalee kee dhagayeet waraabessi nutti dhufa," jetteen. Haa ta'u malee cinqii ishii kana harreen obsuu hindandeenye.

Kanaafuu, amma yeroo lammataaf harreen, "afuura baafachuun qaba," jetteetu sareetti wixxifte. "Egaa jedhiitii sagalee gad qabadhuutii afuura baafadhu," jetteen sareen. Harreen garuu, akka ofii barbaaddetti tokkicha alaaktee afuura baafatte. "Ammas dabaluu?" jetteen harreen sareedhaan. "Egaa ani amman beeku sigorseeraa, kana caalaa ani keessaa hiqabu. Garuu, ammas akkuma ta'etti obsiin siin jedha!" jetteen sareen. Haa ta'u malee, ammas harreen gorsa saree hindhageenye. "Wanti dhufu haa dhufu malee ani bokookee hindu'u," jetteet harreen alaakatti kaate.

Akkuma sareen sodaatte, battaluma sana waraabeessi sagalee harree dhagayuudhaan gulufee dhufee isaan bira gahuun harree jala seenee

garaa jigse. Xiqqoo tureemmoo yoo asiif achii laalu, cinaa harree sareen nijirti. “Atoo maal asii goota?” jedhee waraabeessi saree gaafate. Sareenis, “Yaa gooftaa koo! Harree faana duuleetan biyyaa bahee as jira,” jetteen. Waraabessis sareedhaan, “Egaa akkas goota,” jedheen. Sareen dafteet, “Tole gooftaa koo!” jetteen . “Harree kana qaliitii foon bifa bifaan baasi!Onnee harree anaaf ol kaayi!Foon hafe hunduu kanuma keeti,” jedheet waraabessi saree ajajee, gara jiruu saatti deeme. Akkanatti lubbuu ishii bira waraabeessi darbuun baayyee waan ishii gammachiiseef, sareen rakkoo malee hojii ajajamete onnee guutuun jalqabdee xumurte. Sareenis erga hojii ishii xumurtee booda, onnee ol kaayi jedhamte sana ofiif nyaatte.

Waraabeessis iddoo dhimmasaa gahaatee gara sareetti deebi’e. Innis, “Saree, kannan siin jedhe sana baaftee?” jedheen. “Maaloo yaa gooftaa koo! Waaqayyo isinitti haa agarsiisu!Foon isin jettan san anillee baaseera jechuun foon hundumaa bifaafi gosa gosaan baasera. Garuu, kan isin ’anaafi ol kaayi jettan sana harreen of keessaa hinqabdu. Otoo onnee qabaattee harreen maaliif yeroon ani gorsu sana gorsa koo diddiyyuu?” jette sareen waraabeessaan jedhama.

*( Madda: Afoola Oromoo, Durdurii, Jildii-V)*

**Gilgaala 13:** Shaakala Sheekkoo

Maatii kee gaafachuun durdurii tokko barreessi. Durdurii barreessites daree keetiif dubbisuun irratti mariyadha.

# Boqonnaa 10: Dhiibbaa Eedsiin Misoomarratti Fidu

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- hubannoo dhiibbaa eedsiin misoomarratti fidu dubbisuun cimsatta.
- hiika jechootaa laatta.
- gochibsaafi gosoota isaa hubatta.
- maalummaafi tajaajila durduubee(firomsee) hubatta.
- ragaa giraafiidhan dhiyaate gara barreeffamaatti jijjiiruu dandeessa.
- waa'ee HIV/AIDSiirratti falmii gageessuu dandeessa.
- raawwiima darbeennaa himaan barreessita.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Fakkiiwwan armaan gadii bu'uureeffachuun dhiibbaa HIV/AIDSiin geessisuu danda'u irratti gareen mari'adhaa.





B. Dubbisa armaan gaditti isiniif dhiyaate dubbisuun dura, gaaffiiwwan dhiyaatan irratti gareen mari'achuun dareedhaaf barreeffamaan gabaasaa.

1. HIV/AIDS jechuun maal jechuudha?
2. Garaagarummaan HIVfi AIDSii maali?
3. HIV/AIDSii dhukkuba biraarraa maaltu adda isa baasa?
4. HIV/AIDSiin akkamitti guddina biyya tokkoo miidha?
5. Miidhaan HIV/AIDSiin hawaasa naannoo keessanirraa geessisaa jiru maal fakkaata?

C. Jechoota armaan gaditti dhiyaatan barreeffama keessaatti argatta. Barreeffamicha dubbisuu osoo hineegaliin, hiika isaa tilmaami.

1. gudeeddii 2. dhibee 3. gadadoo 4. lammii

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii dubbisuun gaaffiiwwan kanneen barreeffamaan deebisi.

1. HIV/AIDSiin akkamiin namarraa namaatti daddarba?
2. Gudeeddii to'annaa maleen raawwatamu jechuun maal jechuudha?
3. Namni vaayirasii Eedisiin faalame hanga waggaa saddeetifi sanaa oliif mallattoo tokkollee osoo hinqabaatiin fayyaa fakkaatee maaliif jiraata?
4. Namoonni umriin isaanii waggaa 15 hanga 49 ta'an keessaa baayyeen isaanii maaliif HIV/AIDSiif saaxilaman?
5. HIV/AIDSii akkamiin ofirraa ittisuun danda'ama?
6. Dhibeen HIV/AIDSii akkamiin gufuu misooma ta'a?

## Dhiibbaa Eedsiin Misoomarratti Fidu

Dhibeewwan ilmaan namaarratti dhiibbaa cimaa fidaa jiran keessaa HIV/AIDSiin isa tokko. Dhibeen HIV/AIDSii saala, amantaa, bakka, bifaafi beekumsa osoo hinfilatiin ilmaan namaa du'aaf saaxilaa jira. Kana malees, dhibeen kun gufuu misoomaa ta'uun addunyaa kana baayyee miidhaa jira.

Qorannaan HIV/AIDSiirratti hanga yoonaatti geggeeffame akka ibsutti, dhibeen kun karaa adda addaan darba. Isaanis, gudeeddii saal-qunnamtii to'annaa maleee raawwatamu, dhiiga haadha dhukkuba kana qabdurraa daa'imatti darbu, dhiiga nama dhukkuba kana qabu fudhachuufi sibiila qaraqaban adda addaa kan namni dhukkuba kana qabu ittiin fayyadametti fayyadamuudha.

Karaalee dhibeen Eedsii ittiin daddarbu keessaa inni tokko gudeeddii to'annaa malee raawwatamu ta'uun olitti ibsameera. Kana jechuun, dhiirri tokko dubartoota adda addaa waliin yookaan dubartiin tokko dhiira adda addaa waliin yoo quunnamtii saalaa raawwate/raawwatte, namoota kanneen keessaa kan dhibee kanaan qabame yoo jiraate kaawwan waliin gahuuf salphaa ta'a jechuudha. Karaan kun hunda caalaa too'annaf rakkisaa ta'ee argameera. Kunis kan ta'uu danda'e sababa lamarraa ka'eeti.

Inni tokko, namni vaayirasii Eedsiitiin faalame hanga waggaa saddeetiifi isaa olitti osoo hinbeekamin qaama keessa waan turuuf, namni vaayirasii Eedsii qabu kun mallattoo tokkollee osoo hinqabaatin fayyaa fakkaatee vaayirasii daddabarsuu isaati. Inni lammataa, sababoota amala hojiifi umritiin kan ka'e, qunnamtiin saalaa namoota gidduutti raawwatama. Akka ragaan qorannoowwan adda adda ibsutti, namoonni umrii waggaa 15 hanga 49 jiran keessaa baayyen isaanii balaa dhibee kanaaf salphaatti saaxilamu. Sababni isaas namoonni umrii olii keessa jiran, qunnamtii saalaa gochuuf kaka'uumsa cimaaf gahumsa waan qabanuufi.

Walumaagalatti, dhibeen kun lammii beekumsaafi dandeettii qabu waan harka caalaatti galaafachaa jiruuf, misoomaafi guddina biyya tokkoo baayyee miidha. Umriin kun, keessattuu, dargaggeeyyiifi shamarran,

akkasumas ga'eessota hojjetanii hindadhabiin waan qabatuuf, jarri kunniin hojii misoomaarratti hinbobbaane jechuun, guddinni biyyaa harkifate jechuudha. Mammaaksis "Lubbuun abbaan hineegne lama hinbultu," jedha mitiiree? Kanaafuu, dhibee Eedsiirraa of eegnee hawaasnis akka of eegun gochaa, dhiibbaa dhukkubni kun misoomaarratti qabu haaxiqqeessinu.

B. Dubbisa armaan oliirra deebi'uun erga dubbistee booda, gaaffiiwwan armaan gadditti dhiyaatan 'dhugaa' yokaan 'soba' jechuun deebisi.

1. Dhibeen HIV/AIDSii saala, amantaa, bakka, bifaafi beekumsa nifilata.
2. Miidhaan dhibeen HIV/AIDSii misooma addunyaarratti geessisaa jiru baayyee waan nama sodaachisuu miti.
3. Gudeeddiin to'annaa malee raawwatamu HIV/AIDSii daddabarsuu keessatti karaa isa guddaafi to'achuuf isa baayyee rakkisaadha.
4. Mallattoo dhukkuba HIV/AIDSii osoo hinmullisiin namni tokko waggoota dheeraaf jiraachuu danda'a.
5. Namoonni umrii waggaa 15 hanga 49 jiran keessaa baayyeen isaanii balaa dhibee kanaaf salphaatti hinsaaxilaman.

C. Jechoota himoota kanaa gadii keessatti jala sararamani akka galumsa isaaniitti hiika isaanii barreessi.

1. Dhibeewwan ilmaan namarratti dhiibbaa cimaa fidaa jiranu keessaa HIV/AIDSiin isa tokko.
2. Dhibee HIV/AIDSiin saala, amantaa, bakka, bifaafi beekumsa osoo hinfilatiin ilmaan namaa du'aaf saaxilaa jira.
3. Akka ragaan qorannoo ibsutti, namoonni umrii waggaa 15 hanga 49 jiran keessaa baayyeen isaanii balaa dhibee kanaaf salphaatti saaxilamu.
4. Umriin kun, keessattuu, dargaggeeyyiifi shamarran, akkasumas ga'eessota hojjetanii hindadhabiin waan qabatuuf, jarri kun hojii misoomaarratti hinbobbaane jechuun, guddinni biyyaa harkifate jechuudha.
5. Kanaafuu, dhibee Eedsiirraa of eegnee hawaasnis akka of eegu gochaa, dhiibbaa dhukkubni kun misoomarratti qabu haaxiqqeessinu.

**Gilgaala 3:** Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Yaada dubbisa armaan olitti dubbiste cuunfuun keeyyata tokko barreessi. Keeyyata kees dareetti dubbisi.


B. Mana yaalaa naannoo keetti argamu deemuun ragaa namoota dhibee HIV/AIDSiin miidhamaa jiranii yookaan miidhaman sassaabuun barreeffama maturee "Miidhaa HIV/AIDSiin Misooma Naannoo Keenyarratti Geessisaa Jiru" jedhurratti qopheessi. Barreeffama kees barattoota daree keetiif dubbisi.

## Barannoo 2: Barreessuu


**Gilgaala 4:** Shaakala Ragaa Giraafiin Dhiyaate Barreeffamatti Jijjiiruu

A. Ragaalee waa'ee HIV/AIDSii biyya keenya kan bara 2001( 1993) giraafii armaan gadiin dhiyaateera. Giraafiiwwan dhiyaatanirratti hundaa'uun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

**Giraafii A. Faca'iinsa HIV Dubartoota Ulfaa Gidduutti**



**Giraafii B. Baay'na Namoota HIVn Faalaman Umriifi Saalaan**




**Umrii**

**Ragaa: Minsteera Eegumsa Fayyaa Itoophiyaa Onk.2002(1994)Maxxanfame**

1. Dubartoota ulfaa umrii kam gidduu jirantu harka caalmaan faca'iinsa HIV/AIDSiin miidhaman?
2. Dubartoota ulfaa umrii kam gidduu jiranitu kan faca'iinsa HIV/AIDSiin xiqqaa miidhaman?
3. Dubartoota ulfaa dhibbeentaa 50 faca'iinsa HIV/AIDSiin miidhaman umrii kamii hanga kamii keessatti argamu?
4. Akka giraafii 'B'tti dhiira moo dubartiidha caalaa kan dhibee HIV/AIDSiin qabame?
5. Akka giraafii 'B'tti, dhiiraafi dubartii umriin isaanii waggaa 25 hanga 29 ta'an dhibee HIV/AIDSiin miidhamaa jiran dhibbeentaa meeqa? Dhibbeentaa jaraa adda adda baasii barreessi. Saala isa kamitu caalaa miidhamaa jira? Maalif jettee yaadda?

B. Ragaalee giraafii waa'ee HIV/AIDSii kanaa olitti dhiyaatan bu'uureffachuun himoota shan barreessi.

C. Hubannoo giraafii 'A'fi 'B' rraa argatterratti hundaa'uun keeyyata lama barreessi. Keyyata tokko giraafii 'A'f, keyyaata biroommoo 'B'f godhi.

## Barannoo 3: Dubbachuu

**Gilgaala 5:** Shaakala Dubbachuu

Qabxiiwwan waa'ee HIV/AIDSii kanaan gaditti dhiyaatan keessaa tokko filachuun gareen irratti falmii geggeessaa.

1. HIV/AIDSiin dhiira caalaa dubartii miidhaa jira.
2. Namoota dhibee HIV/AIDSiin qabaman uummata keessaa addaan baasanii kophaatti kunuunsuun dhibee kana ittisuuf iddoo guddaa qaba.
3. HIV/AIDSiin misooma biyyoota guddatan caalaa misooma biyyoota guddachaa jiranirratti miidhaa guddaa geessisaa jira.

## Barannoo 4: Firoomsee (Durduubee)

**Gilgaala 6:** Shaakala Firoomsee

A. Himoota kanaan gadii keessaa firoomsee addaan baasii barreessi.

Fkn: 1. Tolaan anaafi isa gidduu taa'e.

2. Mucaan keessan akka na bira hindhufne maaliif dhorkitan?

3. Caaltuuf kitaaba ergisuun barbaade.

Himoota armaan olii kessatti, 'giddu', 'bira' fi '-fn' firoomse jedhamu.

Haaluma kanaan, firoomsitoota himoota kanaan gadii keessatti argaman addaan baasii barreessi.

1. Barsiisaan waa'ee maatii keenyaa nugaafate.
2. Qalama kee teessoo jala barbaadi.
3. Jaldeessi tulluu gubbaa taa'uu jaallata.
4. Qarshichi saanduqa keessa jira.

5. Ana malee namni beeku hinjiru hinjedhiin.
6. Isiniif maal gochuutu nurraa eegama?
7. Mucaa kootiif wayaan bituu barbaade.
8. Inni obboleessa isaa wajjiin deemuu jaallata.

B. Firoomsitoota kanaa gaditti dhiyaatan keessaa filachuun keeyyanni kenname hiika ga'aa akka qabaatu godhi.

| | | |
|---|---|---|
| waa'ee | wajjiin | iddoo |
| -f | malee | irraa |
| -itti | dura | gara |

Barnoonni jireenya ilmaan namaa keessatti __1_guddaa qaba. Barnoota __2__ guddina biyya tokkoo galmaan ga'uun baayyee rakkisaadha. Barumsa _3__ ilmaan namaa, akkam godhee rakkoo isaa__4_ furmaata akka argatu hubata. __5__barnootaa yeroo yaadnu yeroo heddu barattoonni sammuu keenyatti dhufu. Barattoonni qaama uummataa keessaa warreen barnoota idilee irratti bobba'ani jiran. Barattoonni garee uummata biroo_6_ta'uun guddina barnnoota biyya isaanii cimsuu keessatti iddoo guddaa qabu.

**Yaadannoo**

Firomseen jecha maqaa yookiin ba-maqaa dura ykn booda galuun tajaajila adda addaa kenna. Seerluga keessatti, firomseen koorniyaaf, baayyinaafi ramaddiin bifa isaanii kan hinjijjiirre ta'anii argamu.

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Fkn. | irra | dura | waa'ee | keessa | wajjin |
| | gidduu | jala | gara | malee | iddoo |
| | cinaa | gubbaa | bira | | |

Fkn.Firoomseen muraasni isaanii ofdanda'ani hiika kan qaban yeroo ta'an, irra caalaan ammoo ofdanda'anii hiika waan hinqabaanneef maxxantoota ta'anii galu.

| **Kanneen of danda'an** | **Kanneen maxxananii galan** | |
|---|---|---|
| booda | -ni | -f |
| akka | -dhaan | -iif |
| waa'ee | -tiin | -tiif |
| erga | -tti | -dhaaf |
| duuba | -irra/irraa | |

## Barannoo 5: Gochibsaafi Gosoota Isaa

Gochibsi hima keessatti gocha ibsuuf tajaajila. Haaluma kanaan, gosoota gochibsaa hedduutu argamu. Kanneen keessa: gochibsa akkaataa, gochibsa yeroo, gochibsa bakka, gochibsairra deddeebii, gochibsa gaaffii, gochibsa sadarkaafi gochibsa firoomsituu gosoota gochibsaa warreen gurguddoo ta'uun nicaqasamu.

**Fkn.**

1. Caalaan **saffisaan** deema.
2. Isheen **amma** dufte.
3. Kitaaba kee **achi** ka'i.
4. **Guyya guyyaan** qo'achuutu isin irraa eegama.
5. Caaltuun **tokkooffaa** ta'uun fiigicha xumurte.
6. Barattoonni walgaa'ii gandaarratti **baayyinaa** argamani.
7. Ani **maaliif** akkan waamame naaf hingalle?

Jechoonni ‘saffisaan’, ‘amma’, ‘achi’, ‘guyya guyyaan’, ‘tokkoffaan’, ‘baayyinaa’fi ‘maaliif’ gochibsa ta’uun himmota galan keessatti bakka qabatanii jiru. Faayidaan jaraa akkuma gosa jaraa gara gara. Fakkeenyaaf hima isa jalaqaa keessatti gochibsi ‘saffiisaan’ jedhu, Caalaan haala kamiin akka adeeme agarsiisa. Kanaafu gochibsi kun ‘akkaataa’ jalatti ramadama.

**Gilgaala 7:** Shaakala Gochibsaa

A. Fakkeenya armaan olitti kennamerratti hundaa’uun, gochibsaa himoota kanaan gadii keessatti aragamanu addaan baasuun dabtara keerratti barreessi. Gochibsaa kam akka ta’es agarsiisi.

1. Abdiin carraa argate gammachuun fudhate.
2. Inni hojii suutaan hojjechuu filata.
3. Dabtara keessan bakka kana ka’aadha deemaa.
4. Barsiisaan keenya bor walga’ii nuwaamaniiru.
5. Isheen gargaarsa hiryootan mana ijaarratte.
6. Abbaan isaa darbanii darbanii mana barumsaa keenya dhufu.
7. Battallee Afaan Oromoo yoom akka qabnu barsiisaan keenya nutti hinhimne.
8. Obbo Caalaan lafa ballinaa qotan.

B. Keeyyata kanaan gaditti dhiyaate keessaa gochibsa addan baasuun barressi. Itti aansuun gareen irratti mari’aadhaa.

Tolaan barataa kutaa sagaliiti. Barnoota isaatiin cimaa, amala isaatiin ammoo gaarii waan ta’eef, barattootaafi barsiisota biratti baayyee jaallatamaadha.

Hojii manaa barsiisaan isaa kennaniif atattamaan hojjeta. Osoo hinhojjetiin mana barumsaa deemee hinbeeku. Gorsaafi qajeelfama barsiistonni isaa kennaniif gamachuufi kabajaan fudhata. Kun ammoo, guyyaa guyyaan jijjiirama barnoota isaarratti akka mullisuuf gargaareeran.

C. Maduree barbaadde filachuun keeyyata mataa keetii tokko qopheessi. Keeyyatta barreessite keessatti ibsoota gochimaa argamanu jala sarari.

D. Gochibsoota kanaan gadiirratti himoota mataa keetii ijaari.

1. dafee dafee
2. baayyee
3. eessa
4. garmalee
5. sirriitti
6. yoom
7. suuta
8. har'a
9. gara-laafinaan
10. jarjaraan

## Barannoo 6: Raawwima Darbeennaa

Raawwiima darbeennaa gochawwan hennaa darbee keessatti raawwataman keessaa gocha isa dursee raawwatame kan ibsuudha.

**Fkn**. Yeroon ani mana ga'uu, **harmeen koo mana cuftee deemteetti**.
Himi kun gochawwan darban lama ofkessaatti qaba. Inni jalqabaa 'ani mana ga'uu koo' kan ibsu yoo ta'u, inni lammaffaa immo 'harmeen koo mana cuftee deemuushee' kana agarsiisu. Gochawwan kana lamaan keessa kana dura rawwatame 'armeen koo mana cuftee deemteetti' isa jedhu.

## Gilgaala 8: Shaaka Raawwima Darbeennaa

A. Himoota armaan gadii keessaa gocha raawwiima darbeennaa kan agarsiisu addaan baasii barreessi.

1. Yeroo mana geenyu, jarri deemanii turan.
2. Yeroo mana geenyu, inni hojii isaa xumureera.
3. Hojjettoonni waajjira cufanii deemaniiru yeroo nuti achi geenyu.
4. Yeroo isheen dhufte, nuti laaqana keenya nyaannee harka keenya dhiqanneerra.
5. Nuti barreessinee xumurreerra yerooo inni barreessuu eegalu.

B. Gochawwan cimidii cimdiin kanaan gaditti kennaman fayyadamuun himoota raawwiima darbeenna barreesi.

1. dhufe------deemne
2. maxxanse-----baane
3. geessu--------bahan
4. geessu-------ciisne
5. roobe---------geenye

C. Hima raawwiima darbeenna kan agarsiisanu kan mataa keetii shan barreessi.

# Boqonnaa 11: Ispoortii Aadaa


**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**


- dubbisa 'Ispoortii Aadaa' jedhu jalatti dhiyaate dubbisuun yaada isaa hubatta.
- jechootaafi gaaleewwaniif hiika galumsaa laatta.
- walsimannaa mathimaa, anthimaafi gochimaa hima keessatti hubatta.
- hima keessatti sababaafi bu'aa addaan baasuu dandeessa.
- hennaa keessa muraannaa hima keessa galchuun barreessita.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Fakkiiwwan kanaan gadiirratti gareen mari'adhaa.










B. Dubbisa armaan gaditti isiniif dhiyaate dubbisuun dura gaaffiiwwan dhiyaatan gareen irratti mari'achuun dareedhaaf afaaniin gabaasaa.

1. Ispoortii aadaa Oromoo keessaa kam faa beektu?
2. Ispoortii aadaa Oromoo naannoo keessanitti taphataman kam fa'i beektu? Enyu fa'itu taphata? Ijoollee, dargaggoo, jaarsoolii...?Akkamiin akka taphatamanis ibsaa.
3. Garaagarummaa ispoortii aadaafi ispoortii ammayyaa maal beektu?

C. Jechoota armaan gaditti dhiyaatan dubbisa keessaatti argatta. Dubbisicha dubbisuu osoo hineegaliin dura hiika isaanii tilmaami.

1. qarooma 2.aadaa 3. finqilaachoo 4.kollee 5.mudatan

**Gilgaala 2:** Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii ariitidhaan/saffisaan dubbisuudhaan gaaffiwwan armaan gadii deebisi.

1. Ispoortiin aadaa ijoolleef faayidaa maalii qaba?
2. Gosoota ispoortii aadaa Oromoo ta'an keessaa muraasa barreessi.

   A____________________ D. ____________________

   B.____________________ E. ____________________

   C.____________________ F.____________________
3. Gaheen maanguddoonni guddina ispoortii aadaa Oromoo keessatti qaban maal fakkaata?
4. Ispoortiin aadaa Oromoo keessatti maaliif iddoo guddaa qaba jedhama?
5. Ispoortiin aadaa akkamitti ijoolleen rakkoolee jireenya isaanii keessatti isaan mudatan akka salphaatti hiikan akka gargaaru ibsi.

## Ispoortii Aadaa

Aadaa uummata Oromoo keessaa ispoortiin isa tokko. Uummanni Oromoo haala addaddaa keessatti kan taphatu ispoortii aadaa ta'an hedduu qaba. Akka haaraatti gurmaayee, sadarkaadhaan cimee, hanga shaampiyooniiti hindeemin malee, aadaa Oromoo keessatti tapha jedhamee kan waamamu baayyeedha.

Ispoortii aadaa keessatti kan lakkaa'aman kan akka takkooyyee, fiigichoo, geengoo dha'uu, finqilaachoo, mucucoo, darbachoofi wkf hedduutu jiru. Taphoonni kun kan ijoollee, kan dargaggootaan, warreen biroo ammo jarsooliin taphatamu. Akkuma ijoolleen guddachaa deemaniin taphni isaaniis geeddaramaa deema. Kollee, waldhaansoo, walharkissoo, daakkaa, farda gulfsiisuu, dhagaa qeeruu, ol kaasuu, saddeeqa taphachuufi kan kana fakkaataniin wal dorgomsiisuun dandeettiin ijoollee qaramaa deema.

Ispoortiin aadaa, ijoolleen jabina qaamaa, sammuu, obsa, abdiifi hamilee akka qabaatan gochuu keessatti iddoo guddaa qaba. Kun ammoo ijoolleen jabina qamaafi sammuu argachuun rakkoolee jireenya keessatti isaan mudatan akka salphaatti akka moo'an gargaaran. Kana malees, ispoortiin aadaa, Oromoon waggootii hedduuf biyya, aadaafi maalummaa isaa eeggatee akka turu dandeessiseera.

Gaheen maanguddoonni tapha aadaa kana keessatti qabanis baayyee guddaadha. Maanguddoonni, tapha ijoollee kan akka waldhaansoo, fiigichoo, kolleefi wwf doo'atanii, isa moo'ateen "jagna qomcee" jedhanii yoo faarsan, isa moo'atameen ammoo "Atimmoo yeroo biraatti qophaayi, nimoo'ata," jedhanii jajjabeessu. Haaluma kanaan isaanis jabaatanii shaakaluun dandeettii tapha isaanii nifooyyeffatu.

Walumaagalatti, ispoortiin aadaa uummata Oromoo biratti iddoo guddaa qaba. Kanaafuu, cimina qaamaa, bilchina sammuufi walitti dhufeenya hawaasummaa dargaggeeyyii cimsuuf isportiin aadaa guddachuu qabu. Mee hagam ispoortii aadaa Oromoo akka beeknuufi akka taphannu of haagaafannu?

B. Dubbisa armaan olitti dhiyaate irra deebi'uun dubbisuudhaan jechootaafi gaaleewwan armaan gadii walitti firoomsi.

| A | | B | |
|---|---|---|---|
| 1. | gurmaaye | a. | jijjiiramaa |
| 2. | baayyeedha | b. | jabeessan |
| 3. | warreen biroo | c. | mijaayee, qindaa'ee |
| 4. | geeddaramaa | d. | kaan, kanbiraa |
| 5. | faarsan | e. | hedduudha |

C. Gabatee armaan gadii dabtara keerratii garagalchuun, yaada ijoo keeyyata barreeffa kanaan olitti dubbiste fuuldura lakkofsa keeyyatichaa duratti barreessi.

| Lakk. Keeyyataa | Yaada Ijoo |
|---|---|
| 1. Keeyyata 1ffaa | |
| 2. Keeyyata 2ffaa | |
| 3. Keeyyata 3ffaa | |
| 4. Keeyyata 4ffaa | |
| 5. Keeyyata 5ffaa | |

**Gilgaala 3:** Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Yaada dubbisa armaan oliitti dubbisterratti hunda'uun keeyyata mataa keetii tokko barreessi.

B. Tapha aadaa naannoo keetti taphatamu tokko, maatii kee yookaan maanguddoo naannoo keetii gaafachuun barreeffama tokko qopheessi. Barreeffamni kees, taphichi eenyuun akka taphatamu, yoom akka taphatamu, akkamiin akka taphatamu, maaliif akka taphatamuufi faayidaa akkamii jireenya namaa keessatti akka qabu of keessatti haammatu.

## Barannoo 2: Caasluga

**Gilgaala 4:** Shaakala Walsimannaa Mathimaa, Anthimaafi Gochimaa

A. Himoota kanaan gadii irra deebi'uun ergaa sirrii akka kennan godhii barresssi.

1. taphachuu inni jaallata kubbaa.
2. obboleessa ishiin ishii gargaarti baayyee.
3. jira xalayaa ani barreessaan.
4. dhangalaaste bishaan teessoo irratti mucaan.
5. Barattoonni quluqulleessan isaanii naannoo.

B. Himoota kanaan gadii keessatti mathimni, anthimniifi gochimni wal hinsimne. Walsimsiisuun irra deebi'ii barreessi.

1. Mucaan biddeena nyaachuu jalqaban.
2. Jarri mana ijaaree jara.
3. Harmeen koo kitaaba naaf bite.
4. Bokkaan roobaa jiru.
5. Hoolaan marga dheeda.

C. Jechoota kanaa gadiitti dhiyaatan irratti himoota mataa keetii barreessi.

1. fide
2. kenne
3. liqeeffatte
4. deeme
5. ajjeese

**Yaadannoo**

Mathimni kan gocha himicha raawwatu ykn waa'een isaa himamu. Yeroo hedduu mathimni jalqaba himaarratti argama.

Fkn: **Tolaan** bishaan waraabe.

**Ishiin** biddeen tolchaa jirti.

Jechoonni jalaqabarratti galan, "Tolaan" fi "Ishiin" mathima jedhamu. "Eenyutu maal godhe?" isa jedhu himoota keessatti deebisu.

Anthimni hima keessatti mathimni gocha raawwate maal irratti akka raawwate agarsiisa.

Fakkeenya kanaan olii keessatti "bishaan"fi "biddeen" anthima jedhamu. Sababni isaa gochawwan rawwataman kan isaanrratti raawwataman waan ta'eef.

Haaluma kanaan, jechoonni "waraabe"fi "tolchaa jiirti" himoota akka fakkeenyatti kanaan olitti dhiyaatan keessatti argaman gochawwan jedhamani waamamu. Gochi hima tokko keessatti mathimni maal akka raawwate, maal akka fakkaatu, maal akka yaadeefi kkf bakka bu'uun tajaajila.

## Gilgaala 5: Shaakala Hennaa Keessa Murannaa

A. Waan fuulduratti hojjechuuf karoorfatte shan barreessi.

Fkn: 1. Ani dabtara haaraa bitachuuf.

2. Ani xalayaa hiri'yaa koo biyya alaa jiruuf barreessuuf.

B. Odeeffannoo gabatee kanaan gadii keessatti dhiyaate irratti hundaa'uun Tolaan torbee dhufu keessa maal hojjechuuf akkka karoorfateefi akka hinkaroorfanne barreessi.

| Tolaa | Sanbata Xiqqaa | Dilbata |
|---|---|---|
| | fira gaafachuu | Rifeensa sirreeffachuu |
| | Horii tiksuu | Kophee qulqulleeffachuu |
| | Hojii manaa hojjechuu | Magaalaa deemuu |

C. Cimdii cimdiin ta'uun waan torbee dhufu, ji'a dhufuufi waggaa dhufu hojjechuuf karoorfattan walgaafadhaa. Gabatee kanaan gadii dabtara keessan irratti erga garagalchitanii booda, hiriyaan keessan maal hojjechuuf akka karoorfate gaafachuun keessatti barressaa.

| Maqaa Hiriyaa keetii | Waan hojjechuuf karoorfatte/ karoorfate | | |
|---|---|---|---|
| | Torbee dhufu | Ji'a dhufu | Waggaa dhufu |
| | | | |
| | | | |
| | | | |
| | | | |
| | | | |

**Yaadannoo**

Hennaa keessa murannaan gocha fuulduratti raawwatamuuf murtaa'e tokko agarsiisa.

**Fkn**: Inni deemuufi.
Ishiin galuufi.
Jarri dhufuufi.

Himoota armaan olii keessatti gochawwan "deem-", "gal-" fi "dhuf-" jedhan irratti dhamjechi "-uf" jedhu maxxannuun gochawwan fulduratti raawwatamuuf murtaa'an agarsiisa.

**Gilgaala 6:** Shaakala Sababaafi Bu'aa

Himoota kanaan gaditti dhiyaatan keessaa qaama sababaafi bu'aa agarsiisan addaan baasii barreessi.

1. Waan yeroon itti darbeef laaqana isaa osoo hinnyaatiin mana barumsaa deeme.
2. Waan baayyee qo'ateef qabxii gaarii argate.
3. Qulqullina isaa waan eeggatuuf yeroo mara hindhukkubsatu.
4. Amala gaarii waan qabduuf namoonni heddu nijaallatuun.
5. Hojii manaa hojjetanii waan hindhufneef yeroo hunda barsiisaa isaanii wajjin wallolu.

# Boqonnaa 12: Fardaan Gulufuu

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- aadaa Oromoo keessatti fardaan gulufuun bakka guddaa qabaachuu isaa dubbisa dubbisuun hubatta.
- jechoota bakka duwwaatti galchuun himaan walsimsiisuu dandeessa.
- jechoota hiika tokkoo ol qaban hubatta.
- hima ijoo keeyyata keessaa baasuun hubatta.
- gumee qopheessuun keeyyata barreessuu dandeessa.
- sirna tuqaalee keeyyata keessatti sirriitti fayyadamuu dandeessa.
- muraannaala hima keessa galchuun itti fayyadamuu dandeesa.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbaachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Dubbisa armaan gaditti isiniif dhiyaate dubbisuun dura, gaaffiiwwan dhiyaatan gareen irratti mari'achuun dareef afaaniin gabaasaa.

1. Farda gulufsiistee beektaa? Yoo beekte jalqabaaf yoom akka guulfsiiste niyaadattaa?Yeroo jalqabaaf yemmuu gulfisiitu maaltu sitti dhaga'ame?
2. Namoonni maaliif farda gulufsiisu jettee yaadda?Aadaa Oromoo keessatti farda gulufsiisun bakki inni qabu hangami? Maaliif jettee yaadda?
3. Naannoo keessanitti aadaan farda gulufsiisuu jiraa? Yoo jiraate, haala akkamii keessatti kan namoonni farda gulufsiisan?


B. Jechoota armaan gaditti dhiyaatan barreeffama keessaatti niargatta. Barreeffamicha dubbisuu osoo hineegaliin dura hiika isaanii tilmaami.

1. bobba'uu. 2. faarsuu 3. limixii 4. miira

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii ariitiin dubbisuun gaaffiiwwan dhiyaatan deebisi.

1. Dargaggoonni Oromoo erga raaba seenanii booda dirqama akkamii ba'aa turan?
2. Loltuu Oromoo tokkoofi farda isaa gidduu jaalalliifi hariiroon isaan qaban maal fakkaata ture?
3. Dargaggoota yeroo leenjii isaanii si'aayinaan caalmaa qaban keessaa filatamanii leenjii addaa akkamiitu laatamaafii ture?
4. Faayidaan fardaan gulufuu maal fa'i?
5. Yeroo lolaa biyya eeguuf dubartoonni Oromoo fardaan gulufuu keessatti iddoon isaan qaban maal fakkaata?



## Fardaan Gulufuu

Aadaa Oromoo keessaa inni tokko fardaan gulufuudha. Abaabileefi akaakileen keenya biyya isaanii Oromiyaa hanga jaarraa darbeetti diinarraa ittisanii kan tursuu danda'an ogummaa fardaan loluutiin akka ta'e galmeen seenaa ni ibsa.

Haalliifi adeemsi dargaggoonni Oromoo fardaan loluu keessatti qaban guluffiin fardaa iddoo guddaa qaba. Dargaggoon Oromoo erga raaba seenanii booda osoo lola irratti hinbobba'iin barumsaafi leenjii isaaniirratti muuxannoo akka horataniif naannoo isaanii irraa fagaatanii loon eeguudhaaf dirqama ji'a ja'a caaluuf bobba'u. Yeroo sanatti bineensa adamsuun leenjii keessatti barumsa argatan hojiirra oolchuu jalqabu. Kunis jabinaafi obsa hedduu barbaada ture. Leenjichis guyyaafi halkan osoo hinjedhiin si'aan dirqama itti laatame fiixaan baafachuu gaafata. Laga cehuu, gaara bahuu, bosona limixii keessa kutuufi yeroo dheeraaf qabsoon leenca, gafarsaafi qeerransa wajjiin qabaa dabarsuun waliijalatti "fora bahuu" jedhama. Dargaggeessi Oromoo "fora bahu" obsa ficcisiisaa sana keessa bahee gaachana ummata Oromoo ta'a ture. Erga sadarkaa kana darbee booda, barumsi itti fufu leenjii buttummaafi farda gulufsiisuuti.

Dargaggoota yeroo leenjiin isaanii si'aayinaan caalmaa kan qaban keessaa filatamanii leenjiin addaa laatamaaf. Isaan akkasiis "buttuu" jedhamu. Buttuun yeroo barbaachisetti fardaan yeroo kaan ammoo, lafoo ta'anii loluu akka danda'anitti addaan leenjifamu. Si'aayina qaamaatiinis dorgomaa akka hinqabaanneetti jabaatu. Buttuu qofaaf osoo hintaane, farda buttuufis leenjiin akka gaariitti laatamaaf.

Loltuu Oromoo tokkoofi farda isaa gidduu jaalalliifi hariiroon ture haala hiriyaa yookiin dhibantaati. Namni fardi lolarratti jalaa du'e akka waan obbolessi yookiin firri jabaan jalaa du'eetti gaddanii namicha jajjabeessu; loon gurguranii farda bitanii bakka buusuuf.

Lola biyya ofii eeguu keessatti dhiira qofa osoo hintaane, dubartoonni Oromoos qooda guddaa qabu turan. Yeroo lolaa qe'ee isaanii eeguun gamatti, dirree lolaatti hanga fardaan loluutti gahaniiru. Galaa qopheessanii, dirree lolaatti dhiira faana bu'aanii weedduudhaan jajjabeessuun waan haadholiin keenya keessa darbani. Jagnoota faarsuufi dabeessa salphisuun qooda dubartoonni Oromoo biyya isaanii eeguu keessaa qaban ture. Goota du'es faarsanii yaadannoon isaa akka miira loltootaa kakaasuuf hamileen isaanii akka jabaatu taasisaa turan.

Dabalataanis, fardaan gulufuun jabeenya qaamaa cimsuuf fayyada. Kanaafuu, ijoollummaa irraa qabanii shaakaluun, ofiifis cimina qaamaa akkasumas dorgomanii maaqaafi galii argachuu nama dandeessisa. Kanaa olis, fardaan guluufun aadaa Oromoo keessaa isa guddaa tokko waan ta'eef aadaan kun akka jabaatee itti fufuuf bu'aa guddaa buusuu qabna.

B. Dubbisa armaan olitti dubbiste irratti hundaa'uun himoota armaan gadii 'dhugaa' yookaan 'soba' jedhii deebisi.

1. Dubartoonni Oromoo hanga fardaan loluutti ga'aanii turan.
2. Dargaggoonni Oromoo erga raaba seenanii booda osoo lola irratti hinbobba'in barumsaafi leenjii isaaniirratti muuxannoo akka horataniif naannoo isaanii irraa fagaatanii loon eeguudhaaf dirqama ji'a sagalii caaluuf bobba'u.
3. Walitti dhufeenyi loltuu Oromoo tokkoofi farda isaa gidduu jaalalliifi hariiroon ture haala hiriyaa yookiin dhibantaati.
4. Dargaggeessi Oromoo "fora bahuu" obsa ficcisiisaa keessa osoo hinbahiin dura sadarkaa leenjii buttummaafi farda gulufsiisuuti darbu turani.
5. Farda gulufsiisuun aadaa Oromoo keessatti bakka guddaa dhabaa dhufeera.

C. Jechoota kanaa gaditti kennaman bakka duwwaatti galchuun himaan walsimsiisi.

limixii gamatti miira raaba ficcisiisaa

1. Dargaggoon Oromoo erga __________ seenanii booda osoo lola irratti hinbobba'in baruumsaafi leenjii isaaniirratti muuxannoo akka horataniif naannoo isaanii irraa fagaatanii loon eeguudhaaf dirqama ji'a ja'a caaluuf bobba'u.

2. Dargaggeessi Oromoo "fora bahu" obsa _________keessa bahee gaachana ummata Oromoo ta'a ture.

3. Yeroo lolaa qe'ee isaanii eeguun _________, dubartoonni Oromoo dirree lolaatti hanga fardaan loluutti gahaniiru.

4. Sodaa tokko malee dukkana_______ keessa deemu turan.

5. Dubartoonni sirbaan dhiira faarsanii _______ isaanii kakaasu.

D. Jechoonni kanaan gadii hiika tokkoo ol qabu. Hiika isaanii xiyyeeffachuun himoota irratti ijaari.

1. boqote
2. lafa
3. dhahuu
4. harree
5. qore

### Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Yaada dubbisa armaan olitti dubbiste irratti hundaa'uun aadaa Ormoo keessatti fardi iddoo guddaa qabaachuu isaa namoota adda addaa gaafachuun barreeffama tokko barreessi. Barreeffama kees dareef dubbisi.

B. Dubbisa armaan olitti dhiyaate bu'uura godhachuun, ispoortii aadaa naannoo keetti argamu tokko irratti barreeffama qopheessi. Barreeffamni kees seenaafi aadaa Oromoo keessatti bakki ispoortichi qabu akka agarsiisu haata'u.

# Barannoo 2: Barreessuu

**Gilgaala 4:** Shaakala Keeyyata Barreessuu

A. Hima ijoo keeyyata kanaan gaditti dhiyaate keesssaa baasuun barreessi.

### Keeyyata 1

Beektonni adda addaa afoolaaf hiika garaa garaa kennu. Hiikaawwan muraasni afoola kallattIii ogbarruutiin yoo ibsan, warreen biroo ammoo afoola karaa falaasamaafi ilaalcha hawaasa tokkootiin agarsiisu. Akka waliigalaatti hiikni afoolaa beektota heddu biratti fudhatama qaba jedhamee yaadama hiikni isaa dhimmoota heddu of keessaatti hammatee argama. Hikichis akkaas jedha: Afoolli gosa ogbarruu ta'ee, kan sabni tokko eenyummaa, amantii, haala jiruufi jireenyaa isaa, heeraafi seera isaa, falaasamaaafi hooda isaa, walumaagalatti, ilaalcha addunyaa kanaaf qabu afaaniin dhaloota dhufuuf dabarsuudha.

Hima ijoo: ________________________________________

### Keeyyata 2

Namoonni hedduun bosonni muka qoraaniifi manneen ijaaruuf qofa nama gargaara jedhanii yaadu. Bosonni garuu naannoon tokko akka caamaan hinhubamne gargaara. Bishaan lafa keessa jirus daddafee akka hingogne gaaddisa ta'uun, haala qilleensa naannoo mijeessuu keessatti iddoo guddaa qaba. Naannoo bosonni hinargamnetti yeroo baayyee bokkaan hinroobu. Bosonni naannoo uummaata tokkoof faayidaa heddu akka qabu hubachuutu barbaachisa ta'a.

Hima ijoo: ________________________________________

B. Yaada ka'uumsa jalqaba keeyyata armaan gaditti kennamerratti hundaa'uun keeyyaticha xumuri.

Dhibeen HIV/AIDSii karaa adda addaan darba.________________________

______________________________________________________________

______________________________________________________________

______________________________________________________________

______________________________________________________________

______________________________________________________________

______________________________________________________________

______________________________________________________________

**Gilgaala 5:** Shaakala Keeyyata Barreessuu

A. Keeyyata osoo barreessuu hineegaliin dura, gumee qopheessuun barbaachisaadha. Gumee armaan gaditti mataduree "Faayidaa Barnootaa" irratti qophaa'ee hubadhu. Itti aansuun, gumicha irratti barreeffama keeyyata sadii qabu barreessi

**Faayidaa Barnootaa**

1. Naannoo keenya hubachuuf
    1.1. Haala jireenya hawaasaa
        1.1.1 Aadaa hawaasaa
        1.1.2 Walitti dhufeenya hawaasaa
    1.2 Walitti dhufeenya hawaasaafi umama naannoo
        1.2.1 Hawaasaafi biqiltoota
        1.2.2 Hawaasaafi haala qilleensaa
2. Rakkoowwan numudataniif furmaata barbaaduuf
    2.1 Rakkoowwan dhuunfaa
    2.2 Rakkoowwan hawaasaa

2.3 Rakkoowwan biyyaa

3. Waan haaraa argachuuf

3.1 Kallattii qonnaa

3.2 Kallattii saayinsii

3.3 Kallattii tajaajilaa

3.4 Kallattii fayyaa

B. Haaluma kanaan atis mataduree “Faayidaa Bosonaa” jedhu irratti gumee qoheessuun barreeffama keeyyata lamaa hanga shaniitti qabu qopheessi.

C. Matadureewwan armaan gadii keessaa tokko filachuun gumee qopheessi. Gumee qopheessite irratti hunda’uun barreeffama keeyyata sadi qabu barreessi.

1. maatii
2. fayyaa
3. ganda koo
4. ijoollummaa
5. mana barumsaa koo
6. ispoortii

## Gilgaala 6: Shaakala Sirna Tuqaalee

A. Himoota armaan gadii keessatti sirna tuqaalee barbaachisu hunda fakkeenyaaf qoodduu, mallattoo waraabbii, mallattoo raajeffannoofi mallattoo gaaffii akkasumas, tuqaa fayyadamuun irra deebi’ii barreessi.

1. Mammaaksa Oromoo Quuqqaa cinaacha jalaa abbaatu beeka jedhu hiika saa beektaa.
2. Ati amma eessaa dhufta Hanga yoonaa eessa turte jedhe Tolaan.
3. Abbaan koo akka har’a hojjetan bor jiraatu jedhe yeroo heddu dubbata.

4. Ishoo baga gammaddan jettee na simatte Ayyaantuun.

5. Yeroo inni Mootaniittu siin jedhe ati ni gammaddee.

B. Keeyyata armaan gadii keessatti sirni tuqaalee sirriin bakka barbaachisaa ta'etti hingalle. Sirna tuqaalee barbaachisaa ta'an hunda galchuun keeyyaticha irra deebii barreessi.

Raadiyoon biyyoota Afrikaa keessatti faayidaa heddu qaba faayidaan inni jalqabaa raadiyoon uummata baadiyaa jiraatu salphaatti qaqabuu danda'a akka televizyinaa teknooloojii walxaxaa ta'e heduu hinbarbaadu tamsaasuuf. Ogeessi raadiyoo tokko faayidaan raadiyoon ummata Afrikaaf qabu ilaalchisse Radiyoon uummata Afrikaaf waan hunda jechuudha jedhe dubbatee ture. Haala waliigalaatti raadiyoon salphaatti uummata Afrikaa baadiyaa keessa jiranuuf oddeeffanno salphaatti geessisuu danda'a kanarraa kan ka'e nammoonni hedduun raadiyoo hiriiyaa laphee jedhanii waamuun

## Barannoo 3: Caasluga

**Yaadannoo**

Murnaaalli gosa hennaa ta'ee kan dhimma ykn gocha fulduratti raawwatamu ykn raawwatamuuf shakkamu tokko ittiin agarsiisnudha.

**Gilgaala 7:** Shaakala Murnaalaa

A. Waan fuulduratti hojjechuu/ raawwachuu kee shakkitu shan barreessi.

Fkn: 1. Ani nandeema ta'a.

2. Inni xalayaa hiri'yaa isaaf nibarreessa ta'a.

B. Odeeffanno gabatee kanaan gadii keessatti dhiyaate irratti hundaa'uun, Badhaatuun torbee dhufu keessa maal raawwachuu akka qabdu kan ibsan himoota shan barressi.

| Badhaatuu | Sanbata Xiqqaa | Dilbata |
|---|---|---|
| | Fira gaafachuu<br>Mana qulqulleessu<br>Biqiltuu dhaabuu | Wuccuu miiccachuu<br>Hiriiyoota ishee bira deemuu<br>Televizyiina daawwachuu |

C. Cimdii cimdiin ta'uun waan torbee dhufu, ji'a dhufuufi waggaa dhufu hojjechuu keessani shakkitan walgaafadhaa. Gabatee kanaan gadii dabtara keessani irratti erga garagalchitanii booda, hiriiyaan keessan maal hojjechuu isaa/ishii akka shakku/shakkitu gaafachuun gabatee keessatti barreessi.

| Maqaa Hiri'yaa keetii | Gocha raawwatamuuf mamaa ta'e | | |
|---|---|---|---|
| | Torbee dhufu | Ji'a dhufu | Waggaa dhufu |
| | | | |
| | | | |
| | | | |
| | | | |
| | | | |

# Boqonnaa 13: Aramaafi Dhukkuba Biqiltootaa


**Kaayyoo: Dhuma barnoota boqonnaa kanaati:**

- dandeettii dubbisa dubbistee ergaa isaa hubachuu cimsatta.
- hima keessatti walqabsiisota sirrii ta'anitti fayyadamu dandeessa.
- jechootaafi gaaleewwan dubbisa keessatti maal akka bakka bu'an hubatta.
- gabatee keessatti odeeffannoo dhiyaate qindeessuun barreessita.
- barreeffama keessatti sirna tuqaalee sirritti fayyadamuu dandeessa.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Garaagarummaa fakkiiwwan armaan gadii irratti mari'adhaa.





B. Dubbisa armaan gaditti isiniif dhiyaate dubbisuun dura gaaffiiwwan dhiyaatan irratti gareen mari'achuun dareef afaaniin gabaasaa.

1. Dhimmoota qonnaa irratti miidhaa geessisan keessaa maal fa'i beektu?
2. Miidhaan aramaan qonnaa irratti geessisu maal maal jettanii yaaddu?
3. Naannoo keessanitti dhukkuboota biqiltootaafi gosoota haramaa qonnaa irratti dhiibbaa geessisaa jiranu maal fa'i?
4. Yaanni ijoon dubbisa dubbisuuf deemtu maal isinitti fakkaata?

C. Jechoota armaan gadii osoo dubbisuu hineegaliin dura hiika isaanii tilmaami.

1. dalaga 2. da'oo 3. dawaa 4. farra

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii ariitiidhaan dubbisuudhaan gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Aramaan akkam godhee biqiltootaa irratti miidhaa geessisa?
2. Tooftaawwan saffisa guddina aramaafi faca'iinsa isaa ittissuuf nama gargaaran barreessi.
3. Lubbu-qabeeyyii ijaan hinmullanne tahanii, kan biqiltoota irratti dhiibbaa geessisan kam fa'i?
4. Lubbu-qabeeyyii xixiqqaan burqaa dhukkuba midhaanii ta'an eessatti walhoru?
5. Fangasii, baakteeriyaafi vaayrasii qaama biqiltootaa keessa jiraatan akkam godhamee xiqqeessuun danda'ama?

### Aramaafi Dhukkuba Biqiltootaa

Qonnaan bultoonni oomisha qonnaa garii akka hinarganne kan godhan keessaa aramaafi dhukkubni biqiltootaa jalqaba irratti argamu. Aramaan dhukkuba biqiltootaa kanneen akka fangasiifi baakteeriyaa akkasumas ilbiisootaaf da'oo ta'a. Kana malees bishaan, nyaataaafi aduu biqiltoota jalaa saama. Haalli kunis oomisha midhaanii xiqqeessa. Aramaan waan dafee guddatuufi biqiltoota irratti dhiibbaan isaa baayyee cimaadha. Kanaafuu, guddinaafi faca'insa aramaa ittisuun hojii midhaan qulqullinaafi baay'inaan oomishuu keessatti bakka guddaa qaba.

Saffisa guddina haramaafi faca'insa isaa ittisuuf tooftaa adda addaa fayyadamuun barbaachisaadha. Kanneen keessaa sanyii midhaanii qulqulluufi filatamaa facaasuu, humna ofiitti yookaan meeshaa qonnaatti fayyadamuudhaan gocha farra haramaa geggeessuufi keemikaalota farra aramaa ta'an fayyadamuudha. Reeba'uuniis gocha farra haramaati. Kunis midhaan facaasuun duratti qotiyyoon yookiin meeshaa biraatiin biyyee lafa qonnaa garagalchuun hidda arama fonqolchanii dirreetti baasuudha.

Miidhaa aramaan geessisu caalaa dhukkuba biqiltootaa kan ta'an lubbu-qabeeyyii ijaan hinmullanne hedduutu jiru. Isaanis fangasii, baakteeriyaafi vaayrassiifaadha. Lubbu-qabeeyyiin kun qaama midhaanii irraafi keessa jiraachuun oomiisha midhaanii baay'ee miidhu. Miidhan isaaniis hanga biqiltoota guutumaa-guututti ajjeesuutti ga'uu danda'a. Lubbu-qabeeyyii xixiqqaan burqaa dhukkubaa midhaanii tahan qaama fangasiifi baakteeriyaa keessatti walhoru.

Lubbu-qabeeyyiin kun miidhaa isaan biqiltoota irratti geessisaa jiran baayyee cimaa waan ta'eef, hanga danda'ametti ittisuuf carraaquun baayyee barbaachisaadha. Fakkeenyaaf, fangasii qaama biqiltootaa gubbaa jiraatan dawaa itti biifuun ittisuu nidanda'ama. Haata'u malee, fangasii, baakteeriyaafi vaayrasii qaama biqiltootaa keessa jiraatan yarsanii dhabamsiisuun rakkisaadha. Kana jechuun dhukkuba biyyee keessaa jiranu salphisuu hindanda'mu jechuu miti. Yeroo ammaa yaalii hedduutu godhamaa jira. Kanneen keessaa tokko, dawaa sablinaan bulbulamee biyyeen walitti makamuu danda'u raphuun lubbu qabeeyyii xixiqqaa dhabamsiisuudha.

Walumaagalatti, miidhan aramaafi dhukkubni biqiltootaa oomisha qonnaa irratti fidaa jiran baayyee ballaa ta'ee argameera. Rakkinni kun ammo harka caalmaatti biyyoota guddachaa jiran keessaatti gadifageenyaan mullata. Carraaqqiin dhiibbaa aramaafi dhukkuba biqiltootaa hirrisuuf godhamu adeemsa biyyi tokko nyaataan ofdanda'uuf gootu keessatti bakka guddaa qaba.

B. Dubbisa armaan olitti dhiyaate irratti hunda'uun "dhugaa" yookaan "soba" jedhii deebisi.

1. Aramaan dhukkuba biqiltootaa kanneen akka fangasiifi baakteeriyaa akkasumas ilbiisotaa adda addaaf da'oo taha.
2. Aramaan waan dafee hinguddanneef biqiltoota irratti dhibbaan isaa baayyee cimaa miti.

3. Reeba'uu jechuun midhaan eega facaasanii booda qotiyyoon yookiin meeshaa biraatiin biyyee lafa qonnaa garagalchuun hidda aramaa fonqolchanii dirreetti baasuudha.
4. Fangasii, baakteeriyaafi vaayirasii qaama biqiltootaa keessa jiraatan guutumaa guutuutti dhabamsiisuun nidanda'ama.
5. Miidhaan aramaafi dhukkubni biqiltootaa oomisha qonnaa irratti fidaa jiranuharka caalmaatti biyyoota guddachaa jiran keessaatti gadifageenyaan nimullata.

C. Jechoonniifi gaaleewwan armaaan gadii dubbisa kanaan olitti dhiyaate keessatti hiika maal akka qaban barreessi.

1. miidhaa
2. oomisha
3. faca'insa
4. saffisa
5. farra
6. dawaa
7. fonqolchuu
8. da'oo
9. yaalii

D. Odeeffannoo gabateewwan kanaan gadii keessatti dhiyaatan dubbisa kanaan olitti dubbiste irratti hundaa'uun iddoo duwwaa guuti.

**Gabatee 1: Aramaa**

| Akkaataa Aramaan Miidhaa Itti Geessisu | Miidhaa Aramaan Qonnarratti Fidu | Tooftaa Miidhaan Aramaa Ittin To'atamu |
|---|---|---|
| 1. Da'oo dhukkuba biqiltootaafi ilbiisota ta'uun | 1. ____________ ____________ | 1. ____________ ____________ |
| 2. ____________ ____________ | 2. ____________ ____________ | 2. Humna namaafi meeshalee gocha farra aramaa geggeessuu |
| 3. ____________ ____________ | 3. ____________ ____________ | 3. ____________ ____________ |

### Gabatee 2: Dhukkuba Biqiltootaa

| Haala Jireenya Isaanii | Miidhaa Aramaan Qonnaarratti Fidu | Tooftaaa Miidhaa Jaraa To'achuf Nama Gargaaru |
|---|---|---|
| 1. Qaama biqiltootaa keessa | 1. ________________ | 1. ________________ |
| 2. ________________ | 2. Lubbuu biqiltuu balleessuu | 2. ________________ |
| 3. ________________ | 3. ________________ | 3. ________________ |

**Gilgaala 3:** Shaakala Dubbisuun Boodaa

Miidhaa aramaaniif dhukkubni biqiltootaa oomisha qonnaa naannoo keessanii irratti geesssisaa jiru ilaalchisuun keeyyata tokko qopheessi. Keeyyanni kees tooftaawwan qoteebultoonni naannoo keetii miidhaa armaafi dhukkuba biqiltoota kana hirrisuuf fayyadaman of keessatti haaqabaatu.

## Barannoo 2: Caasluga

**Gilgaala 4:** Shaakala Walqabsiisotaa

A. Walqabsiisota kanaan gaditti kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa himoota kanaan gadii keessatti galchuun barressi.

| | | | |
|---|---|---|---|
| osoo | malee | fi | moo |
| hoo | akkuma | qofa | kana malees |

1. Gurbichi nibarata, ______, nidaldaala.
2. Tolaan _________abbaa isaa dheeraadha.
3. Qarshii qofa_______ hinta'in deeggarsi yaadaas barbaachisaadha.
4. Obboleettiin kee barachaa jirti, ati________?
5. Obsaa_____Gammadaan obboleessota.
6. Nyaata _____dhugaatii barbaadda?
7. Boontuu _______waami.
8. Qarshiin dhabe _________siifan bita ture.

B. Walqabsiisota kanaan gadii fayyadamuun himota mataa keetii ijaari.

1. kanaafuu
2. yookaan
3. moo
4. fi
5. garuu
6. akkasumas
7. kanaa achi
8. haa ta'u
9. kanaaf jecha
10. waan

## Gilgaala 5: Shaakala Sirna Tuqaalee

Dogongora sirna tuqaalee keeyyata armaan gadii keessatti argamu sirreessuun keeyyaticha irra deebi'uun barreessi.

Dur dur leenca qeerransa waraabessaafi harreetu adamoo deeman jedhan Guyyaa sadiif walitti aansanii homaa dhabanii qoonqoon  isaanitti yaate. Akkamitti akkana ta'a nu keessaa namni cubbuu hojjete tokko jira jechuun gumgumuu jalqabani. Cubbuu jaraafis jalaa ka'ii gaafachuu akka qabu irratti waliigalan.  Dursees leenci faxuulaatii cubbuu kanaan dura godhe himachuutti ka'e. Eeyee natu cubbu godhe. Gaaf tokko jabbii xiqqoo tokko ganda keessatti argadheen nyaadhe jedhe. Bineensonni kaan miti, kun cubbuu miti jedhan. Itti aansuun qeerransiifi waraabessi cubbuu nuti hojjenne jedhanii kan yaadan walitti aansuun dubbatatan. Bineensonni kaanis cubbuu akka hintaane mirkaneessaniif. Dhumarratti dabareen harree ga'e. Yeroo tokko namni ba'aa natti fe'ee osoo deemaa jirru namtichatti karadeemaan tokko itti dhufee dhaabbatanii haasaa jalqabani. Anis karaarraa goreen hanga inni dhufuti marga bubbutadhe achumaanis fe'iinsi sun natti ulfaannan itttiin ciise jette. Xiqqoo erga mariyaatanii booda, kun cubbuudha kun cubuudha sababni rakkoo keenyaa si'i jedhaniin. Achumaan harreettii kukkutanii nyaatan jedhama.

# Boqonnaa 14: Bilillee (Mahibuubaa)

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- Yaada ijoo dubbisichaa addaan baafatta
- hiika jechootaa akkaataa galumsa isaaniitti himta.
- yaada haqaafi yaada dhuunfaa addaan himata.
- seenaa namoota beekamoo ta'anii barreessita.
- Yaada rarra'anii hafan guutta.
- qajeelfamoota hordofuun haala wanti tokko itti raawwatamu ibsita.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Barreessuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Dubbisa armaan gadi itti dhiyaate dubbisuun dura gaaffiiwwan dhiyaatan gareen irratti mari'achuun dareedhaaf gabaasaa.

1. Seenaa jireenya nama dhuunfaa dubbistee beektaa? Yoo dubbiste kan eenyuufaa akka dubbiste himi.
2. Seenaa nama dhuunfaa dubbisuun faayidaa maali qaba?
3. Namoota dhalataa Oromoo ta'anii sababa daldala gabraatin biyya kana gara biyya alaatti gurguraman eenyufaa beekta?
4. Daldalli gabraa maali? Eenyutu gurgurama? Eenyutu gurgura? Eessatti gurguramu?

B. Jechoota armaan gadii osoo dubbisuu hineegaliin dura hiika isaanii tilmaami.

1. naatoo  2. booji'amuu  3. doo'achuu

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii ariitiidhaan (Saffisaan) dubbisuudhaan gabatee armaan gadii guuti.

| bara | bakka | gocha raawwatame |
|---|---|---|
| 1820 | Gummaa | |
| 1835-6 | | |
| 1837 | | |
| 1840 | | |
| 27,1840 | | |

### Bilillee (Mahibuubaa)

Namoota dhalataa Oromoo ta'anii sababa daldalaa garbaatiin gara Awurooppaatti gurguramanii qorannoo ogummaa Oromoof bu'aa guddaa buusan kanneen akka Akkafeetee Daallee, Oshuu Agaa, Amaan Gondaafi Bilillee faan warroota gara Jarmaniitti fudhataman keessaa muraasa. Mee seenaa dargaggoota kanaa keessaa seenaa Bilillee haa ilaallu.



Bililleen maqaa maatiin ishee, akkuma aadaafi duudhaa Oromtichaatti isheedhaaf baheedha. Kan dhalatte Oromiyaa dhihaa bakka Gummaa jedhamuutti . Barri isheen dhalattee 1820 keessa. Dhalattee yoo waggaa kudhan guuttuu, bara 1835-6, biyya isheen dhalatetti lolli ka'e. Abbaafi oobboleewwan ishee jahaan niajjeefaman. Bililleefi oobboleetiin ishee

ammoo booji'amanii gabrooman. Sanaan booda obboleewwan lamaan kun gara Gondoritti fudhatamuun achittis gargar bahan; sana booda deebi'anii walhinagarre.

Gondoriin booda Bililleen dura karaa Kaartuum itti aansee gara magaalaa guddittii misraa, Kaayirootti bara 1837 keessa gurguraaf geeffamte. Yeroo kana ilmi mootii Jarman tokko Kaayiroo gahe. Innis Harmaan Paklar jedhama. Gaaf kaan gabaa gabroonni itti gurguraman ilaaluu dhaqe. Guyyaa kana Bilillee gurguruuf gabaa baasanii turan. Ilmi mootii kun akkuma naatoo Bililleen qabdu argeen bituuf itti gaggabe, nibitates. Maqa ishees Mahibubaa jedhee moggaseef. Mahibuubaa jechuun Afaan Arabaatiin 'jaalallee koo' jechuudha.

Umriin ishee ijoollee haata'u malee, yaanniifi hojiin ishee akka nama guddaa ture. Kun ammoo Paklaar daran akka ishee jaalaatu taasise. Qulqullina garaa isheefi fedhiin Bililleen barumsaaf qabdu guddisaniituma qalbii isaa fudhatan. Kanarraa kan ka'e, Afaan Arabaafi Afaan Jarmanii akka barattu waan barbaadeef, bakka do'ii deemu hundattu Mahibuubaa of biraa hin hanbisu ture. Yaanni isheen iddoo tokko erga daawwatte booda kennitu baay'ee isa ajaa'ibsiisaa ture. Amalli ishii kun amala cima mootii kan Paklar yeroo Awurooppaadhaa dhufu qabu akka jijjiirratu godhe. Kanaaf, Paklar yeroo tokko, "Nama dhugaan wajjiin jirtu wajjiin ooleen, yeroo baay'ee booda nama dhugaa ta'e," jedhee barreesse.

Biyyoota bahaa waggaa sadiif erga doo'atan booda, bara 1840 Paklariifi Mahbuubaan gara Awurooppaa deebi'an. Yeroo kana Mahibuubaa dhukkubni sonbaafi heexoo waan qabeef, baay'ee dhukkubsatte. Nafti ishees baay'ee huqqattee lafeetti baate. Paklaar osoo garaan jibbuu Mahibuubaa mana isaa Muskaa jiru keessatti dooktora isaatti amaanaa kennatee haadha manaa isaa dhukkubsatte gaafachuu Barliin deeme. Yeroo kana baay'e dhukkubsattullee, Mahibubaan dardarri biyya ishee Oshuu Aagaa kan jedhamuun walbarte. Oshuu Aagaa irraan immoo, hayyicha Jarman kan Afaan Oromoo qoratu, Tuucheekiin, walbarte. Sirba

Oromoo kan Bililleen sirbite hayyichi kun galmeesee dhalootaaf dabarsee jira.

Ijoollummaa isheetii kaasee guddisee jaalallee akka ija isaatti ilaalu kan taasise, Paklaar, haati manaa isaa waan guddaa dhukkubsateef Barlinii gara Mahibuubaatti deebi'uu hindandeenye. Garuu xalayaa nibarreessaaf ture. Mahibuubas dhukkubni guyyuma guyyaan itti cimaa adeeme. Akka hindandamanne garaan waan beekeef, yoo duutu Paklar akka ishee bira taa'u guddaa hawwite.Fedhii ishee kanas dhukkubsatte barreessuu waan dadhabdeef dooktorri ishee barreesseef. Yeroo xalayaan kun harka Paklar gaheetti haati manaa isaa daran waan dhukkubsatteef gara Mahibuubatti hatattamaan deemuu hindandeenye. Kanaaf, rakkina irra jiru ibsee xalayaa fi meetii maqaan 'Maahibuubaa' jedhu irratti bocame ergeef. Garuu yoo xalayichifi meetichi Onkololeessa 27, 1840 Muskaa gahu, Bililleen garuu arguu hin dandeenye; isheenis, isa dhumaaf addunyaa kanarraa boqatte.

B. Dubbisicha suuta dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebii kee barreeffaman deebisi.

1. Ergaan keeyyata $2^{ffaa}$ keessatti darbe maali?
2. Waa'een amalaafi dandeettii Bilillee keeyyata meeqaffaa keessatti ibsame?
3. Bililleen dhalata biyya abbaa ishee kan ta'e eenyuun Jarmanitti walbarte?

   Gumaachi isaa isheef maali?
4. Tuucheek bu'aan inni ogbarruu Oromoof buuse maali?
5. Ergaan keeyyata $4^{ffaa}$ keessatti darbe maali?

C. Jechoota raga 'A' jalaa hiika isaanii roga 'B' jalaa wajjin walitti firoomsi. Deebii keessanis gareen irraitti mari'adhaa.

| 'A' | | 'B' | |
|---|---|---|---|
| 1. | ilaaluu | A. | dandamachuu |
| 2. | miidhagina | B. | fedhii guddaa agarsiisuu |
| 3. | dardara | C. | gaarummaa |
| 4. | eegalee | D. | beekaa |
| 5. | hayyuu | E. | itti gammaduu |
| 6. | jalaa bahuu | F. | du'uu |
| 7. | addunyaa irraa boqochuu | G. | qaana'uu |
| 8. | qulqullina garaa | H. | dargaggeessa |
| 9. | itti gaggabuu | I. | mararuu |
| 10. | garaa nyaachuu | J. | naatoo |
| | | K. | doo'achuu |
| | | L. | jalqabe |
| | | M. | irra qabuu |

## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii hubannoo dubbisarraa argatteefi muuxannoo kee walitti fiduun deebisi.

1. Seenaa jireenyaa Bilillee irraa maal hubatta?
2. Barootta Bililleen keessatti dhalatte sun har'a irra teessee akkamitti ilaalta?
3. Ergaan waliigala dubbisa dhiyaatee maal sitti fakkaata?

## Barannoo 2: Caasluga

**Yadannoo**

Yaadni haqaa yaada yeroo hunda bakka hundatti nama hunda biratti dhugaa ta'e. Yaadni dhuunfa garuu yaada ykn ilaalcha nama/ garee tokko calaqqisiisu.

**Fkn. Yaada haqaa:** Lubbu-qabeeyyiin jiraachuuf bishaan barbaadu.

**Yaada dhuunfa:** Oromiyaan baayyee bareedduudha.

**Gilgaala 4:** Shaakala Yaada Haqaafi Dhuunfaa Adda Baasuu

A. Gaaffiwwan armaan gadii yaada dhuunfaa, ykn yaada haqaa ta'uu isaanii adda baasi barreessi.

1. Bilillee Maatii ishee ijoollumaatti dhabde.
2. Aduun Bahaan baatee Lixaan lixxi.
3. Lafatu aduu naanna'a malee, aduun lafatti hinnaannooftu.
4. Namni bishaan malee jiraachuu hindanda'u
5. Namni durii waggaa dhibba jiraata.

B. Yaadolee haqaafi dhuunfaa sadi sadi barreessuun agarsiisi.

I. Yaada haqaa

1. ____________________
2. ____________________
3. ____________________

II. Yaada dhuunfaa

1. ____________________
2. ____________________
3. ____________________

## Barannoo 3: Afoola

**Gilgaala 5:** Shaakala mammaaksaa, hibboofi durdurii

A. Mammaaksoota armaan gadii yaanni isaanii rarra'ee hafe guutuu taasisuun gareen irratti mar'adhaa deebisaa.

1. Akka ebaluuttan sirbaan ____________________
2. Baddu baddi malee ____________________
3. Afaan bal'ateef____________________
4. Akka hiree malee ____________________
5. Eeboo darbatanii ____________________

B. Hiibboo armaan gadii keessaa yaadolee rarra'anii hafan xumuri. Deebii isaa gareen irratti mari'adhaa.

1. Wajjumaan nyaannaa maaf ______________________________?
2. Hoxxee gamaa ______________________________
3. Ciisu akka reeffaa, ka'u akka ______________________________
4. Takka dhayee ______________________________
5. Sabbata aayyoo ______________________________ dadhabe

C. Oduun durii (sheekkoon) armaan gadii kun yaanni isaa rarra'ee kan hafeedha. Kanaaf yaada hafe itti guuti.

**Dacheen Irraa Bu'uus…**

Bara durii intala mootii bareedduu tokkotu jirti ture. Dardarri namni sadii, " anatu fuudhaa, anatu fuudhaa," irratti walqaban. Abbaan intalaas, "sadan keessanuu intala kana argadhaa isiniifan kennaa," jedheen.

Yeroo kana manguddoo ergatanii, maatii fixatanii gudduunfaan geessanii beellama qabatanii galan. Jara sadeeniifuu guyyuma tokkotu qabame. Gaaf guyyaa cidhaa oggaa dhiyaatan abbaan intalaa yaamee, "Mee ati sadan isaanii keessaa kam filattaa? Moo atihoo akkam jetta?" jedheen. "Ani kan dachii kana ol fuudhettin heeruma" jettee deebifteef intalli. Yeroo kana abbaan, jara sadaniin, "kunoo egaa intalli akkana, jettii kan fuudhu eenyuu," jedhee gaafate...

______________________________
______________________________
______________________________
______________________________
______________________________
______________________________
______________________________
______________________________

## Yaadannoo

### Mana kitaabaatti Fayyadamuu

- Manni kitaabaa dandeettii dubbisuu fi barreessuu baratаа gabbisuuf gahee olaanaa qaba. Kanaaf, mana kitaabaatti fayyadamuuf, barattoonni wantoota beekuu qaban jira. Sababiin isaas, manni kitaabaa seera mataa isaa qaba. Yeroo mana kitaabaatti fayyadamnu wantoota gurguddoo lama beekuu qabna. Isaanis:
- Mala saffisaan odeeffannoon barbaadame ittiin argamu gonfachuun barbaachisaadha.
- Beekumsa mala kaataaloogiifi indeeksiin ittiin qophaa'aniidha.

### Kaardii kaataaloogii mana  kitaabaa

Kaataaloogiin kardii walduraa duuba qubeetiin meeshaaleen mana kitaabaa irratti galmeeffamaniidha. Haata'u malee yeroo ammoo dhalli namaa meeshaalee ammayyaafi saayinsiitti kan akka kompitarratti fayyadamuutti jira. Biyya keenya keessattis iddoo tamsa'inni intarneetii jirutti haalan itti fayyadamaa jiru. Gama haala itti fayyadama kaataaloogii yoo dhufnu kitaabni hundi karaa sadiin kaataaloogii irratti galmeeffaman:

A. Kaataaloogii Damee Barumsaa ( subject catalogue)

Gosa beekumsaa ykn qu'annaa kam irratti kitaabichi akka barreeffame agarsiisa.

1. Multicltural  Education
2. 205.265
3. James A. Banks ,2010 N 50f
4. Chapel Hill, the University of Addis Ababa Press. 2010
5. V, 760 front --- places 25cm
6. “ Selected bibliography “ : P.27-33

1. Diversity in Ethiopia
2. Federalism in Ethiopia

7. HD .N7865 33-165774

Library of Kennedy

**Furtuu: Lakkoofsonni armaan olii kan ibsan:**

1. Jifaar / Dame barnoota / barumsaa
2. Lakkoofsa
3. Barreessaa
4. Mata-duree, Maxxansaa
5. Baay'ina fuulaa
6. Odeeffannoo addaa
7. Odeeffaannoo hojjettoota mana kitaabaatiif fayyadu.

B. Kaataaloogii Barreessaa

* Maqaa barreessaa akka walduraa duuba qubeetiin galmeessaa.

*205-265 James A. Banks, 2010 N 50f – Chapel Hill, the University of Eastern Michegan University , Perss 2010 V, 760 front… plates 25cm*

C. Kaataaloogii Mata Duree

Mata duree kitaabichaa walduraa duuba qubee mata dureen ittiin eegaluun galmeessaa.

*Multicutural Education , P. 27-33 Diversity and Federalism in*

*Ethiopia, university of Addis Ababa press, 20110, V, P. 33- ftont plotes 25cm*

# Barannoo 4: Kaataaloogiifi Galmee Jechaa

## Gilgaala 6: Shaakala kaataaloogiitti fayyadamuu

Gaaffiiwwan armaan gadii fakkeenya kaataaloogii damee barumsaa kan armaan oliitti kennameerratti hundaa'uun gareen irratti mari'adhaa.

1. Walumaagalatti kitaabichi waa'ee maali ibsa?
2. Odeeffannoon kitaaba kanaa maaliif bal'ata?
3. Kitaabicha mana kitaabaatii akkamitti argachuun danda'ama?
4. Odeeffannoon kitaabichaa haarawaa?
5. Haala odeeffannoon dabalataa ittiin argamu ni ibsa?

## Gilgaala 7: Shaakala Galmee Jechaatti Fayyadamuu

A. Gaaffiiwwan armaan gadii gareen mari'achuun deebii barreeffamaan kenni.

1. Faayidaan galmee jechaa maali?
2. Hiika jecha tokkoo galmee jechaa keessaa argachuuf tooftaan itti fayyadamtu maali?
3. Jechoota armaan gadii akkaataa tartiiba isaan galmee jechootaa keessatti qabaachuu danda'aniin tarreessi

| | | | |
|---|---|---|---|
| oyiruu | lafee | yaada | gadaa |
| haadha | utubaa | mirga | ateetee |
| jaalala | sibila | ayyaana | caaccuu |
| meedhacha | nageenya | bokkuu | |

B. Gaaffiwwan armaan gadii keessatti jechoota jala sararaman hiika galmee jechaa kenniif.

1. Beekaan mirga isaa kabachisee kan ormaas kabaja.
2. Duurbeekumsi sibiila tumuu osoo jajjabaatee, har'a konkolaataa oomishuu ni danda'u ture.
3. Caaltuun haadha Eebbaati.
4. Eebbaan barumsa addaan kutuu hinbarbaadu.
5. Laliseen hiriyaa ishee baay'ee jaalatti.

**Yaadannoo**

**Faayidaan galmee jechootaa isaan gurguddaan:**

A. Hiika jechootaa karaa kallattii ta'een, gama adda addaatiin nuuf hiika. Fakkeenyaaf, jechi yemmuu maqaa ta'u, maqibsa ta'u, xumura ta'u hiikni isaan maal akka fakkaatu nuuf ibsuuf.

B. Galmeen jejchoota haala ogummaarratti hundaa'uun waan qophaa'uuf gahee ol'aanaa qaba.

C. Namoonni afheddee akka ta'aniif ni gargaara.

D. Jechoota tartiiba qubeetiin kaahuun akka salphaatti hiika isaanii argachuuf gahee olaanaa qaba.

# Barannoo 5: Barreessuu

## Gilgaala 8: Shaakala Seenaa Jireenyaa

Gaaffiiwwan armaan gadii akkaatuma gaafatamteen deebisi

1. Seenaa jiraanya nama naannoo keetti beekkamadha jettu tokko barreessi.
2. Hayyoota armaan gadii keessaa tokko filadhu seenaa jireenya isaa barreessuun dhiyeessi.
   A. Asteer Gannoo Salban
   B. Jeneral Taaddasaa Birruu
   C. Abbaa Jifaar Abbaa Gommool ( Jimmaa)
   D. Shee Bakrii Saphaaloo ( Abubakar Usmaan Odaa)

**Yaadannoo**

**Seenaa Jireenyaa**

Namoonni seenaa jireenyaa isaaniifi kan nama biroo barreessuu danda'u seenaan jireenyaa kun kan hawaasni irraa waa baratu ta'uu qaba. Seenaan jireenyaa yemmuu barreeffamu qabxiiwwan gurguddoo armaan gadii of keessatti hammachuu qaba.Isaanis: bakka dhalootaa, bara, akkaataafi bakka guddina, muudannoo gaariifi yaraa /hamaa jireenya keessatti isa muudateefi kan kana fakkaatuudha. Yeroo baay'ee namoonni beekamoon seenaan jireenyaa isaanii barreeffamu, hayyuu abbaa gadaa, goota, ayyaantuu, jaarsa biyyaafi kan kana fakkaatan ta'uun nimala. Fakkeenyaaf, seena Bilillee boqonnaa kana kessatti xinxalluun ni danda'ama

# Boqoonnaa 15: Looga Afaan Oromoo

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- loogota naannoofi hawaasaa addaan baafatta.
- Afaan Oromoo keessatti garaagarummaan loogootaa jiraatus uummanni haala salphaan waliigaa'uu danda'uu isaanii adda baafatta.
- jechoota kennaman keessaa kan hiika addaa qaban baasta.
- seera loojiikiitti fayyadamuun yaada kee ibsatta.

. faaruu daa'immanii garaagaraa walitti qabuun barreessita.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Dubbisa armaan gaditti dhiyaate dubbisuun dura gaaffiwwan dhiyaatan gareen irratti mari'achuun afaaniin dareedhaaf gabaasaa.

1. Jechoota armaan gadii kana dubbistee maal akka irraa hubatte hiriyoota keetti himi.
   A. hubboo, oytee, ottee, okkotee, huuroo
   B. gugee, bullaallaa, saphaliisa, makoodii, andarii
   C. Dansaa, gaarii, mishaa, wayyaa, baroo
2. Jechoonni gaaffii 1ffaa jalatti tarreeffaman kun garaagarummaa qabu?
3. Gaffii 2ffaa 'eeyyee' yoo jette garaagarummaa kana maali jettu?
4. Garaagarummaan kun guddina afaaniirratti dhiibbaa qabaa? Maaliif?

B. Jechoota armaan gadii osoo dubbisuu hin eegaliin dura hiika isaanii tilmaamaa.

1. korniyaa    2. dalagaa    3. looga

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii saffisaan dubbisuudhaan gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Jechoonni 'akkam, 'attam' jedhaman keeyyata meeqaffaa keessatti mul'atan?
2. Yaanni dimshaashaa dubbisa kanaa maalii?
3. Hiikni looga afannii keeyyata kam keessatti ibsame?
4. Caasaalee hawaasaa warri jedhaman maal faadha?
5. Afaan Oromoo looga meeqatti qoodamee jira?

### Looga Afaan Oromoo

Maalummaan loogaa hayyoota garaagaraa biratti haala walfakkeenya qabuun hinmul'atu. Kunis, garaagarummaa ilalalchaa namoonni loogarratti qabanirraa madda. Kanaaf, loogni adda addummaa sagalee, dhamsaga, akkasumas, jecha haasarratti dubbattoota afaan tokkoo gidduutti mul'atu, garuu waliigaluu irratti rakkoo uumuu hindandeenye. Kun afaan kam keessattuu waan mul'atuudha.

Dubbattoonni afaan tokkoo, teessuma lafaatiniis ta'ee caasaa hawaasaatiin walirraa fagaachuu danda'u. Kanneen teessuma lafaatiin fageenya qaban gidduu akkaataa fayyadama afaanirraitti ( kan dhamsaga, birsagaafi jechaa) garaagarummaa qabaachuu danda'a. Kun ammoo, hawaasa afaan tokko dubbatu gidduutti haallan gara garaa jiraachuu agarsiisa. Garaagarummaan loogawwan afaan tokkoo keessatti mul'atan kan teessuma lafaa qofaa bu'uureffatee osoo hintaane, caasaalee ni ilaallata. Caasaaleen hawaasaa kunis umrii, korniyaa, qabeenya, taayitaa, sadarkaa barnootaafi kan kana fakkaatu bu'uureffata. Caasaan afaan hawaasa tokkoo caasaalee hawaasaa kunneen bu'uureffachuun garaagarummaa agarsiisuu danda'a. Garaagarummaan fayyadama afaanii haala kanaan argamu ammoo looga hawaasaa jedhama.

Fakkeenya Looga naannoo yoo fudhannee, Oromiyaa Bahaatti nagaa gaafachuuf, 'akkam' yoo jedhamu Oromiyaa Lixaatti ammoo 'attam' jedhu. Akkasumas, Baha Oromiyaatti 'dalagaa' jechii jedhamu Lixa Oromiyaatti ammoo 'hojii' jedhama. Gama looga hawaasaa yoo dhufne garuu, hawaasa tokko keessa namoonni sadarkaafi hojii adda addaa qabu. Fakkeenyaaf, hojjetaan buufata fayyaa keessa hojjetuufi waajjira qonnaa keessa hojjetu, jechoota ogummaatti yoo fayyadamani dubbatan inni tokko kan isa tokko wallaluu danda'a. Haa ta'u malee, afaaniin walii ibsuu danda'u waan ta'eef waligaltee isaanirratti dhiibbaa hinfidu.

Afaan tokko loogota adda addaa qabaachuun isaa miidhaa hin qabu. Inuumaa bal'ina afaanichaa agarsiisa . Gabaabumatti, haala qabatamaa keessatti yoo ilaaluu afaaniifi loogni adda adda. Afaan loogaan yoo walbira qabamu, namoota hedduun kan dubbatamu, walta'insa loogawwanii kan ta'e, Caasaafi qabiyyee isaatiniis sooressa kan ta'eefi of danda'ee uummanni abbaan afaanichaa ittiin waamamu afaani. Kanaaafuu, loogni Afaan Oromoo dagaagina Afaan Oromoof abdii guddaadha.

B. Gaaffiiwwan armaan gadii dhugaa yookiin Soba jechuun deebisi.

1. Loogni Afaan Oromoo keessa malee afaan biroo keessa hinjiru.
2. Uummanni Oromoo inni baha, lixa, kaabafi kibba jiru salphumatti waliigala.
3. Loogni guddinna afaan tokkootiif gahee ol aanaa qaba.
4. Oromiyaa bahatti 'haajaa', lixatti 'maayii' jedhama. Kun fakkeenya looga hawaasaati.
5. Akka yaada dubbisichaatti loogni gufuu guddina afaan tokkooti.
6. Garaagarummaan loogaa kun lafti Oromiyaa waan bal'oo taateef, wanta uumameedha.
7. Garaagarummaan dhamjechootaafi jechootaa kan naannoo Oromiyaa muraasa waan ta'aniif qunnamtirraiitti rakkoo hinuumu.
8. Loogota waalteessuun barreeffamaan waliigaluuf baay'ee barbaachisaadha.
9. Eessumaayyuu haadhufuu, namoota Afaan Oromoo dubbatan jidduu garaagarummaan tokkollee hinjiru.
10. Sadarkaan barnootaa fakkeenya looga naannooti.

**Gilgaala 3:** Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiwwan armaana gadii hubannoo dubbisarraa argateerratti hundaa'uun dalagi.

1. Ergaan keeyyanni 3ffaan dubbisa armaan olii maali?
2. Jechi ' kun' jedhu keeyyata 1ffaa keessatti maal ibsa?
3. Jechii 'kunis' jedhu keeyyat 2ffaa keessatti maal ibsa.
4. Loogni naannoo keetti dubbatamu kanneen iddoo birootti dubbataman shan tarreessi.
   1. ------------------------------------------
   2. ------------------------------------------
   3. ------------------------------------------
   4. ------------------------------------------
   5. ------------------------------------------
5. Looga naannoofi looga hawaasaaf fakkeenya shan shan barreessi.

| **Looga naannoo** | **Looga hawaasaa** |
|---|---|
| (a) ________________ | (a) ________________ |
| (b) ________________ | (b) ________________ |
| (c) ________________ | (c) ________________ |
| (d) ________________ | (d) ________________ |
| (e) ________________ | (e) ________________ |

6. Sababa loogaatiin namoonni ati osoo walii hingaliin hafte jiraa?
7. Looga namoonni dubbataniin eenyummaa isaanii adda baasuun ni danda'amaa? Akkamitti?
8. loogni maali?
9. Caasaalee hawaasaa warri jedhaman maal faadha?
10. Afaan Oromoo looga meeqatti qoodamee jira?

# Barannoo 2: Jechootaa

## Gilgaala 4: Shaakala Hiika Jechootaa

A. Jechoota garee 'A' jalatti kennaman kannen garee 'B' jalaatiin jiran waliinwaliitti firoomsi.

| A | B |
|---|---|
| 1. haqa | A. barbaaduu |
| 2. baatii | B. dhimma |
| 3. makoodii | C. andarii |
| 4. soquu | D. bokkaa |
| 5. mishaa | E. dhugaa |
| 6. maayii | F. gaarii, dansa |
| 7. rooba | G. ji'a |
| 8. qajjisa | H. hiriyaa |
| 9. teellaa | I. rifeensa |
| 10. michuu | J. qalbii |
| | K. booda |

B. Jechoonni lakk. 1-10 kennaman kunniin hormaata namaa ykn beelladaa wajjiin deema. Kum kam wajjin akka deemu hubachuun sanduqa keessatti mallattoo (/) kana kahuun deebii kee agarsiisi.

| Nama | Horii | Hoolaa | Ra'ee | Qalaamaa fardaa | Harree |
|---|---|---|---|---|---|
| 1. dhaluu | | | | | |
| 2. guusuu | | | | | |
| 3. foolachuu | | | | | |
| 4. dahuu | | | | | |
| 5. guntutuu | | | | | |
| 6. oofkaluu | | | | | |
| 7. ciniifachuu | | | | | |
| 8. irraa bahuu | | | | | |
| 9. gatachuu | | | | | |
| 10. dilluu buusuu | | | | | |

C. Jechoota afran keessaa kan adda ta'e filadhu.

1. A. qeerroo B. dardara C. durba D.gaamareessa
2. A. jibicha B. mirgoo C. maseena D. korma
3. A. baataa B. qalaamaa C. ciloo D. waatii
4. A. goromsa B. sa'a C. jabbii D, raada
5. A. goromtii B. tumaleessa C. korbeessa D. duba
6. A. dhaltii B. raada C. sa'a D. harkuu
7. A. malkaa B. laga C. haroo D. madda
8. A. gur'uu B. gooba C. mucha D. harma
9. A. itittuu B. baksaa C. harma D. ayeetuu
10. A. oota B. obbaatii C. dil'uu D. qoofraa

D. Jechoonni 'B fi C' jalatti kennaman kun naannoo keetti maal akka jedhaman hiriyaa kee wajjin irratti mari'adhu.

E. Jechoota raadiyoodhaan ykn teelevijiniidhaan dhageesse kan naannoo keerraa adda ta'e kudhan barreessuun dareedhaaf gabaasi.

1. ------------------ 6. ------------------
2. ------------------ 7. ------------------
3. ------------------ 8. ------------------
4. ------------------ 9. ------------------
5. ------------------ 10. ------------------

# Barannooo 3: Loojikii

## Gilgaala 5 Shaakala Seera Loojikii

**A. Haala duraa duuba gochaatti yookiin guddinaatti tartiiba kamtu sirriidha.**

1. A. facaasuu, qotuu, aramuu, haamuu, ayiduu, callaa galchuu
   B. qotuu, facaasuu, aramuu, haamuu, ayiduu, callaa galchuu
   C. Callaa galchuun, aramuu, qotuu, haamuu , ayiduu
   D. aramuu, qotuu, facaasuu, haamuu, ayiduu, callaa golchuu.

2. A. Yaaduu, dalaguu, gamagamuu, karoorsuu
   B. Karoorsuu, dalaguu, yaaduu, madaaluu
   C. Yaaduu,  karoorsuu, dalaguu, madaaluu
   D. Karoorsuu, yaaduu,dalaguu, madaaluu

3. A. Buna miccuu, akahuu, tumuu, danfisuu.
   B. akaahuu, tumuu, danfisuu, buna miccuu.
   C. tumuu, buna miccuu, akaahuu, danfisuu
   D. Buna miccuu, tumuu, akaahuu, danfisuu.

**B. Akka seera loojikiitti jecha sirrii ta'e filadhu.**

1. Ameessi aananiif yoo ta'e, tumaleessi ____________________ta'a

   A. lafeef B. gogaaf C. qonnaaf D. fooniif

2. Namaaf guntuta yoo ta'e, gurruun ammoo.___________________

   A. hoolaa B. horii C ra'ee D. hunduu deebiidha

3. Goromtii jedhee korbeessa yoo jedhe jibicha jedhee, _________ jedha

   A. hoola B. tumaalessa C. raada D. korbeessa

4. Sangaa jedhee mirgoo yoo jedhe suubboo jedhe _______________ jedha

   A. qeerroo   B. farda   C. gaangee   D. haarree

5. Dhadhaa jedhe baksaa yoo jedhe, aanan jedha _____________ jedha.

   A. itittuu   B. dhama   C. ayeetuu   D. baaduu

## Barannoo 4: Afoola

**Faaruu Daa'immanii**

Hawaasa Oromoo keessatti waan hundumtuu seeraafi heera ittiin gaggeeffamu ni qabaata. Osoo qaroomni fi teeknoloojiin jabanaa biyya Afrikaa hin seenin, Oromoon sirna Gadaa jedhamuun of bulchaa akka ture galmeewwan seenaa tokko tokko irraas ta'ee haftee sirna Gadaa hanga har'aa ittiin hojjetamaa jiru hubachuun ni danda'ama . Sirna Gadaa keessatti daa'imman qooda akkamii akka qaban yoo ilaalle. daa'imman umriin isaanii waggaa saddeetii gadi kan ta'an yeroo ta'u abbaafi haati isaanii Abbaa Bokkuu yookiin luba bira geessanii hammachiisu, eebbisiisu, maqaas moggaasisu. Kana booda mucaan kun akka inni qananiidhaan guddatu haatiifi abbaan dirqama isaanii yoo ta'e iyyuu, keessumaa haadholiin dugdatti baatanii, laphee isaanii irratti hammatanii ijoollummaan waan sammuu isaanii keessa hin baaneen faarsu. Yeroo urursanis akkana jedhu;

Ururuu yaa mucayyoo

Mucayyoo yaa xinnayyoo

Atis ni taata namaa

Sirraa haa qabu hamaa

Afaan kee haa ta'u dammaa

Ururuu yaa mucayyoo

Aannaan feetu dhugi

Qoraasee siinaqeera

Irriba jettu rafii

Haxaayee si afeera

Haati kees ni gammaddee

Erga mucaa argattee

Waaqni si haa guddisuu

Inni hunda mul'isuu

Inni xinnaa guddisuu

Inni duudaa dubbisuu

Inni qallaa furdisuu

Ururuu jennaan rafi

Ka'i jennaan dammaqi

Jedhanii urursu.

## Gilgaala 6: Shaakala faaruu daa'immanii

A. Gaaffiiwwan armaan gadii barreeffama armaan olitti dubbiste kanarratti hunda'uun deebisi.

1. Daa'ima urursitee beektaa? Mee akkaataa itti urursitee sagalee dhageessisuun dareetti himi.
2. Sirna Gadaa keessatti daa'imman haala kamiin iddoo argachaa turan.
3. Urursuun daa'immaniif faayidaa maalii qaba?
4. "Atis ni taata namaa; Sirraa haaqabu hamaa;" , yoo jettuun maal jechuu isheeti?
5. "Waaqni si haa guddisu; Inni hundaa mul'isu, inni xinnaa guddisu inni duuda dubbisu;" , yoo jedhee ururuu kana keessatti maal ibsuu barbaadeeti?

B. Gaaffiiwwan armaan gadii muuxannoo keefi wanta dubbisarraa argatte walitti fiduun deebisi.

1. Faaruu urursuu daa'immanii maatii kee gaafachuun barreessi dareef dhiyeessi.
2. Saayinsiifi teeknooloojiin amayyaa aadaa daa'ima urursuu kana balleessee jiraa? Akkamitti?

# Boqonnaa 16: Yeroo Yeroon Qabi

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- Yaada walaloo dubbistee himta.
- walaloo xiinxaluufi dandeettii caacculee /ruqoota walaloo adda baasta.
- faayidaafi amaloota walaloo tarreessita.
- garaagarummaafi tokkummaa walaloofi holooloo hubatta.
- ciigoo keessaa sorgoofi sokoo baasta.
- faaruu loonii qacceessita

## Barannoo 1: Dubbisuufi Barreessuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Walaloo armaan gadiitti dhiyaate dubbisuun dura gaaffiwwan dhiyaatan gareen irratti mari'adhaa

1. "Yeroon qabeenya "yoo siin jedhan dhugaadha jettaa? Maaliif?
2. Itti fayyadamummaan yeroo naannoo keetti maal fakkaata?
3. "Yeroo yeroon qabi" jechuun maal jechuu sitti fakkaata?
4. Walaloon maali? Faayidaan isaa hoo?
5. Tokkummaafi garaagarummaa walaloofi holooloo ibsi.

B. Jechoota armaan gadii dubbisa keessatti gufuu akka sitti hin taane hiika isaanii tilmaami.

1. qayyabachuu 2. gaabbii 3. maayii

### Yeroo Yeroon Qabi

Jiruu jedhee manaa ba'ee
Isa jiruun ala ta'ee
Har'a yeroon kan tattaafate

Utuu fiiguu bu'ee bahee
Boruuf yaadee cimuu baannaan
Itti dhufa gaabbiin boodaan.

Inni baratu jajjabaatee
Waan dhufeefis akeekkatee,
Yeroo isaatti bahuun maa'ii
Guddifannaan fedhii hojii
Kufee hin hafu wayi argata.
Bakka yaades niqaqqaba.

Bu'aa yeroo qayyabatee
Wayitii eegee facaafatee
Dhaggeeffatee gorsa ogeessaa
Yoo hordofe haala ammayyaa
Isa argates quqqusannaan
Ni badhaadha innis kanaan.

Inni hojjetus jabaachuudhaan
Akka kanniisaa tattaafachuun
Daldalatees innumti galu
Jireenya isaa kan ittiin oolu
Yerooo isaatti yoo carraaqee
Ni guddata bakka dhaqee
Ilmi namaa bakka hundaa
Xiyyeeffatee kaayyoo guddaa
Dhugaa qabee dhugaaf falmuun
Yoo socho'e yeroo qabuun,
Kufees, ka'ee ni argata
Kaayyoo isaas ni guuttata.

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii saffisaan dubbisuudhaan gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Walaloon kun buufata, buusaafi bo'oo meeqa akka qabu adda baasi?
2. Xiyyeeffatee ______________________guddaa.
3. __________________ yaades niqaqqaba.
4. __________________ yaade cimuu baannaan
5. ___________________ isaas niguuttaata.

B. Gaaffiiwwan armaan gadii suuta dubbisuun deebii kee barreeffamaan kenni .

1. Walaloon kun barattoonni maal haa godhan jedha.
2. Hidhaa/buufata sadaffaan waa'ee maalii ibsa ? Gorsa akkamii dabarsa?
3. Hidhaa /buufata isa kamtu waa'ee gaabbii calaqqisiisa?
4. Namni tokko kaayyoo isaa galmaan gahachuuf maal gochuu qaba ?
5. Buufata/hidhaa Shanaffaan waa'ee eenyuuti ibsa? Maal haa godhan jedha?

## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiwwan armaan gadii muuxannoo keefi kan wanta dubbistee walitti fiduun deebii kee barreessi. Mee buufata kanneen lamaan ilaali?

Inni baratu jajjabaatee
Yeroo isaatti bahuun maayii

1. Buufanni kunniin lamaan rakkoon isaanii maal inni?
2. Buufattoota walaloo fuula 153-154 irra jiru buufata isaa lama lamaan mee ilaali, bu'aan isaa maali?
3. Bu'aa yeroo qayyabatee, wayitii eegee facaafatee. Yoo jedhu maal jechuusaatii?
4. Walaloon kun jechoota muraasan yaada bal'aa dabarsuu danda'eeraa moo hin dandeenye ? Maaliif?
5. Amaloota walaloon holooloo irraa adda ta'u barreessi.
6. Ergaa waliigala walaloo kanaa keeyyata tokkoon barreessi.

# Barannoo 2: Ogbarruu

**Gilgaala 4:** Shaakala Qaaccessa Ergaa Walaloo

Gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa gaafatamteen deebisi.

Fakkeenyaaf hidhaa /buufata/ 1ffaan

1. Hidhaa 1ffaa walaloo fuula 153-154 irra jiru bifa holoolootiin yemmuu barreeffamu. Dhalli namaa jiruuf jireenya isaa keessatti jireenya isaa moo'achuuf nitattaafata, kan yeroo isaa itti fayyadamee hojjate akka milkaa'uufi kan yeroo isaatti fayyadamuu hindandeenye, boruuf warri hin yaanne, booddee jireenya isaanii keessatti nigaabbu.

   Hidhaawwan /buufata/walaloo armaan olii kanneen hafan hunda isaa, dhaamsa isaanii bifa holoolootiin barreessi.

**Gilgaala 5:** Shaakala faaruu loonii

A. Faaruun armaan olitti dhiyaate gosa afoola Oromooti bifa walalootiin dhyaata dhaamii isaa maal akka ta'e holooloo keeyyata lamaan ibsi.

**Faaruu Loonii**

Loon wayyaa
Loon wayyaa
Dibatan miidhaagsoo
Dhugan qabbaneessoo
        Yoo jiranis loonii
        Yoo du'anis foonii
        Dhugumaa loon wayyaa! ( 2 X)

Ishoo! …
Eessa kee gaturee
Yaa loonii,
Ittiin sii kooru malee,
Faayidaarra si oolchu malee

Loon wayyaa ( 2x)
Dhugumaa loon wayyaa
Foon irbaata ta'aa
Kan ittiin bulanii
Gaafti waancaa ta'aa
Kan bunaan dhuganii
Gogaan itilleedhaa
Kan irra rafanii
Dhugumaa loon wayyaa ( 2x)
Ishoo! …

B. Gaaffiiwwan armaan gadii walaoo faaruu loonii kanarratti hundaa'uun deebisi.

1. Akka faaruu kanaatti loon lubbuun yemmuu jiran faayidaa maal kennu? Yeroo qalaman hoo?
2. Buufata 5ffaa fi 6ffaa faaruu kanaarraa maal hubatta?
3. Buufataalee walaoo kanaa keessatti kan irra deddeebi'ame isa kamii? Maaliif irra deddeebi'an sitti fakkaata?
4. Faayidaan loonii kan geerarsa kana keessatti ibsameen ala yoo kan hafe jiraate gareen mari'adhati dareef ibsaa.
5. Naannoo keetti faaruu Oromoo loon (saawwa ) faarfatu kan dhiyaate

kanaan addaa ?Yoo adda ta'e walaloo guutuu dura sagaleen dhageessisi. Sana booda dareef barreessun dhiyeessi.

## Yaadannoo: Afoola Oromoo

Ogwalaloon dhalootaa dhalootaatti jecha afaaniin kan walharkaa fuudhamaa dhufeefi amala ogummaa dandeettii dhalli namaa waa kalaquuf qabu kan calaqqisiisu, dhalli namaa yaada isaa, hawwii isaa, fedhii isaafi kkf ogummaa ittiin ibsatuudha.

Ogwalaloon dhimma hawaasummaa tokko keessatti dubbachuun, weeddisuun jecha afaaniin kan kalaqaman yeroo ta'u aadaa, duudhaa, muuxannoo, seenaafi mudannoo hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti isa muudate kanittiin ibsatuudha. Ogwalaloo geerarsaa kan yeroo qonnaa, kan tikee, kan ayyaanaa waggaa, faaruu jaalalaa, faaruu loonii, eebbaafi kan kana fakkaatu ta'uu danda'u.

**Haalumaa kanaan ogwalaloowwan armaan gadii fakkeenya afoola Oromooti.**

**Faaruu Jaalalaa**

Ashaakiltii baala nyaatuu
Naa ergi baala waleensuu
Magaaltittii nyaara kuullee
Naa ergi waan na jabeessuu
Muree mureen mana ijaaraa
Yoo Sokorruun mana taatee
Dhufee dhufeen si ilaalaa
Jalalloo soogidda taatee

# Barannoo 3: Ciigoo

**Gilgaala 6:** Shaakala Ciigoo Bifa Walalootiin Dhiyaate

Ciigoowwan armaan gadii dubbisii sorgoofi Sokoo isaanii addaan baasii barreessi.

Fkn

1. Cululleen saamtuudhaa yaada hinqabdu fayyaa

   Ani ishee hineeguu sinbirallee wayyaa.

   A. Ciigoo : sinbirallee wayyaa

   B. Sorgoo : Cululleerra sinbirroo wayya

   Sokoo : Isin wajjin ( isin bira wayya)

2. Osoo waa hinnyaatin torban guute agabuu

   Hojjedhee akka hinnyaanne anuu quba hinqabu.

   Ciigoo : quba hinqabu.

   Sorgoo : qaamni koo hir'uudha

   Sokoo : Odeeffannoo hinqabu ( hindhageenye)

1. Akkaatuma fakkeenya armaan oliitiin ciigoo shan deebii wajjin barreessi dareef dhiyeessi.

   A ______________________________________________

   ______________________________________________

   B.______________________________________________

   ______________________________________________

   C. ______________________________________________

   ______________________________________________

   D ______________________________________________

   ______________________________________________

   E. ______________________________________________

   ______________________________________________

2. Ciigoowwan armaan gadii soorgoofi sookoo isaa addaan baasii barreessi

   A. Daadhiis ta'e farsoo hundarraa of eegaa

      Qulqulluu bishaanii isa wayya dhugaa.

   B. Hojjaa hin bulchiinaa mee fixaa bayeessaa

      Waayaas mimiiccadhaa bareechaa addeessaa.

   C. Mi'a baate malee ofii nama hin hubuu

      Bakka geessu hin beeknuu inni abbaa hin qabuu.

   D. Nuu sifoofnaan hunduu nyaachuu maal qabaree

      Garuu garuu hunda caala kan barbaree.

# Boqonnaa 17: Garaa Walitti Nahe

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda.**

- asoosama dubbistee isaa himta.
- hiika jechootaa akkaataa galumsaatiin addaan baafatta.
- jechamoota fayyadamuun hima ijaarta.
- malleen dubbiifi gosoota isaanii ibsita.
- sirba yeroo cidhaa sirbamu dareetti fidde sirbuun xinxalta.
- caaccullee asoosama xiinxalta.
- hiika mammaaksi kennita.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Barreessuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa


A Dubbisa armaan gadiitti dhiyaate dubbisuun dura gaaffiiwwan dhiyaateerratti gareen mari'adhaatii afaaniin dareedhaaf dhiyeessa.

1. Kitaabbilee hanga yoonaatti dubbistee maqaa dhahi.
2. Kitaabbilee dubbiste keessaa kam irra filatta? Maaliif?
3. Asoosama dubbistee beektaa? Asoosama dubbisuun kee si gammachiise moo si gaddisiise? Maaliif?
4. Asoosama dubbiste maqaa isaanii tarreessi.

B. Jechoota armaan gadii osoo dubbisuu hineegaliin dura hiika isaanii tilmaami.

1. subii
2. simboo
3. milkii

# Garaa Walitti Nahe



Guyyaan isaa guyyaa Kibxataa ganama subiidha. Abbaan Galaan kadhatee dhiisii dubbannaanuu biyya raasa. Jaarsonni inni barii ergate barraaqa qa'ee Abbaa Gaaddisaatti namaan. Osoo jaarsi quba hin qabaanne itti dhaqan. " Abjuufi milkiin waan nuuf qajeeleef mucayyoo keessan akka ilma keenyaaf kenniitaniif dhufne." Jedhan. Nama isaan ergate osoo hin himiin gara dhimmichaa seenan.

Dabaree dabareen walirraa fuudhanii nama gorora liqimse, Sooressa, xiixaa nama hedduuf dabarsseefi arjaa, nama rakkinarratti dursee nama dhaqqabu ta'uu isaa ibsan. Abbaan Gaaddisaas, " Silaa ta'ee eenyu?" jedhanii gaafatan," Abbaa Galaaniif " jedhan. " Nutis abjuu ilaallee deebii isiniif laannaa ji'a tokko booda koottaa, "jedhanii jaarsota beellamanii gaggeessan.

Kana booda, keessumoonni erga deemanii haati Lookoo dhimmicha abbaa manaa ishee gaafatte. Yaada abbaa warraa baruuf malee silayyuu dhageessee jirti. "Dhuufuun mariin dhuufan hin xirooftu "akka jedhan san itti himan. Lamaanuu gammadanii walitti kokkolfan. Silas abbaan maqaadhumaaf beellama dheeressan malee achumatti garaatti fixan. Lamaanuu fuuluma duraafuu intalli isaanii niitii sooressa guddaa ta'uu ishee sammuutti yaadanii itti boonan. Haata'u malee, duriyyuu warri lookoo yaada kana fakkaatu yaa hawwaniifi malee, isheen dhimma jaalala horii hin qabdu.

Lookoon cidha gaayila hiriyaa isheetiif asiifi achi taf-taf jetti. Badhaatuun har'a waan heerumtuuf yaannii ishee marti sana irra jira. "Qalbiin argu malee ijjii hin argu, "jedhama mitii? Namni qa'ee sana dhufeefi dhiisee hin beektu. Fiigichoo har'aa kana keessa akka tasaa yaanni tokko sammuutti ishee dhufe. " Bara barri jedhe kan koo maal ta'a laata ? " Jettee of gaafatte. Carraa gaarii hiriyaa ishee irraa kaatee isa borii yaadde.

Yeroon ga'ee amaamonni fardaan hurriisee dhufe. Isaan keessaa hunda caalaa kan dheeratu Disaasaadha. Inni har'a waayila Jaatanii ta'ee waan dhaabbatu osoo hin ta'in, nama fuudhee deebi'u fakkaata. Simboon isaa har'a dhiisii duruu miidhagina isaa adda. Hanga kutaa kudhaniitti baratee qonnatti deebi'e. Humna cabsee qotuu qaba. " Amma sangaan ga'u laddaan ga'a" jedhama. Innis nimirqaana; niseesseeqas. Ilkaan isaa akka jirbii qabaan tolee addaata. Michuuwwan isaa silas, "si butanii hanbifatanii akka harka duwwaa nu hin deebifne," jedhanii itti qoosaa turan.

Qa'een warra intalaa ni hoo'a. Namoonni hedduminaan mul'atu. Weedduu haa ta'uu arrabsoo sirriitti addaan hin baafne malee sirbi qa'ee ho'isaa jira. Hamaamoonni sirbaa jira. Shamarraan arrabsoo kutanii itti gadii lakkisaa jiru.

"Asooyyee sooyyee birriituu
Fardamoo Harree siibituu
Kan soddeen ittiin ejjituu
Asooyyee sooyyee birriituu
Dubrii keenya akkatti hodhaa hodhituu "jedhu.

Weedduu kana kan baastu Lookoodha. Magaallee naatoo qabeettiidha. Hojjaan ishee akka maqaa isheeti. Intala waggaa kudha saddeetii hin fakkaattu. Barumsas xiqqoo yaaltee jirti hin xumurre malee. Gar-tokkeen ija ishee waanuma ala jiru fakkaata. Ijji Disaasaa alaalaatti kan ishee irra bu'e. Jaarsonni karra seenanii amamoonni akka galu eeyyama gaafatan. " Seenaa " jedhaman shamarran sirbaa jiran garuu amaamota galuu dhorkan.

Hamaamoonni warra gurbaa shamarran tatamsaasee yemmuu seenu, haaloo arrabsoo itti bahuuf haa ta'uu dubbii barbaachiisaa hin beekamne, Disaasaan Lookoo bilcheessee qimmide. Ol jettee ija isaa keessa ilaalte. Ijaan walwaranaan. Ni seeqe. Duruu seequun isaa humna qaba. Isheenis ni qabbanoofte. Bira lufe. Isaanis bakka amaamootaaf qophaa'e misirroo fudhatanii taa'an; affeerran itti fufe.

Hamaamoonni dhufee, nyaatee milkiidhaan gara ga'ee gurbaaqtti deebi'e. Kana booda Disaasaan adamsee bakka itti tole maratti ijaan madaqsuu jalqabe. Isheenis gama isheetiin Disaasaa gaafa cidhaa agarte sammuu ishee keessatti qofa osoo hin taane laphee isheettis maxxanfamee hafeera. Kanaafis, akkuma inni ishee barbaadu isheenis isa barbaaduu ishee malaan calaqqisiisuu eegalte. Hanguma walbaraa deemaniin caalalatti waljaalataa Afaan isaanii walitti mi'aahaa dhufeera.

Kana booda itti dhimmee waa'ee ishee hordofuu eegale. Hordoffii qofa osoo hin taane jaarsa ergate. . Haa ta'u malee, mucayyoo namni umriin gita ishee hin taane akka jaarsa ergate dhagahee ture. Qabeenyaaf jedhanii mucayyoo kana fakkaattu jaarsaa kennanii waan jedhu yaadaa ture. Haa ta'u malee jaarsoliin ergaman waanuma inni dhagahe kana mirkaneessaniif.

Guyyaa tokko akka tasaa qophaatti argatee, eenyuuf akka ishee kennuuf deeman itti hime. Osoo hin beekin imimmaan fuula irra yaa'e. Waa'ee Abbaa Galaan kan dhageesse ija ishee dura dhufe. Beera lama fuudhee akka hiikeefi ijoollee afur akka qabu. Innis, mari'imaan isa raafame isa garaadhaa qabduu osoo hinbeekne," si dhabuu mannaa si fudhee baduu wayyaa, "jedhe. Akka "tole "hin jenne warra dhiibuus hin sodaatte. Akka hin dinne Jireenyi ishee Abbaa Galaanii wajjin yaadaan alaaluumatti itti dukkanaa'e.

Disaasaanis laphee ishee keessa bakka afatee rafee wawarraaqe. Ishees, qalbiin bakka lamatti qoodame. Kan qabu dhiiftee isa hin qabneetti baqachuus hin sodaatte. "Abbaa fi haati koo, jaarsonni maal naan jedhu?" jette. Garuu ni murteessite; gammachuu sammuu isheetiif dursa kennite.

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii saffisaan dubbisuudhaan gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Mammaaks "Qalbiin arguu malee ijji hinargu "jedhu keeyyata meeqaffaa keessatti argama?
2. Yaanni dimshaashaa dubbisa kanaa maali?
3. Namoonni asoosama kana keessatti maqaan isaanii eerame eenyu faadha?

B. Gaaffiwwan armaan gadii asoosama dhiyaatee keessaa kan bahaniidha. Jechoota ykn gaaleewwan jala butamaniif akka galumsaatti hiika isaanii barreessi.

1. Innis <u>mar'imaan isaa raafameera</u>
2. Afaan isaanii <u>walitti mi'aayeera.</u>
3. Lookoon cidha gaayila hiriyaa isheetiif asiifi achi <u>taf-taf</u> jetti.
4. Osoo jaarsi <u>quba hin qabaanne</u> itti nam'an
5. Walharkaa fuudhanii <u>nama gorora liqimse</u>, sooressa xiixaa jedhanii itti himan.
6. Shamarran arrabsoo <u>kutanii itti gadi lakkisaa jiru.</u>
7. Lookoo adeemsa bakka itti tolu hundatti <u>ijaan madaqsuu</u> jalqabe.
8. Disaasaan Lookoo bilcheessee <u>qimmide</u>?
9. Namni umriin <u>gita</u> ishee hin taane jaarsa ergate.
10. Ishees <u>qalbiin</u> bakka lamatti qooddame.
11. Isheen dhimma <u>horii</u> jaalala calchistuuf hin qabdu.

## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Gaaffiwwan armaan gadii hubannoo dubbisarraa argatte irratti hundaa'uun deebisi.

1. Dubbisa kana keessatti qabeenya moo jaalalatu olaantummaa argate? Maaliif ?
2. Lookoon fedhii maatii isheetin ala adeemuun ishee sirriidhaa? Maaliifi?
3. Lookoofi Disaasaa, Lookoofi maatii ishee jidduu walitti bu'iinsi jiraa? yoo waldiiddaan jiraate furmaata akkamii argate ?
4. Asoosama kana yemmuu dubbistu qalbii kee si rarraasee jiraa? Eessarratti?
5. Asoosama kana yemmuu dubbistu gareen ati deeggarte jira? Maaliif?
6. Asoosama kana yemmuu dubbistu wanti si gammachiseefi sigaddisiisee jiraa? Maaliif?
7. Keeyyanni 3ffaan asoosama kanaa ergaa maal dabarsa?
8. Arrabsoo guyyaa cidhaa jedhamu kana akkamiitti ilaalata?
9. Keeyyanni dhumaa asoosama kanaa waa'ee maalii calaqqisiisa?
10. Akkaataan asoosamni kun itti barreeffameefi haalli jechoota fayyadamu isaa akkamitti ilaalta?

B. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisicharratti hundaa'ii qaacceessi.

1. Keeyyata 1ffaa keessatti Abbaan Galaan kadhatee dhiisii dubbannaan biyya raasa, yoo jedhu maal jechuusati.
2. "Silas abbaan maqaadhumaaf beellama dheeressan malee achumatti garaatti fixan "yoo jedhu maal jechuu isaati?
3. Adeemsi yaadaa asoosama kanaa maal fakkaata? Sababaafi bu'aa qabaa?
4. Namfakkiiwwan asoosama kanaa keessaa kam dinqisiifatta ?Maaliif?
5. Asoosama kana keessatti yoomessi ni mul'ataa moo hinmul'atu? Akkamitti?

6. Walitti bu'iinsi/Waldiddaan cimaan kan taasifame eenyuufi eenyu jidduutti?
7. Asoosama kana seenaa Bilillee wajjin yoo walcinaa qabdee ilaalate maaltu adda godha?
8. Barreessan asoosama kanaa asoosama kana itti hirmaate dhiyeesse moo asoosamichaan ala ta'eeti.
9. "Garaa walitti nahe", yoo jedhu maal jechuusaati?

C. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa dubbisteefi muuxannoo kee walitti fiduun deebii kee barreeffaman kenni.

1. Yaanni asoosama kana keessatti dhiyaate kun jiruufi jireenya hawaasaa keessatti nicalaqqisaa ? Akkaamitti?
2. Asoosama kana keessatti himoonnifi jechoonni dhiyaatan akka gaariitti waan tokko ibsuu danda'uu? Miidhagina qabu yoo jette muraasa baasii agarsiisi.
3. Wanti sammuu namaatti kalaqamee barreeffamuufi dhugaan akka jiruutti barreeffamu maal jedhamu?
4. Sirba yeroo cidhaa naannoo keetti mana warra intalaafi warra mucaatti sirbamu barreessi dareef dhiyeessi.
5. Caacculee asoosama warren jedhaman maqaa dhahi.
6. Asoosama jechuun maal jechuudha.
7. Asoosama gabaabaafi dheeraa tokkummaafi gaaraagarummaa isaanii ibsi.

# Barannoo 2: Afoola

**Gilgaala 4:** Shaakala Jechamootaa

A. Jechamoota armaan gadiitti jala sararaman deebii kee barreeffaman kenni.

1. Lookoon Abbaa ishee gurra nyaatte.
2. Lookoon nyaara haaddatte
3. Disaasaan garaa bal'ata.
4. Gurbaan fuudhu Ulee jituu harkatti qabata.
5. Tolaan gara laaffisa,waan ta'eef dhimmicha nifixa.

B. Jechamoota shan barreessi hima ittiin ijaaruun hiika isaanii agarsiisi.

A. ______________________________

B. ______________________________

C. ______________________________

D. ______________________________

E. ______________________________

## Yaadannoo

## Malleen Dubbii

Hima asoosama olii keessaa bahe kana mee haa ilaallu. Ilkaan isaa akka jirbii qabaan tolee addaata. Hima kana keessatti amalli tokko amala waan biraatiin walbira qabamee ilbsameera.

Haalli kunis fakkii wanta sanaa akka gaariitti sammuu namaa keessatti uumuu danda'a 'jirbiin qabaan isaa tole,' ilkaan isaa hangam akka addaatu agarsiisa. Addeenya. Haala kanaan wanti tokko isa biraa ibsuuf " akka maaloo, ebaluu ta'e, yookiin fakkaate' jedhamee yemmuu ibsamu akkasaa jedhama. Akkasaan fakkaattii wanta ibsu sanaa sirriitti agarsiisa. Kunis dubbii haalawaa jedhamee beekkama.

## Gilgaala 5: Shaakala Malleen Dubbii

A. Akkaatuma armaan olitti ibsameerratti hunda'uun malleen dubbii keessaa. akkasaa irratti xiyyeeffaachuun himoota adda addaa shan barreessi.

Fkn: 1. Dubbiin ishee akka dammaa mi'aawa

2. Ijji Leensaa akka bakkalcha barii ifa

1. ______________________________
2. ______________________________
3. ______________________________
4. ______________________________
5. ______________________________

B. Gosoota dubbii qolaa /haalawaa/ keessa akkasaa fakkeenya wajjiin bartee jirta. Mee ati ammoo warroota hafaniif fakkeenya sadi sadi kenni agarsiisi.

1. Iddeessaa
   A. ____________________
   B. ____________________
   C. ____________________
2. Nameessaa
   A. ____________________
   B. ____________________
   C. ____________________
3. Arbeessaa
   A. ____________________
   B. ____________________
   C. ____________________

## Gilgaala 6: Shaakala Mammaaksaa

A. Mammaaksota asoosama keessa bahan kanneen hiika isaanii kenni.

1. Dhuufuun mariin dhuufan hinxirooftu.
2. Qalbiin argu malee ijji hin argu.

B. Mammaaksota armaan gadiif deebii sirrii ni ta'a kan jettu filadhu.

1. Jarjartuun ________________________hin hortu.

   A. hoolaa B. ra'ee C.. sa'a D. lukkuu

2. Buddeen nama quubsu eelerratti ______________________

   A. furdaadha B. beeku C, nyaatu D. gubata

3. Ganna darbe ___________________________

   A. mana hin ijaaran C. midhaan hin facaasan
   B. horii hin bitan D. marga hin bitan.

4. _________________ kan hin qabne, gangee namaa tuffata.

   A. hoolaa B. harree C. sangaa D. farda

5. Kan garaa malee, kan maqaa yoom nudhibe jedhe .__________________

   A. qeerransi B. leencii C. waraabessi D. sareen

6. Dubartiin fira hin qabne mana _________________ baqatti

   A. abbaatti B. masaanuutti C. alagaatti D. ollattii

7. Midhaan muka dheeraa, amma __________________________nyaatu.

   A. beela'aan B. quufaan C. qaqqaban D. hundeetti.

8. Midhaan warra raatuu ________________________ nyaatu.

   A. bonaafi gannaa B. har'aafi bor C. torbaniin D. bona bona

9. Ijoolleefi________________________ ollaaa waliin gaha.

A. ra'ee B. harree C. hoolaa D. adurree

10. Alagaa gaafa kolfaa __________________________ gaafa golfaa.

A. fira B. olla C. hiriyaa D. dalagaa.

C. Mammaaksota 'A' jalatti kennaman waliin ergaa walitti dhiyaatu dabarsu kan jettu 'B' jala kan jiran wajjin walitti firoomsi.

'A'
1. Mee dura kurupheen foon haataatu.
2. Daldala baddee gabaa haalomfatte.
3. Kana taa'umsatti jibban kaatee namatti sirbiti.
4. Iddoo cite dhukkuba
5. Qunceen walgargaartee arba hiiti.

'B'
A. Kan jibbantu nama dhaala.
B. Utuu horiin hingaliin hattuun mooraa guutte
C. Akka malee ejjetanii, " Maal lafti dabaan kun " jedhu
D. Mixiin walqabattee laga ceeti.
E. Alagaa gaafa kolfaa fira gaafa golfaa
F. Suuqan malee soqanii hin argan

D. Ergaa mammaaksota armaan gadii barreeffamaan ibsi.

1. Akka baran osoo hin taane akka baraa bulan
2. Kan akka walii horii walitti oolfatti
3. Maqaa baduu manna mataan baduu wayya
4. Kan haqa qabu murtii hin dhabu.
5. Boru hin beekneen qodaan bukoo ishee sagali.

E. Akkaataa hanga ammaatti hubatteen, mammaaksii himoota kaan irraa kan adda taasisu maali?

# Barannoo 3: Barreessuu

**Gilgaala 7:** Shaakala Asoosama Gabaabaa Barreessuu

A. Akkaataa ilaalcha mataa keetiitti haala qooddattoota armaan gadii keeyyata tokko tokko barreessi dareef dhiyeessi.

   A. Abba Galaan
   B. Disaasaa
   C. Lookoo

B. Kalaqa mataa keetitiin asoosama gabaabduu tokko barreessi dareef dhiyeessi.

# Boqonnaa 18: Xalayaa Barreessuu

**Kaayyoo: Barnoota Boqonnaa kanaatiin Booda:**

- faayidaa xalayaafi akkaataa xalayaan itti barreeffamu nihimta.
- kutaalee qaama xalayaafi qabiyyee xalayaan hammatu nihimta.
- Barreeffama keessatti bakka qub-guddeessaan barbaachisuutti fayyadamta.
- tokkummaafi garaagarummaa xalayaa hojiifi firaa qabu adda baasta.
- xalayaa barreessitee daree keessatti dhiyeessita.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Barreessuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Gaaffiwwan armaan gadii gareen irratti mari'adhaati dareef gabaasaa.

1. Erga mana barumsaa seentee xalayaa dhimma keetiif yookiin firaa barreessitee beektaa ?
2. Xalayaa barreessite sana mee yaadadhu, akkamiitti jalqabdee, akkamitti xumurte? Qabiyyeen isaanii hoo?
3. Xalayaa ofii keetii ykn namootaaf gara wajjiraatti barreessitee beektaa? Yoo barreesite qaama xalayaa sanarratti maal faatu hammatame jira?
4. Mana barumsaa keetiif xalayaa barreessitee beektaa?
5. Namoonni adda addaa ykn waajjiraaleen mootummaa ykn miti mootummaa xalayaa siif barreessanii beekuu? Qabiyyeefi qaamni xalayoota kanaa maal of keessatti hammatanii jiru.

B. Gaaffiiwwan armaan gadii dhuunfaan dalagi.

1. Gaaffiiwwan armaan olii irratti mari'attan kana yoo ilaalte gosoota xalayaa kam faarratti xiyyeeffata?
2. Tokkummaafi garaagarummaa xalayaa dhunfaafi hojii/Waajjiraa tarreessi.

## 2.1 Tokkummaa

**<u>Xalayaa dhuunfaa</u>**

A ____________________
B. ____________________
C. ____________________
D ____________________
E. ____________________

**<u>Xalayaa hojii</u>**

a) ____________________
b) ____________________
c) ____________________
d) ____________________
e) ____________________

## 2.2. Garaagarummaa

**Xalayaa dhuunfaa**

A ____________________
B. ____________________
C. ____________________
D ____________________
E. ____________________

**Xalayaa hojii**

a) ____________________
b) ____________________
c) ____________________
d) ____________________
e) ____________________

## 3. Xalayaan maali ?

A. Xalayoota armaan gadii hubannoon dubbisi .

B. Fakkeenya xalayaa dhuunfaa

Kumee Irranaa
Godina Baale
Yuunivarsitii Madda Walaabuu
Baalee
Gurraandhala 15,2004

Tolosaa Qajeelaa
Godina Shawaa Kaabaa
Mana Barumsaa sad. 2ffaa
Kuyyuu

Haa gahuu nageenyi koo kabajamaa hiriyaa koo Tolasaa Daadhii ani nagaa kooti. Tollii barnoonni akkamii? Jabaadhu, atis yoo Rabbii jedhe bara dhufu Yuunivarsiitii tokko niseenta.

Tollii, ani mudannoo hedduun qaba. Dhimma barnootaa ilaalchisee, Yuunivarsitiin akka mana, barumsaa sadarkaa 2ffaa miti. Wanta baay'eedhaan adda. Moora Yuunivarsitii keessa manni kitaabaa, kaafee ( mana nyaataa), dormii, mana yaalaafi kan kana fakkaatuutu jiru. Wantoonni kun hundi barattoota tajaajiluuf kan mijataniidha. Kanaaf, jecha jireenya baay'ee namatti tola.

Haata'uu malee, waggaa jalqabaa waan ta'eef jechoonni hedduun barattoonni waggaa 2ffaa fi sana olii fayyadaman hedduun isaanii nuuf haara ture faakkeenyaaf, ' Bagtaraa', 'didi maasiccaa', firash xooxaa' fi kkf jechuun iddoofi dhimmoota biroo ibsu. Wanti guddaan baay'ee natti tole Gumii Dagagiina Afaan Oromoofi Ogbarruun jiraachuu isaati . Gumiin kun aadaa Bahaa isa liixaatiin, aadaa kaabaa isa kibbaatiin, kan hunda isaanii warra jiddugaleessa Oromiyaa wajjin walbarsiisuuf gahee olaanaa qaba. Kun aadaa, seenaa, falasama saba keenyaa guddisuufi walbarsiisuuf gahee ol aanaa qaba.

Marafuu hiriyoota keenyaa warra kaanii nagaa itti naaf himi. Barnoota keetin cimi, jabaadhu.

Nageenyi siif haata'u

Hiriyaa tee kumee.

**Gilgaala 2:** Shaakala Yeroo Dubbisuu

Gaaffiwwan armaan gadii dhunfaadhaan erga dubbiste booda, gareedhaan irratti mari'achuun deebisaa.

1. Ragaaleen xalayaa Kumee kana xalayaa dhunfaa taasisu maal faadha?
2. Yaanni dimshaashaa xalayaa kanaa maali?
3. Xalayaan kun kutaalee meeqa qaba? Bakki teesumni isaanii eessa?
4. Qaamonni xalayaa kanaa sirnaan taa'ee jiraa?
5. Itti fayyadamni sirna tuqaaleefi qubguddeessi xalayaa kana keessatti akkamitti ilaalta?
6. Ergaa dabarsuu barbaadde haala ifa ta'een dabarsitee jiraa ?
7. Kumeen yaada barbaachisoo ta'eerraa of qusattee jirtii? maaliif?
8. Walduraa duubaa yaada haalaan itti fayyadamtee jirtii?
9. Walqabsiisota hima tokkorraa gara hima biraatti, keeyyata tokkorraa gara keeyyata biraatti sirritti ceesistee itti fayyadamtee jirtii?
10. Ati osoo Tolasaa taatee deebii akkamiiti kumeef barreessita? Maal faarratti xiyyeeffatta?

Fakkeenya 2: Xalayaa hojii

| | |
|---|---|
| Biiroo Barnoota Oromiyaa | Lakk. 33/2/2011 |
| Finfinnee | Guyyaa 6/06/2011 |

Gaarii Turaa

Itti gaafatamaa

Barnoota sad. 2ffaa

Waajjira barnoota Wallaggaa Lixaa

Dhimmi : Qacarrii Ilaala

Akkuma armaan oliitti ibsamuuf yaale barattuu Galgalee Ibsaa Yuunivarsitii Jimmaa irraa gosa barmootaa Afaan Oromoofi ogbarruutiin eebbifamte, yeroo barattoonni carraa kaasan waan rakkinni ishee qunnameef waan carraa hin kaasneef, amma garuu, carraa Kaasisnee godina keessan waan ishee dhaqqabeef gargaarsa akka gootaniif kabajaan gaafanna.

Nagaa wajjin

## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun boodaa

Gaaffiwwan armaan gadii gareen irratti mari'adhaa.

1. Xalayaan hojii kun xalayaa dhuunfaarraa maaliin adda ta'a? Ibsi.
2. Xalayaa dhuunfaa keessatti chaappaan barbaachisaadha? Maaliif?

## Yaadannoo

## Xalayaa Barreessuu

Xalayaa barreessuun dhimma ogummaafi muuxannoo gaafatuudha. Gosonni xalayootaa hedduun waan jiraniif, xalayaa barreessuun isaa kana jedhanii barreessuun baay'ee rakkisaadha, wantoota xalayaa keessatti ijoo ta'an yoo akka itti barreessan yoo barame gahaadha.

Kutaawwan xalayaa

A. Teessoo: Teessoon xalayootaa kan barreeffamu jidduutti hiquun yoo ta'u, maqaa namicha ergamuufi, aanagoo, maqaa waajjiraa/dhaabbatichaa/ yoo namicha barreessituuf hin beekne iddoo duwwaa yookiin aangoo isaan qabaniin barreessuu. Fkn. Itti gaafatamaa human namaa .

B. Nagaa Gaaffii

   Kutaan kun iddoo itti kabajamaa Obbo Ebelu Jenne eegaluudha.

C. Keeyyata seensa

   Kutaa kana jalatti waan xalayaa barreessinuuf iddoo itti ibsinuudha yookiin dhimma barreessinuuf iddoo itti kaasnuudha.

D. Qaama xalayaa

   Kutaan kun seensa xalayaarratti hundaa'uun kan bal'achaa dhufuudha.

E. Xumuraa xalayaa

   Iddoo kanatti waan jechuu barbaaddu hunda iddoo itti jettee xumurtuudha

Hiriyaa koo/too

Jaalallee koo/too

Obboleessaa kee/Obboleettii tee

## Guca Xalayaa Hiriyaa

Teessoo ..........................

Guyyaa .............................

Kabajamaa /tuu

Hiriyaa kee/tee
Mallattoo

**HUB : Xalayaan hiriyaa al-idileedha**

## Dugda ykn Qola xalayaarratti Akkaataa itti barreeffamu

Maqaa nama
Barreessuu
L.S.P
Iddoo teessoo

Teembirii

Maqaa Namichaa
Ergamuufi
L.S.P
Bakka teessoo

**Gucaa Xalayaa Hojii**

Lakk.________________

Guyyaa ______________

Teessoo ______________________________________________

______________________________________________

Maqaa Nama Erguu

______________________________________________

______________________________________________

Maqaa Namichaa Ergamuuf

______________________________________________

______________________________________________

Seensa__________________________________________

Qaama__________________________________________

Xumura_________________________________________

Nagaa Wajjin

Maqaafi Mallattoo______________________________

# Barannoo 2: Barreessuu

**Gilgaala 4:** Shaakala Qubguddeessaa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii gareen irratti mari'adhaa.

1. Qub-guddeessi barreeffama keessatti gatii /faayidaa/ qabaa ?
2. Osoo qub-quddeessaaf xiyyeeffannoo kennuu baannee maaltu ta'a sitti fakkaata ?

B. Himoota armaan gadii rakkoo qubguddeessa waan qabaniif sirreessii barreessi.

1. godinni baallee iddoo hawwatan turtisitti hedduu qaba. Isaani dirree sheek huseen, sofuumar, paarkii dinshoo faadha.
2. oromoonni looga adda addaa lixatti, bahatti, kabaatti, kibbaatti jiddugaleessa Oromiyaatti haa dubbatan malee karaa salphaa ta'een waliigalu.
3. finfinneedhaa kaatee nageellee boranaa deemuuf magaalooni keessa qaxxaamurtu diikam, biishooftuu, mojoo, baatuu, shaashamannee hawaasaa alata wandoo booree adoolaa fi kkf.
4. kuusa gadoo kan barreessa gaaddisaa birruuti.
5. irreechaan Biishooturratti ummata miliyoona heddu ta'uu waggaa waggaa ji'a fulbaana keessa kabajama

**Gilgaala 5:** Shaakala Xalayaa Barreessuu

Gaaffiwwan armaan gadii haala gaafatamteen deebisi.

1. Xalayaa dhunfaa tokko barreessi dareedhaaf dhiyeessi
2. Xalayaa hojii tokko barreessi dareedhaaf dhiyeessi.
3. Mee xalayoota akka fakkeenyaatti siif kennaman kana xiinxaluun irratti mari'adhu.
4. Poostaan teessoo meeqa qaba? maalfaadha? Eessatti barreeffamu?
5. Xalayoota hiriyaa ykn maatii keetii barreeffaman fiduun xinxalii

## Yaadannoo

## Qubguddeessaa

Qubeen Afaan Oromoo bakka lamatti qoodama: Qubee guddaafi xiqqaadha. Isaan kun lamaan yeroo barreeffamaan akkasumas walmakanii odoo hin ta'iin seera barreeffamaa eeganiiti, Qubee guddaafi xiqqaa seera malee walkeessa makuun sirrii miti. Jechaa yookiin hima, akkasumas yaada tokko yeroo barreessinu, seera barreeffamaa eegnee quboota gosa lamaanuutti fayyadamna.Faayidaalee quboota guguddaa Kanneen armaan gadii faayidaalee gurguddaa qubguddeessati.

1. Maaqa dhuunfaa'

   Fkn. Boontuu, Araarsoo

2. Biiroo, manneen hojii mootummaa, waldootaa fi kkf.
   Fkn. Waldaa Qaxxaamura Diimaa
   Yuunivarsitii Haroomaayaa
3. Maqaalee biyyootaa, kutaalee biyyootaa magaalaawwan, ardiilee, laggeen, tulluuwwan, haroowwanfi kkf
   Fkn. Godina Baalee Jimmaa
   Madda Walaabuu Finfinnee
4. Maqaa afaan tokkoof kenname
   Fkn. Afaan oromoo Afaan Ingiliffa
   Afaan Amaraa Afaan Sumaalee
5. Qubee jalqabaa hima haarayaa
   Fkf. Ilmaan Hundee keessaa shamarran ciccimoodha.
6. Guyyoota torbanii, ji'oota waggaafi ayyaanota beekamoo
   Fkn. Wixataa hanga Jimaatatti ni dalaga
   Fulbaana, Amajjii, Muddee ……………
7. Jecha jalqaba mallattoo waraabbii keessa jiru. Akka Sooqoraxisiitti, " Dhalli namaa bineeleda hawaasummaan gurmaawe "

# JIBSOO

**Antima (object)** kan gochi irratti raawwatamu.

**Bamaqa (pronoun)** bakka maqaa bu'uun tajaajila maqaa kan kennu.

**Birsaga (syllable)** wal-ta'iinsa dubbifamaafi dubbachiisaa ykn dubbachiisaa qofaan ijaaramuun sagalee ykn afuura tokkoon kan dubbifamu.

**Dandeettii** dandeettii waliigalaa kan barnootaafi leenjiin ijaaramu.

**Dhamjecha (morpheme)** qaama xiqqaa afaanii hiika qabeessa ta'e.

**Durduubee /firoomsee/ (adposition)** dura ykn duuba gaalee maqaatti galuun wal-hidhiinsa inni garee jechootaa kanneen biroo waliin qabu agarsiisa.

**Fufii (affix)** akaakuu dhamjecha hirkataa ta'ee garee jechaa kan jijjiiru ykn tajaajila caaslugaa kan agarsiisu.

**Gaalee (phrase)** wal-hammannaa jechootaa kan tajaajila tokkoof dhaabatani.

**Gochibsa (adverb)** gochima dura galuun gochima, maqibsafi gochibsa biroo kan ibsu.

**Gochima (verb)** jecha haala ykn gocha raawwatame ykn raawwatamu tokko agarsiisu.

**Haala raawwii (aspect)** tajaajila caaslugaa kan haala wanti tokko itti raawwate agarsiisu.

**Hennaa (tense)** tajaajila caaslugaa kan yeroo raawwii agarsiisu.

**Hennaa Ammennaa (simple present tense)** ammennaan gocha amma raawwatamaa jiru yookiin yeroo maraa dhugaa ta'e kan agarsiisu, yookiin gara fuula duraa raawwatamuuf jedhu mul'isa.

**Hennaa Amsiiqaa (present continuous tense)** amsiqaan gocha hinraawwatamne yookiin yeroo gabaabaafis ta'ee yeroo dheeraadhaaf raawwatamaa jiran mul'isa.

**Hennaa Darbeennaa (simple past tense)** gocha yeroo darbe keessa raawwate ykn gocha yeroo darbe keessa gocha biraa dura raawwate ykn gocha yeroo darbe keessa raawwatamaa ture ibsa.

**Hennaa Keessa Tarsiiqaa (past continuous tense)** gocha yeroo darbe keessa raawwatamaa ture ibsa.

**Hennaa Murannaa (simple future tense)** murannaan, gocha gara fuul-duraa raawwatamuun isaa hinoolle, garuu yeroon itti raawwatamu kan adda bahee hinbeekkamiin, ibsa.

**Hennaan Murannaala (indefinite future tense)** murannaalaan gocha gara fuul-duraa raawwatamuu malu ibsa. Gochi muraannalaan ibsamu kun gara-fuulduraa raawwatamuu ykn raawwatamuu dhabuus nidanda'a.

**Hennaa Raawwima Ammeennaa (presentperfecttense)** gocha duraan eegalee hanga ammaatti itti fufaa jiru ykn gocha yeroo darbe keessaa raawwatee xumurame garuu bu'aan isaa amma argamu/mullatu ykn gocha yeroo darbe keessa raawwatame kan yeroo raawwiin isaa hinyaadatamne/ hinbeekamne ibsuuf tajaajila.

**Hennaa Raawwima Darbeennaa (past perfect tense)** gochoota yeroo darbe raawwataman keessaa gocha dursee raawwatame ibsa.

**Jecha diigala / tishoo / (Compound word)** jechoonni lamaafi isaa ol walitti dhufuun akka jecha tokkootti dhaabatanii hiika duraan qabanrraa hiika addaa tokko yammuu argatani.

**Maqibsa (adjective)** maqaa booda dhufuun waa'ee maqaa sanaa odeeffannnoo dabalataa kan kennu.

**Mataa gaalee(head word)** dura bu 'aa gaalee sanaa jechuudha.

**Mathima (subject)** kan gocha raawwate ykn kan waa'een isaa dubbatamu.

**Ogummaa** shaakala walirraa hincinneen (akkuma bishaan daakuufi farda gulufsiisuu faa) kan gonfatamu